

## Baafata

Seensa .....	1
Kutaa 1 – Yaadota Bu'uuraa .....	1
1.2. Guddina Daa'immanii fi Qajeeltoowwan Bu'uuraa .....	2
1.3. Amalaafi Jijjiiramoota Guddinaa Daa'imman Umrii waggaa 4-5 .....	3
Gidduu Jiran .....	3
1.4. Barsiisonni mana barnoota idileen duraa waa'ee guddisaafi barumsa daa'immanii ilaalchisee qabxiwwan ijoo hubachuu qaban .....	4
1.5. Guddinaafi Barnoota Daa'immanii Keessatti Gahee Maatii .....	6
1.6. Haala Itti Fayyadamaa Kitaabichaa .....	8
1.7. Karoora Guddisaafi Barnoota Daa'immanii .....	10
2.1. Guddinaafi Jabina Qaamaaf Kunuunsa Barbaachisu Gochuu .....	13
2.1.1. Ibsa .....	13
2.1.2. Kaayyoowwan Gooroo .....	13
2.1.3. Ga'umsotaafi bu'aawwan eegaman .....	13
Kutaa 2: Kallattiiwwan Guddinaafi Eeruuwwan Malleen Raawwii .....	13
2.1.4. Bu'aawwaniifi Ga'umsawwan Eegaman, Meeshaalee Deegarsa Banootaafi Malleen Raawwii .....	14
2.1.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	64
2.2. Haala Fudhatama Qabuun Namoota Biroo Waliin Walitti Dhufeenya Uumuu .....	66
2.2.1. Ibsa .....	66
2.2.2. Kaayyoowwan Gooroo .....	66
2.2.3. Ga'umsotaafi Bu'aawwan Eegaman .....	67
2.2.4. Ga'umsotaafi Bu'aawwan Eegaman, Meeshaalee Deegarsaafi Mala Raawwii .....	67
2.2.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	88
2.3. Afaan Sirnaan Fayyadamuu .....	89

2.3.1. Ibsa .....	89
2.3.2. Kaayyoowwan Gooroo .....	89
2.3.3. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman .....	90
2.3.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	138
2.4.1. Ibsa .....	139
2.4.2. Kaayyoowwan Gooroo .....	139
2.4. Sochii Jireenyaa Guyyuu Keessatti Yaadrimeefi Qoyyaba .....	139
Herreegaa Fayyadamuu .....	139
2.4.3. Ga'umsootaafi bu'aawwan eegaman .....	140
2.4.4. Ga'umsootaa fi bu'aawwan eegaman, eeruwwan meeshaalee deeggarsaafi mala Raawwii .....	140
2.4.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu .....	178
2.5.1. Ibsa .....	180
2.5.2. Kaayyoowwan Gooroo .....	180
2.5. Sochii Taasifamuun Naannoo Qo'achuufi Naannoon Walbaruu .....	180
2.5.3. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman .....	181
2.5.4. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman, Meeshaalee Deeggarsaafi Mala Raawwii .....	181
2.5.3. Unka daawwannaan ittiin gaggeeffamu .....	216



## **Kutaa 1 – Yaadota Bu'uuraa**

### **Seensa**

Daa'imman umriin isaanii waggaa 4-5 ta'ee oolmaa daa'immanii keessaa jiran milkaa'inaan akka guddataniifi cimaniif gargaarsi umriifi sadarkaa isaaniin walgitu taasifaamuufii qaba. Daa'imman naannoo isaanii hubachuu kan danda'an qaamota miiraa isaanii fayyadamuun waan ta'eef, sochii addaddaa taasisuudhaan akka taphataniifi naannoo isaanii sakatta'uun akka baratan gochuun barbaachisaadha. Meeshaalee naannoo isaanii jiru tuttuquudhaan maalummaa waantootaa akka hubatan, waa'ee tokkummaafi garaagarummaa waantoota addaddaa gidduu jiru akka hubatan naannoo isaanii sakatta'u, yaalii addaddaa taasisuu akka danda'an naannoo isaanii mijataa taasisuu barbaachisa. Kaayyoon oolmaa daa'immanii inni ijoon daa'imman qaamaan, jireenya hawaasummaafi sammuu ijaaruun mana barnootaa idileef qopheessuurratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.

Kitaabni deeggarsa barsiisotaa kunis kan kanaan dura qophaa'etti kan itti fufeefi daa'imman umriin isaanii waggaa 4-5 gidduu jiran barsiisanif kan qophaa'e yommuu ta'u wantoota ijoo shanan jechuunis guddina qaamaafi sochii qaamaa, gocha hawaasummaafi miiraa cimsuu, fayyadama afaanii, herregaafi naannoo ofii sakatta'uufi hubachuurratti xiyyeeffachuun daa'imman tokko tokkoon ijoo kanneenirratti ga'umsaafi bu'aa eegamu, meeshaalee deeggarsa barnootaa fi mala baruu-barsiisuu ofkeessatti hammatee jira. Daabalataanis, daa'imman muuxannoo horatanii tokko tokkoo qabxiiwaan kanneenirratti dandeetti hammam akka horatan madaaluuf kan dandeessisu uunki ittiin hordofamu haala ifa ta'een qophaa'eera. Madaallichis adeemsa daa'imman guddisuufi cimsuu keessatti barsiisonniifi maatiin gocha raawwatan keessatti wantoota hir'atan yeroon beekuu, tokkoo tokkoo daa'imaatiif xiyyeeffannoo barbaachisu kennuun akka deeggaran itti amanama.

Meeshaalee deeggarsa barnootaa ilaalchisee wantoonni eeraman qofti ga'aadha jechuu osoo hintaane barsiisonni haala qabatama naannoo isaaniin kalaqa mataa isaaniin meeshaalee deeggarsa barnootaa biroo daa'immanirra miidhaa hingeessisne qopheessuun itti fayyadamuu nidanda'u.

Malleen baruu-barsiisuu mata dureewwan jalatti eeraman ka'umsaaf kan taa'aniifi kallatti kan agarsiisan waan ta'eef, gocha adda addaa fayyadamuudhaan amala daa'immaniin akkaataa walsimatuun bal'isanii dhiyeessuun barbaachisaa ta'a.

Kitaabni deeggarsaa kun mataa isaatiin karoora waan hintaaneef, karoora sadarkaa isaa eeggate qopheessuun itti fayyadamuun nibarbaachisa. Badhaaasa ilaalchisee yaadonni taa'an barreeffamicha keessatti kan argaman yoo ta'u gochawwaniifi naamusa gaarii daa'immaan agarsiisaniif badhaasni kennamu yeroo baay'ee wantoota garagaraarraa akka salphaatti hojjatamuu kan danda'an meeshaalee taphaa, kan miidhaginaa, fakkiiwwaniifi Kanneen kana fakkaatan... akka badhaasaatti kan tajaajilan yommuu ta'u harka dhahuus ta'e afaaniin jajuu, akkasumas mataa isaanii harkaan qaqqabuun akka badhaasaatti lakkaa'amu akka danda'amus hubachuun barbaachissadha.

### ***1.2. Guddina Daa'immanii fi Qajeeltoowwan Bu'uuraa***

1. Ijoollummaan jireenya ilma namaa keessaa isaa tokkodha malee jireenya gara fuulduraatiif karaa ittiin qophaa'an qofa miti.
2. Daa'imman namummaa guutuu qabaachuufi qaamaan, sammuun, miiraafi hawaasummaan cimuu irratti jiraata.
3. Daa'imman haala qindaa'een barachuu qabu; akaakuun barnootaa isaan baratan bibittinnaa'uu hinqabu.
4. Daa'imman ofiin barachuu akka danda'an kaka'umsa keessoo akka qabaatan gochuun barbaachisaadha.
5. Daa'imman ofii isaaniin sirnaan hogganamuu akka shaakalan carraa kennuufiin barbaachisaadha.
6. Daa'imman wantoota garagaraa fudhachuuf yeroo qophaa'ummaa murteessaa ta'e qabu.
7. Daa'imman waan raawwachuu danda'aniin barumsa jalqabuu qabu malee waan raawwachuu hindandeenyeen jalqabuu hinqaban.
8. Daa'imman dandeettii kalaquufi mul'ata isaanii kan gabbifachuu danda'an haala mijaa'aa keessattidha.
9. Walitti dhufeenyi hawaasummaa (walitti dhufeenya namoota gurguddoofi hiriyoota isaanii waliin taasisan) guddina namummaa daa'immaniif baay'ee murteessaadha.
10. Barumsi qulqullina qabu xiyyeeffachuu kan qabu daa'imarratti, haala qabatamaa barumsi itti kennamuufi yaada bu'uuraa daa'imman beekuu qabaniirratti.

### **1.3. Amalaafi Jijiiramoota Guddinaa Daa'imman Umrii waggaa 4-5**

#### **Gidduu Jiran**

Daa'imman daangaa umrii kanaa keessa jiran:

- Madaala qaama isaanii haala fooyyee qabuun eeggachuu nidanda'u
- Of danda'anii gocha addaddaa raawwachuuf yaalu.
- Dandeettiiwwan sochii mul'atuufi hinmul'anne gabbifachaa deemu.
- Humna kan qaban, kan ofitti amanan, sochiidhaan si'atoo ta'aa dhufu.
- Wantoota addaddaa uumuuf yaaluun fedhiin kan irraa calaqqisuufi wantoota raawwatan hundaaf sababa dhiyeessuuf yaalii taasisu.
- Amala mataa isaaniif kan nama biroo hanga muraasa madaaluu jalqabu.
- Namootaafi wantoota isaaniin ala ta'an gadifageenyaan xiinxaluu waan jalqabaniif mataa isaanii hubachuuf yaaliin taasisan irraa mul'ata.
- Naannoo isaanii sakatta'uu jalqabu,
- Tapha ijoollee biroo ilaaluufi amala wantoota naannoo isaanii jiruu beekuu jalqabu.
- Wantoota garagaraa yommuu raawwatan sammuu isaanii keessatti kaayyoo (galma) kaa'uu jalqabu
- Karaa taphaatiin waa'ee fuulduraa karoofatu.
- Wantoota sodaachisoo abjuun isaanitti dhufan fakkeenyaaf, bulguu, dukkanaafi kanneen kana fakkaatan sodaatu.
- Namoota biroo waliin taphachuun walitti dhufeenya hawaasummaa cimaa uumuu jalqabu.
- Walitti dhufeenya ijoollee biroo waliin uumaniin miira waldorgommii gabbifachuufi haalli gaarii hintaane yoo isaan quunname miiraafi fedhii isaanii to'achuu jalqabu.
- Wantoonni addaddaa akka fedhii isaaniitti yoo hinraawwatamiin hafan miirri dhiphuufi dallansuu irraa mul'ata.
- Miira namoota biroo hubachuu jalqabu.
- Tapha gamtaan taphatamurratti hirmaachuun isaan gammachiisa.
- Waa'ee mataa isaaniifi waa'ee waan beekan tokkoo namoota birootti himuu danda'u.

#### **1.4. Barsiisonni mana barnoota idileen duraa waa'ee guddisaafi barumsa daa'immanii ilaalchisee qabxiwwan ijoo hubachuu qaban**

A) *Daa'imman Mana Barnootaa Idileen Duraa Keessa Baratan Wantoota Haaraa Uumuuf Sababoota Isaan Kakaasan:*

**Fedhiifi kaka'umsa qabaachuu:** daa'imman gaafa dhalatanirraa jalqabaniif wantoota garagaraa ilaaluu, hubachuufi beekuuf fedhii kan qaban yommuu ta'u, fedhiin isaanii kunis naannoo isaanii akka sakatta'aniifi beekan isaan kakaasa. Waan kana ta'eef barsiisonniifi maatiin mana barnootaa idileen duraa fedhiifi kaka'umsa daa'imman naannoo isaanii beekuufi hubachuuf qaban guutuufi jajjabeessuu qabu.

**Gochawwan raawwachuufi galma tokkorraa ga'uuf fedhii jiru:** Dalagaa garagaraa raawwachuufi galma tokkorra ga'uuf fedhii qabaachuun daa'immanii ofdanda'anii wantoota addaddaa raawwachuun akka shaakalan isaan taasisa. Keessumattuu gochawwan ciccimoo ta'an raawwachuurratti hirmaachuun isaanii gocha tokko haala fooyyee qabuun raawwachuufi galma tokkorra akka ga'an isaan gargaara. Kanaafuu, barsiisonniifi maatiin barnoota idileen duraa daa'imman ofdanda'anii gochawwan addaddaa akka raawwatan carraa kennuufi hordoffii taasisuun deeggaruufi jajjabeessuu qabu.

**Maatiifi barsiisota gammachiisuuf fedhii jiru:** Daa'imman waan tokko raawwachuudhaan maatiifi barsiisota isaanii gammachiisaniif isaanirraa dinqisiifannaa argachuuf yaalii taasisu. Kanaafuu, maatiifi barsiisonni waan gaarii daa'imman raawwataniif beekamtii kennuun jajjabeessuun barbaachisaadha.

**Namoota gurguddoo fakkaachuuf fedhii jiru:** Daa'imman namoota gurguddoo fakkaachuuf fedhii (hawwii) qabaachuu qofa osoo hintaane hanga danda'an hundaan isaan fakkaachuuf yaalu. Fedhii isaanii kanas guuttachuuf namoota gurguddaa akkeessuun baratu. Kanaafuu, namni guddaan naannawa daa'imni jirutti argamu tokko daa'imman sanaaf fakkeenya ta'ee argamuutu irra jiraata.

**Badhaasa argachuuf fedhii qabaachuu:** Ijoolleen badhaasa jaallachuun isaanii bifa fooyyeeffolaanaa ta'een akka barataniif isaan gargaara. Maatiin, barsiisonniifi namoonni itti gaafatamummaa qaban biroon yommuu waan gaarii xiqqoo tokko raawwatan badhaasuun jabaatanii akka barataniif amala gaarii akka horatan dadammaqsuu qabu. Akkasumas, komiifi adabbii hanga danda'ametti hir'isuufi barbaachiisa. Barsiisonnis daa'imman akka hinjeeqamne, hinyaaddofneefi hinsodaanne ofeeggannoo cimaa gochuu qabu. Sababni isaas, sodaan, yaaddoonniifi dhiphuun daa'imman haalaan akka hinbaranne isaan taasisa.

***B) Daa'imman Umrii Mana Barnootaa Idileen Duraa Haala Itti Barachuu Danda'an***

Daa'imman yeroo kanatti nibaratu jechuun rakkisaa ta'ullee haalonni armaan gadii yoo mijatan barachuu danda'u:

**Yoo gammachuu qabaatan:** Daa'imman dalaga garagaraa raawwachuun shaakaluun barachuufi bu'a qabeeyyii ta'uu kan danda'an yoo gammachuu qabaataniidha. Kanaafuu, manattis ta'e oolmaa daa'immanii keessatti jaalala, kunuunsaafi naannoo gammachuu kennu uumuudhaan daa'imman gammadoo ta'anii haala gaariin barachuu akka danda'an gochuutu barbaachisa.

**Yoo fedhii qabaatan:** Daa'imman waan tokko barachuu kan danda'an barachuuf, waa beekuuf fedhii yoo qabaataniidha. Yeroo hunda daa'imman waan isaan gammachiisu yoo argatan haala fooyyee qabuun baratu. Kanaafuu, gochi kamiyyuu daa'imman akka shaakalaniif dhiyaatu gammachiisaa, kan jijjiiramuu, akkaasumas daa'imman haalaan kan madaaluufi fedhii barachuufi waa beekuu isaanii kan dabaluu ta'uutu irra jiraata.

**Qophaa'ummaan yoo jiraate:** Daa'imman waan hundaa yeroo tokkotti barachuu hindanda'an. Sababni isaa, sadarkaan guddinaa isaan irra jiran wantoota addaddaa barachuufi raawwachuuf qophaa'ummaa isaan qabantuu murteessa. Yeroo baay'ee namoonni gurguddoon wantoota daa'imman barachuufi beekuuf qophaa'ummaa hinqabnerratti akka barataniifi akka beekaniif dhiibbaa irratti godhu. Kun immoo daa'imman akka dhiphatan, akka nuffaniifi akka jibban taasisuun cinatti adeemsa barumsa isaanii gara fuulduraarratti gufuu ta'a. Dabalataanis, wanti xiyyeeffannoo argachuu qabu saffisni tokkoon tokkoon daa'ima itti baratu garagara ta'uu isaati.

***C) Karaa Daa'imman mana Barnootaa Idileen Duraa Keessa Jiran Waan Haaraa Itti Barachuu Danda'an***

**Gochaan:** Daa'imman ilaaluufi dhaggeeffachuun barachuurra karaan filatamaan gochaan barachuudha. Daa'imman yeroo dheeraaf dhaggeeffachaa barachuun isaanitti ulfaata. Haata'u malee, gochoota addaddaa raawwachaa dammaqinaan barachuu danda'u.

**Qaqqabuu/Tuttuquu) fi sakatta'uun:** Daa'imman naannoo isaanii akka sakatta'an carraan kennamuufii qaba, Daa'imman qaama miiraa (qaqqabachuun , dhandhamuun, dhaggeeffachuu kanneen kana fakkaatan. . . ) fayyadamuun waan isaan muudachuu danda'u beekuuf yaalii taasisu, bu'aan isaa gaarii yoo ta'e irra deebi'anii hojjatu; yoo ta'uu baate garuu dhiisuu filatu. Haala kanaan, daa'imman sakatta'uun meeshaaleen akkamitti akka hojjatamaniifi itti aansuun maal akka ta'u akka hubatan gargaara.

**Gaaffii gaafachuun:** Dhaggeeffachuufi dubbachuudhaan fedhiifi kaka'umsa daa'imman waa beekuuf qaban gaaffiiwwan baay'ee akka gaafatan kan godhu yoo ta'u deebii isaa utuma



beekanii mirkaneeffachuuf nigaafatu. Maatiifi barsiisonni daa'imman dhaggeeffachuufi gaaffii isaaniif yeroon deebii sirrii kennuun fedhii barachuufi waa qorachuu daa'immanii kakaasuufi dadammaqsuu qabu.

**Ilaaluudhaan/Fakkeenya Godhachuun (modelling):** Daa'imman namoota gurguddoofi hangafoota isaanii ilaaluun irraa baratu. Akka namoota gurguddootti hojjechuufi dubbachuuf yaalii gochuu jaallatu. Daa'imman namoota gurguddoo ilaalu qofa osoo hintaane, gahee namoota gurguddoo fudhachuudhaan taphachuuf yaalii godhu. Waan ta'eef, maatiin daa'immanii, barsiisonniifi namoonni daa'immaniin walitti dhufeenya qaban hundi daa'immaniif fakkeenya gaarii ta'uu qabu.

**Yaaluun, Si'oomuufi Shaakaluudhaan:** Daa'imman waan tokko raawwachuuf karaa fooyya'aa ta'e hanga argataniifi hanga raawwachuu dandaanitti irra deddeebi'anii yaaluudhaan, kaka'uudhaan akkasumas shaakaluudhaan baratu. Keessumattuu gocha daa'imman hiriyyoota isaanii ta'an raawwatan isaanis raawwachuuf nuffii malee irra deddeebi'anii yaalu. Wanti daa'imman daangaa umrii kana keessa jiran gammachiisu keessaa tokko gocha hindanda'amu jedhanii yaadan tokko raawwachuu danda'uufi hiriyyoota isaaniirra fooyya'anii argamuudha. Waan ta'eef, maatiifi barsiisonni daa'imman ofdanda'anii waan tokko raawwachuu akka shaakalan jajjabeessuu qabu.

### ***1.5. Guddinaafi Barnoota Daa'immanii Keessatti Gahee Maatii***

Maatiin guddina qaamaa, sammuu, miira, currisaafi hawaasummaa daa'immaniitiif shoora jalqabaa kan qaban cinatti barsiisota daa'immanii warra jalqabaafi jireenya daa'immanii gara fuulduraatiif shoora guddaa kanneen qabaniidha. Barsiisonni mana barnoota idileen duraa daa'imman kunuunsuufi barsiisuun barnoota idileef hanguma fedhanillee itti gaafatamummaa olaanaa kan qaban ta'anillee, itti gaafatamummaa isaanii seeraan bahuu kan danda'an yoo warri/maatiin daa'immanii isaan wajjiin hojjatan ta'uun isaa ifaadha.

Qorannoon addaddaa akkuma agarsiisu warris ta'an guddistoonni daa'immanii barsiisota mana barnootaa idileen duraa wajjiin walta'iinsa uumuun sochii daa'immanii guyyuu keessatti kan hirmaatan yoo ta'e qaamni sadanuu (daa'imman, maatiifi barsiisonni) fayyadamtoota akka ta'an mul'isa.

Maatiin/warri barsiisota mana barnootaa idileen duraa wajjiin walta'iinsaan yoo hojjatan daa'imman mana barnootaa keessatti qofa osoo hintaane jireenya isaanii gara fuulduraa keessattis bu'a qabeeyyii ta'u; ofitti amanamummaa, ilaalcha gaarii ofiif qabaatu; amala gaariis nigabbifatu. Akkasumas, muuxannoo hawaasummaa gaarii qabaachuun gammadoo ta'u. Maatiinis sagantaa mana barnootaa wajjiin hanga tokko walbaraa dhufu. Maatii

daa'immanii biroo waliinis muuxannoo waljijjiiru. Yeroo guddina daa'immanii murteessaa ta'e keessatti deeggarsa taasisuu isaaniif gammachuun itti dhaga'ama. Akkasumas, guddina daa'imman isaaniif hanga humni isaanii danda'e waan barbaachisu gochuufi yoo rakkoon uumamullee dafanii yeroodhaan furmaata/ fala barbaaduuf carraa ni argatu.

Barsiisonni mana barnoota idileen duraas maatiin guddisaafi barnoota daa'immanii keessatti cinaa isaanii dhaabbachuun harka walqabataniin kan hojjatan yoo ta'e hojii isaaniitti bu'a qabeeyyiifi gammadoo ta'u. Waa'ee guddinaafi barnootaa daa'immanii ilaalchisee odeeffannoo argachuu nidanda'u. Akkasumas, maatii hirmaachisuu isaaniin deeggarsa yaadaa, beekumsaa, humnaafi meeshaa argachuu danda'u.

Kanaafuu, maatiin yeroo daa'immanii qaaliifi deebi'ee hinargamne kana seeraan itti fayyadamuuf barsiisota mana barnootaa idileen duraa wajjiin walitti dhufeenya gaarii uumuun sochii guyyuu daa'immanii keessatti dammaqinaan hirmaachuutu irraa eegama.

Barsiisonnis maatiin/ warri sagantaa guddisaafi barnoota daa'immanii irratti hirmaannaa akka taasisan jajjabeessuuf tooftaalee armaan gadii yoo fayyadaman caalaatti bu'a qabeeyyii ta'uu danda'u:

- Maatiin adeemsa barachuu ijoollee isaaniirratti akka hirmaataniifi ijoolleen isaanii mana barnootaa keessatti barattoota qaxalee akka ta'aniif fedhii isaan qaban hubachuu
- Sagantaa maatii deeggaruufi adeemsa barachuu daa'immanii hubachuu ittiin danda'an wixineeessuufi raawwachuu
- Sagantaa dhaabbataa maatii waliin walargan qabaachuu/sa'aatii itti daa'imman simataniifi gara manaatti gaggeessan, dabbara walquunnatii (communication book), bilbilaafi kanneen kana fakkaatan.... /
- Tooftaalee addaddaa hubannoo ittiin uumaniifi ittiin dadammaqsan bocuu (marii garee adeemsisuu, leenjii gaggabaaboo qopheessuun....
- Maatiin sochii daa'imman guyyuun taasisan keessatti hirmaattota akka ta'an jajjabeessuu, /yeroo boqonnaa daa'imman taphachiisuun, sheekkoo itti himuun, yeroo sigigaachoo gargaaru....
- Maatiin guyyaa guyyaan daa'imman isaanii waliin walitti dhufeenya qabaniin waan baratan akka mariyatan gochuun....
- Jijjiirama amalaafi guddinaa guyyaa guyyaan daa'immanirratti mul'atu akka hordofan gochuun

Sagantaalee addaddaa mana barnootaa idileen duraa keessatti daa'imman qajeelchuun kan hirmaatan barsiisota yoo ta'anillee akkuma armaan olitti ibsame gaheen maatii olaanaadha.

Kanaafuu, qabxiwwan armaan olitti eeramanitti dabalataan daa'imman yommuu manatti galan waan baratan, akka itti oolan akka isaanitti himan hojii xixiqqoo maatii waliin akka hojjatan gochuun akka barbaachisummaa isaattis yeroo dhimma daa'imman isaanirratti mariyatan mijeessuun waa'ee guddina daa'immanii isaaniirratti akka mariyatan gochuuf kallattii sirrii ta'e kaa'uun barbaachisaadha.

### **1.6. Haala Itti Fayyadamaa Kitaabichaa**

Kitaaba deeggarsaa kana keessatti matadureewwan kanneen akka *bu'aawwan eegaman*, *ga'umsoota*, *meeshaalee deeggarsaafi malleen raawwii* xiyyeeffannoo akka argataniif gurraacheffamanii barreeffamanii jiru. Hiikni gaaleewwan kanneenii barsiisota barnoota idilee duraa barsiisan biratti beekamuu qabu; hiikni isaaniis armaan gaditti ibsamee jira:

#### **Mallattoowwan**

#### **Gaaleewwan fayyadamtoonni beekuu qaban**



**Bu'aawwan eegaman:** Daa'imman sadarkaalee ga'umsaa eegamanirra yommuu ga'an jijjiiramoota amalaa isaanirratti mul'achuu qabanidha.



**Ga'umsoota:** Daa'imman dalagaalee garagaraa raawwachuun sadarkaalee ga'umsaa irra ga'uu qaban kan agarsiisudha.



**Gocha:** Gochawwan wayitii tokko keessatti raawwatamuuf karoofamanii raawwatamuu danda'an akka gaaleetti yookiin jechaatti taa'edha. Gochaaleen kunniinis wayitii tokko keessatti akka raawwatamaniif yaadamanii kan qophaa'aniifi walitti fufiinsa kan qaban yoo ta'u akka barbaachisummaa isaaniitti irra deddeebi'amuufi wayitii tokkoo ol keessatti raawwatamuu nidanda'u.



**Kaayyoo:** Kaayyoo jechuun gochaaleen erga raawwatamanii yookiin wayitiin barnootaa tokko erga raawwateen booda galmawwan daa'imman irra ga'uu qaban ilaallata. Barannoo tokkoofis akka kaayyoo ta'ee tajaajiluu nidanda'a.



**Eeruu meeshaalee deeggarsa barnootaa:** Daa'imman ga'umsa barbaadamurra akka ga'an gochaalee raawwataman deeggaruuf kanneen faayidaarra ooluu qabaniifi meeshaalee deeggarsa taasisuu danda'an kan ilaallatudha. Meeshaaleen kunniin haala qabatamaa naannoo, haala hojii raawwatamuu, haala umrii daa'immaniirratti hundaa'uun garagara ta'uu nidanda'a. Kanaan cinatti qabxiwwan barsiisotaan beekamuu qaban

**Mallattoowwan**

**Gaaleewwan fayyadamtoonni beekuu qaban**

barsiisonni wantoota barreeffama kana keessatti tarreeffaman qofa osoo hintaane meeshaalee biroo matadurichaan walitti dhufeenya qaban fayyadamuu nidanda'u.



**Eeruu mala raawwii:** Yaadonniifi gochaaleen gaalee kana jala jiran akka eeruutti barsiisotaaf kan taa'an yoo ta'u hojiirra oolchuuf barsiisonni karoorra qopheeffachuun miira daa'immanii walitti qabuufi karaa ittiin mataduree wayitii sanaa ittiin dabarsan akkasumas, dhumarratti mala ittiin guduunfaniifi kan biroo itti dabaluu fayyadamuun nibarbaachisa.



**Madaallii:** Daa'imman tokkoo tokkoo ga'umsaa jalatti gochaalee taa'an raawwachuufi raawwachuu dhiisuu isaanii meeshaa ittiin gamaggamanidha.


**Unkaa daawwannaa ittiin gaggeessan:** Kitaaba deeggarsaa kana keessatti dhuma kallattiiwwan dagaaginaa yookiin dhuma matadureewwaniirratti unki daawwannaa ittiin gaggeessan taa'ee jira. Unki kun waggaa keessatti yeroo sadii (jalqaba waggaa, walakkaa waggaa fi dhuma waggarratti) guutamuu qaba. Ta'us, daa'imman sagantaa barnoota idileen duraarratti argaman kan madaalaman madaallii walitti fufaan ta'ee madaalliin guyyaa guyyaan, torban torbaniifi dhuma ji'aarratti gaggeeffamuu qaba. Madaalliin walitti fufaan mana barnootaa idileen duraa keessatti gaggeeffamu jijjiiramoota guddina qaamaa, sammuu, hawaasummaafi currisaa yeroo yeroon daa'immanirratti mul'atu hordofuun madaaluudha malee madaallii qorumsa waraqaan akka hintaane maatiinis ta'e barsiisonni hubachuun baay'ee barbaachisaadha.

Kitaaba deeggarsa kana keessatti unki madaalli dhuma tokkoo tokkoo matadureerratti taa'e kan guduunfaa ta'uu isaa barsiisonni hubachuudhaan jijjiirama guddinaafi dagaaginaa daa'immanii yeroo yeroon hordofuufi madaalaa kan qaban yommuu ta'u dabalataanis saamuda madaallii dabaleerra taa'eefi eeruwwan madaallii siilabasii barnootarra taa'e fayyadamuun nidanda'ama.

**Faaruuwwaniifi sheekkoowwan:** tokkoo tokkoo gochaa jalatti faaruwwaniifi sheekkoowwan eeraman dhuma kitaabaa kanarratti muraasni isaanii dabalee ta'uun dhiyaatnii jiru.

### 1.7. Karoora Guddisaafi Barnoota Daa'immanii

Mana barnootaa idileen duraa keessatti hojii waa'ee guddisaafi barnoota daa'immaniirratti karoora akaakuu sadiitu karoorfama. Isaanis, karoora waggaa, kan ji'aafi kan guyyaati. Karoora guyyaa wajjiin akka dabalee ta'ee karoorri barannoo guyyaa (daily lesson plan) niqophaa'a.



Gucni karoora guyyaa itti qopheessan kutaa afur kan qaban ta'ee kan jalqabaa sa'aatii, kan lammaffaa qabiyyee hojii guyyichaa, sadaffaan adeemsa hojichaa, afraffaan sirrachuu kan qaban jechuunis adeemsa raawwii keessatti wantoota mudataniifi sirrachuu qaban kan irratti eeramaniidha. Karoorri guyyaa guyyaan maaltu hojjatamuu akka qabu, kan karoorfames akkamitti akka hojjatameefi daa'immanirrattis jijjiiramni akkamii akka dhufe, rakkoon battalatti hinhiikamiin hafe yoo jiraate gara fuulduraatti akka sirratuuf haalli akka mijatuuf kan eeru waan ta'eef guyyaa guyyaadhaan jijjiirama daa'immanirratti mul'atu hordofuufi rakkoo isaanii hiikaa deemuuf waan fayyaduuf barbaachisaadha.

**Karoora barannoo:** Inni kunis karoora barannoo jedhamee kan beekamu yommuu ta'u sagantaalee gurguddoo guyyaa guyyaan raawwatamaniif kan qophaa'udha. Qophiin isaan

guddinaafi barumsa daa'immaniirratti kan hundaa'uufi qabxiiwwan barbaachisoo ta'an tokko tokkoon kan eeru ta'uu qaba.

**Guca Qophiin Karoora Barannoo Itti Qophaa'u**

Guyyaa			
Garee			
Sagantaa			
Kallattii Dagaaginaa (Yaada bu'uuraa)			
Ga'umsa			
Mataduree			
Kaayyoo: Daa'imman barumsa/tapha kana booda:			
1. _____			
2. _____			
3. _____			
Meeshaa deeggarsa barnootaa			
Mala baruu barsiisuu			
Tarreeffama adeemsa sagantichaa			
Gocha barsiisaa/tuu		Yeroo	Gocha daa'immanii

Guyyaan, gareen, murnaafi matadureen kan fudhatamu karoora guyyaarraa yommuu ta'u karoorri wayitii barnootaa /barannoo (lesson plan) kan qophaa'u umrii kamiif akka qophaa'e akka beekamuufiidha.

**Gahumsa:** Gahumsi kan fudhatamu karoora waggaarraa yommuu ta'u sadarkaa jijjiiramaa daa'imni tokko irra gahuu qabu kan agarsiisudha.

**Kaayyoo:** Wayitii tokko keessatti daa'imman hirmaachisuun erga raawwatamee booda jijjiirama daa'immanirratti mul'atu kan agarsiisu yommuu ta'u kaayyoon wayita qophaa'u wayitii tokko keessatti raawwatamuu akka danda'anitti ilaalcha keessa galuun qophaa'uu qaba. Mataduree waliin deemuufi dhiisuu isaa xiyyeeffannaa itti kennuufi humna daa'immaniin raawwatamuu kan danda'an, haala qabatama naannoon walsimsiisuun raawwatamuu kan danda'u, madaalamuu kan danda'uufi sirruummaafi ifaa ta'uu isaanii ilaalcha keessa galchuun qophaa'uu qabu. Yommuu karoorarra taa'anis tarree lakkoofsaan adda ba'anii yoo taa'aniifi osoo baay'achuu baatanii raawwiif mijatoo ta'u.

**Meeshaalee deeggarsaa:** Meeshaaleen deeggarsaa mataduricha sadarkaa guddina daa'immaniin kan walsimuufi daa'imman kan hirmaachisan, kan bashannansiisaniifi gammachiisan akka ta'an matadureewwan filannu haala qabatama naannootiin meeshaalee bifa salphaa ta'een naannoorraa qophaa'an yoo ta'an filatamaadha.

**Malleen baruu-barsiisuu:** Tooftaaleen kaayyoowwan milkeessuuf itti fayyadamnu yommuu ta'an kan filatamanis umriifi sadarkaa daa'immanii, kaayyoofi mataduree wayitichaan kan walsime ta'uu qaba. Malleen karoora wayitii barnootaa yommuu barreeffaman haala ifa ta'een akkamitti akka fayyadamnu yoo eerame nama barnooticha dhiyeessuuf baay'ee gaariidha.

Adeemsa tarreeffama sagantichaa: Sagantichi akkamitti akka jalqabamu, kaayyoowwan akkamitti akka raawwataman, sagantichi akkamitti akka gudunfamuufi gocha barsiisotaafi daa'immanii yeroo fudhatu kana keessatti kan barreeffamu ta'a.

Daa'imman barattoota osoo hintaane jireenya barattoota ta'uuf kan qophaa'an ta'uun isaa nibeekama. Sagantaan kamiyyuu gocha waa beekuu daa'immanii kan dadammaqsu, odeeffannoo kan qabsiisuufi ogummaa kan shaakalsiisu ta'uu qaba. Kana raawwachuun kan danda'amu karooraan waan ta'eef, hojicha haalaan raawwachuuf karooraaf xiyyeeffannoo guddaa kennuufii qabna.

## **Kutaa 2: Kallattiiwwan Guddinaafi Eeruuwwan Malleen Raawwii**

### **2.1. Guddinaafi Jabina Qaamaaf Kunuunsa Barbaachisu Gochuu**

#### **2.1.1. Ibsa**

Guddinni qaamaa guddina daa'imman agarsiisan keessaa tokko yommuu ta'u haala sirrii ta'een akka guddatuufi jijjiirama agarsiisuun gulantaa guddinaa itti aanuuf qophaa'aa akka ta'u gochuun barbaachisaadha. Kana gochuun kan danda'amu sadarkaa irra ga'an sana cimsuun gulantaa itti aanurra akka ga'aniif deeggarsa gochuudha. Dagaaginni qaamaa kallattiiwwan dagaaginaa biroo waliinis kan wal qabate waan ta'eef, adeemsaalee guddina birootiifis xiyyeeffannoo gochuun akka irra jiraatu dagatamuu hinqabu.

Gabbinni qaamaa fayyaa kutaawwan qaamaa eeguufi kunuunsuu waliin kan walqabateedha. Kunis, kunuunsa qaamaaf guyyuun taasifamu waliin walitti hidhamiinsa qaba. Daa'imni tokko erga ofbeekee waa'ee ofii hubachuu eegaluu haala fooyyee qabuun of eeguu, kanneen biroo waliin walitti dhufeenya uumuu eegaluu danda'a. Kanaafuu, kanneen guddina qaamaa jalatti hammataman bu'aafi ga'umsa eegamurra akka ga'u, daa'imman dandeettii ofeeguu akka horatanirratti deeggaruurratti kan xiyyeeffate ta'a.

#### **2.1.2. Kaayyoowwan Gooroo**

- Daa'imman sadarkaa isaaniitin ofhubachuu, ofibsuu, daa'imman kanneen biroo waliin walitti dhufeenya uumuu akka cimsatan gochuuf,
- Dandeettii kutaalee qaama isaanii adda baasuu, waamuufi dalagaa kutaalee qaama isaanii dubbachuu akka horatan gochuuf,
- Qaamolee miiraafi kutaawwan qaama isaanii kunuunsuufi haalaan akka itti fayyadaman dandeessisuuf.

#### **2.1.3. Ga'umsotaafi bu'aawwan eegaman**

1. Miira ofhubachuu, ofitti amanuufi ofkabajuu qabaachuu

1.1. Of ibsuu nidanda'u.

1.2. Hunda waliin, dhiibbaa tokko malee, walitti dhufeenya uumuu nidanda'u.



2. Kutaalee qaamaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu
  - 2.1. Maqaa kutaalee qaamaa isaanii waamuu nidanda'a
  - 2.2. Dalagawwan kutaaleen qaamaa addaddaa raawwatan himuu nidanda'u
3. Ija kunuunsuu
  - 1.1. Ija isaanii of eeggannoon qabachuufi kunuunsuu nidanda'u
4. Gurra kunuunsuu
  - 4.1. Gurra isaanii ofeeggannoon qabachuufi kunuunsuu nidanda'u
5. Qaama miiraa ittiin fuunfatan eeguufi funyaan kunuunsuu
  - 5.1. Fuunfachuudhaan fooliiwwan garagaraa adda baasuu nidanda'u
6. Qaama miiraa ittiin dhandhaman eeguufi afaan kunuunsuu
  - 6.1. Dhandhama soorataa adda baasuu nidanda'a
  - 6.2. Qulqullina afaan isaanii ni eeggatan
7. Qaqqabuun/tuttuquun wantootaafi haalawwan ibsuu
  - 7.1. Amala wantootaa, bocaafi hanga ho'inaa adda baasuu nidanda'u
8. Fayya ofii eeguufi sirna ittiin ofeegan shaakaluu
  - 8.1. Seera nyaataa nishaakalu
9. Qaama ofeeggannoon qabachuuf kunuunsuu
  - 9.1. Qaama isaanii eeguufi kunuunsuu nidanda'u
10. Qaama isaaniitti fayyadamuu
  - 10.1. Kutaalee qaama isaaniitiin sochiiwwan barbaachisu gochuu nidanda'u
11. Wantaoota naannoo jiran ibsu
  - 11.1. Wantoota uumamaafi namtolchee ta'an dinqiisiifachuufi of eeggannoon qabachuu nidanda'u.

**2.1.4. Bu'aawwaniifi Ga'umsawwan Eegaman, Meeshaalee Deegarsa Banootaafi Malleen Raawwii**

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
1. Miira ofii hubachuu, ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu	1.1. Of ibsuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** of beeksisuu



**Kaayyoo:** Mataa isaanii namoota birootti of nibeeksisu.



**Meeshalee deegarsa barnootaa:** suuraa daa'immanii, waraqaa adii guddaa, waraqaa abbaa halluu, kollaa....



**Mala raawwii:**

- Waraqaa adii guddaarratti suuraawwan xixiqqaa daa'imman kutaa sanaa walirraa siiqsuun maxxansuu
- Suurawwan jalatti maqaa isaaniiif bara dhalootaa isaanii barreessuun maxxansuu
- Maqaa kee, teessoofi fedhii dhuunfaa kee itti himuu
- Daa'imman hundi dabareen ka'uun suuraa isaanii waraqaarratti maxxanfame agarsiisaa maqaa isaanii, teessoo isaanii, guyyaa dhalootaa isaanii, fedhii dhuunfaa isaaniiif waan raawwachuu danda'an akka dubbatan carraa kennuun jajjabeessuu.



**Madaallii:** Maqaa, teessoo, guyyaa dhalootaafi fedhii dhuunfaa isaanii dubbachuun of beeksisuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Of ibsuu



**Kaayyoo:** Guyyaa dhalootaa isaanii waliin kabajuun of ibsuu shaakalu



**Meeshaalee deegarsa barnootaa:** Waraqaa adii guddaa, waraqaawwan abbaa halluu, kaardiwwan eebbaa kan guyyaa dhalootaa, kollaafi kanneen kana fakkaatan.....



**Mala raawwii:**

- Daa'imman baatii tokko keessatti dhalataniif dhuma baatiirratti tokkummaan guyyaa dhalootaa kabajuu

**Fakkeenyaaf:** Ji'a Fulbaanaa keessa guyyaa addaddaatti kanneen dhalatan yoo jiraatan dhuma ji'a Fulbaanaatti tokkummaan kabajuu

- Daa'imman guyyaa dhalootaa isaanii ta'eef kaardiifi koofiyaa бага ittiin isin gahee ibsu, wantoota daree faayan daa'imman waliin ta'uun akkamitti akka qophaa'u itti agarsiisuun qopheessu

- Daa'imman ayyaana guyyaa dhalootaa isaanii kabajatan waa'ee mataa isaanii akka dubbatan jajjabeessuu

**Yaadannoo:** Yommuu guyyaa dhalootaa isaanii kabajatan hamma danda'ametti ijoolleen hundii akka itti hirmaatan dursanii maatiitti himuu



**Madaallii:** Guyyaa dhalootaa isaanii waliin yommuu kabajatan of ibsuu shaakaluu danda'uu isaanii hordofaa.

Bu'aa of ibsuu	Ga'umsa
1. Ofhubachuu, miira ofitti amanamummaafi ofkabajuu qabaachuu	1.2.Namoota biroo waliin dhiibbaa malee walitti dhufeenya uumuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Seera haasawaa barachuu



**Kaayyoo:** Guyyaa boqonnaa isaanii akkamiitti akka dabarsan hiriyyoota isaaniitti yommuu himan seera haasawaa nishaakalu.




**Mala raawwii:**

- Barsiisaan/tuun guyyaa boqonnaa ofii akkammittiifi eenyu waliin akka dabarse/te gabaabsee daa'immaniitti himuu
- Gaafa Wixataa ganama guyyaa Sanbataafi Dilbataa akkamitti akka dabarsan fuuldura hiriyyoota isaaniitti ba'anii akka dubbatan gochuu
- Yommuu dubbatan mataa hoqqachuun, quba ofii afaan keessa kaawwachuufi kanneen kana fakkaatan... amaloota hinbarbaachifne ta'uu dura hubachisuu
- Wayita dubbatan bakka isaan dhibetti fuulcha kennuun jajjabeessuu.



**Madaallii:** Guyyoota boqonnaa isaanii akkamiin akka dabarsan hiriyyoota isaaniitti yommuu himan seera haasawaa eeganii dubbachuu isaanii xiyyeeffannaa itti kennuun dhaggeeffachuufi ilaaluun madaalaa.

**Goacha lama:** Fakkaatanii tapha taphachuu

 **Kaayyoo:** Gahee taphachuu filatanii hirmaachuun miira ofitti amanamummaafi of kabajuu nidagaagfaatu.


 **Meeshaalee deeggarsa barnootaa:** Meeshaalee golee gahee taphachuutti argaman


 **Mala raawwii:**

- Tapha gahee taphachuu goleewwan taphaatti dursanii qindeessuun qoqqooduu **Fakkeenyaaf**, Maatii, suuqii, kiliniika fi Kanneen kana fakkaatan...
- Taphaafi bakka filatanitti gahee fedhan filatanii fudhachuun akka taphatan gaochuu
- Yommuu taphatan haala taphicha hinjeeqneen hordoffii taasisuu
- Yoo barbachisaa ta'ee argame tapha tokko keessatti miseensa ta'uudhaaan keessatti hirmaachuun taphicha sirreessuu

**Madaallii:** Adeemsa gahee taphachuuf xiyyeeffannaa itti kennuun hordofuun miira ofitti amanamummaafi of kabajuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Namoota biroo waliin bilisummaan taphachuu

 **Kaayyoo:** Daa'imman biroo waliin bilisummaan taphachuun miira ofitti amanamummaafi ofkabjuu nigabbifatu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** tapha rifeensa eegee buqqisuuf akka eegeetti kan fayyadu huccuu yookiin baala kichuu.

 **Mala raawwii:**

- Daa'imman dareen alatti gadi baasuu;
- Gareen ta'uun tapha "Obbo Warabuufi Illuu" jedhu taphachiisuu;
- Harka walqabachuun sochii qaamaan qindeessuun akka faarfatan gochuu;



**Madaallii** Daa'imman biroo waliin bilisummaan taphachuun miira ofitti amanamummaafi ofkabajuu horachuu jalqabuu isaanii yeroo isaan taphatan madaalaa.

**Gocha Afur:** Hibboo gaafachuu



**Kaayyoo:** Sodaa tokko malee hiriyoota isaanii waliin hibboo walgaafachuun nitaphatu.



**Mala raawwii:**

- Barsiisaan/tuun daa'ima hibboo taphachuuf fedhii qabu tokko affeeruun barsiisaa/tuu waliin hibboo akka taphatu affeeruu;
- Itti aansuunis, daa'imman fedhii qaban lama kaasuun akkaatuma ilaalaniin sodaa tokko malee akka taphatan gochuu;

**Madaallii:** Daa'imman sodaa tokko malee hiriyoota isaanii waliin hibboo walgaafachaa taphachuu isaanii ilaaluun madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Kutaalee qaamaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu	2.1. Kutaalee qaamaa isaanii waamuu nidanda'u

**Gocha Tokko:** Kutaalee qaamaa adda baasuu



**Kaayyoo:** kutaalee qaamaa isaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsa:** fakkii kutaalee qaamaa isaanii agarsiisu



**Mala raawwii:**

- Fakkii namaa gidaara/dhaaba manaarratti fannisuun daa'immaan maal akka ilaalan gaafachuu;
- Kutaalee qaamaa fakkiirratti argan kutaa qaama isaanii wajjiin akka walitti firoomsan gochuu; **Fakkeenya:** kun maali? Isin wanta akkanaa qabduu? Mee agarsiisaafi Kanneen kana fakkaatan ... jechuun gaaffiiwwan garagaraa gaafachuu;



**Madaallii:** Kutaalee qaamaa isaanii adda baafachuu gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Lama:** Kutaalee qaamaa waamuu



**Kaayyoo:** Kutaalee qaamaa isaanii fakkii kaasanirraa adda baasanii niwaamu.



**Meeshalee deeggarsa barnootaa:** waraqaa, qubeessaafi qubeessaa abbaa halluu,



**Mala raawwii:**

- Fakkii namaa akka kaasaniif waraqaa, qubeessaafi qubeessaa abbaa halluu kennuufii;
- Fakkii isaan kaasan dinqisiifachuu;
- Halluu akka diban gochuu;
- Fakkii kaasanirratti kutaalee qaamaa agarsiisaa maqaa akka dhahan jajjabeessuu;



**Madaallii:** fakkii kaasanirraa kutaalee qaamaa adda baasanii waamuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Sadii:** Pazilii kutaalee qaamaa walqabsiisuu



**Kaayyoo:** Pazilii kutaalee qaamaa walqabsiisu.




**Meeshaalee deeggaarsaa:** pazilii kutaalee qaamaa



**Mala raawwii:**

- Pazilii akkamitti akka walqabsiisan iitti agarsiisuu;
- Daa'imman hundaaf paziloota kennuu;
- Akka walqabsiisan gochuuf taphachiisuu;





**Madaallii:** Pazilii kutaalee qaamaa walqabsiisuu danda'uu isaai mirkaneeffadhaa.

**Gocha Afur:** Moodeela kutaalee qaamaa hojjachuu



**Kaayyoo:** Moodeela kutaalee qaama hojjachuun maal jedhamee akka waamamu nihimu.



**Meeshaalee deeggarsa:** dhoqqee, waraqaa bukeeffame



**Mala raawwii:**

- Dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffamerraa moodeeliin namaa akkamitti akka hojjatamu duraa duubaan agarsiisuu;
- Akka hojjatan qajeelchuufi deeggaruu;
- Waan daa'imman hojjatan dinqisiifachuu;
- Moodeela hojjatanirraa kutaalee qaamaa akka agarsiisaniifi himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Moodeela kutaalee qaamaa hojjachuun maal jedhamee akka waamamu himuu danda'u isaanii madaalaa.

**Gocha Shan:** Faaruu kutaalee qaamaa faarfachuu



**Kaayyoo:** faaruu kutaalee qaamaa faarfachuudhaan kutaalee qaamaa isaanii adda baasanii niwaamu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaassetta/kitaaba faaruu



**Mala raawwii:**

- Faaruuwwan waa'ee kutaalee qaamaa ibsan faarsisiisuu;
- Yommuu faarsan kutaa qaamaa faarsan sana tuttuquu isaanii hordofaa; **Fakkeenya:** faaruu qaama miiraa, dhumarrattis miila qaba nan deema , harkan qaba nan qaqqaba. . . kan jedhu itti dabaluun faarfachiisuu;



**Madaalli:** faaruu kutaalee qaamaa agarsiisu faarfachuun kutaalee qaamaa isaanii adda baasanii waamuu danda'uu isaanii madaalaa.

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
2. Kutaalee qaamaa isaanii adda baasuufi dalagaa isaanii himuu	2.2. Dalagaalee garagaraa kutaalee qaamaa raawwatan sirriitti himuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Dalagaa kutaalee qaamaa himuu



**Kaayyoo:** dalagaa kutaalee qaamaa isaanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii kutaalee qaamaa agarsiisuu



**Mala raawwii:**

- Fakkii abbaa halluu itti agarsiisuun kutaalee qaamaa akka waaman gochuu;
- Itti aansuun, yommuu barsiisaan kutaa qaamaa tokko waamu daa'imman immoo dalagaa kutaa qaamaa sanaa akka himan gochuun taphachiisuu; **Fakkeenya:** yommuu barsiisaan, :”Miila keenyaan” jedhu daa'imman immoo “ittiin deemna” jechuun haa deebisan.



**Madaallii:** Dalagaa kutaalee qaamaa isaanii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gochaa Lama:** Hibboo kutaalee qaamaa taphachuu



**Kaayyoo:** hibboo taphachuudhaan dalagaa kutaalee qaamaa isaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaaba hibboo baay'ee of keessa qabu



**Mala raawwii:**

- Hibboowwan kutaalee qaamaafi dalagaa isaanii ibsan uumuun akka taphatan gochuu;
- Fakkeenya:** Godoon gamaa balballi ishee lama. Ani eenyu? . . . *funyaan*



**Madaallii:** Hibboo taphachuudhaan dalagaa kutaalee qaamaa isaanii adda baasuu isaanii madaalaa.



**Gochaa Sadii:** Sochiiwwaniifi gochawwan ibsuu



**Kaayyoo:** Sochiiwwaniifi gochawwan ilaaluun dalagaa kutaalee qaamaa nihimu.



**Meeshaalee deeggarsa:** fakkii wayita namoonni addaddaa sochiifi hojii raawwatan agarsiisu



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan wayita namoonni hojiifi sochii addaddaa raawwatan agarsiisan itti agarsiisuu;
- Sochiiwwaniifi gochawwan fakkiirraa argan akka himan gaafachuu;
- Yommuu isaan dubbatan akka harki rukutamuuf gochuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Sochiifi gocha ilaaluudhaan hojii kutaalee qaamaa himuu danda'uu isaanii madaalaa

**Gocha Afur:** Tapha walitti firoomsuu taphaachuu



**Kaayyoo:** tapha walitti firoomsuu taphachuun hojii kutaalee qaamaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii kutaalee qaamaa agarsiisuu, fakkii wayita namoonni socha'an yookiin waa hojjatan agarsiisu



**Mala raawwii:**

- Fakkii kutaalee qaamaa agarsiisuufi wayita namoonni hojii hojjatan agarsiisu mummuruu;

- Bakka daa'immaniif mul'atutti dhaabbachuun fakkii guddifamee kaafame kan qabate gabatee walitti firoomsuu itti agarsiisuun (yommuu namoonni hojiiwwan addaddaa hojjatan yookiin sochii addaddaa agarsiisan) waan argan akka himan gochuu;
- Gabatee walitti firoomsaa (kutaalee qaamaa kan agarsiisu) fakkii mummurame waliin akkamitti walitti firoomsuun akka danda'amu ifatti itti agarsiisuu;
- Itti aansuun, fakkii mummurameefi gabatee walitti firoomsuu daa'immaniif minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Tapha fakkiiwwan walfakkaatan walitti firoomsuu akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** Tapha walitti firoomsuutiin kutaalee qaamaa dalagaa isaanii waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Ija ofii Kunuunsuu	3.1. Ija isaanii of eeggannoon eeguufi kunuunsuu nidanda'u

**Gocha Tokko:** Faayidaa ijaa himuu



**Kaayyoo:** Faayidaa ijaa nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Fakkii gochawwan addaddaa agarsiisu, fakkii ijaa



**Mala raawwii:**

- Fakkii itti agarsiisuun gochiicha akka himan gochuu;
- Daa'imman muraasni hiriyoota isaaniin fuuldura akka dhaabbatan gochuu;
- Gocha garagaraa akka raawwatan gochuu;
- Daa'imman taa'anii ilaalaa jiran gocha raawwatamaa jiran akka himan gochuu;
- Kutaalee qaamaa isaanii kamiin akka argan/ ilaalan gaafachuun mariisisuu;
- Iji isaanii maaliif akka isaan fayyaduufi ija isaaniin maalfaa ilaalu akka danda'an gaafachuun faayidaa ijaa akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Faayidaa ijaa himuu danda'uu isaanii gaafachuun madaalaa.

**Gocha lama:** Fakkii ijaa halluu dibuu



**Kaayyoo:** Fakkii ijaa halluu dibuudhaan ija adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii ijaa, halluu, waraqaa



**Mala raawwii:**

- Fakkii ijaa tuttuqaan kaafame daa'imman hundaaf kennuu;
- Jalqaba akkamitti akka dibuu danda'an itti agarsiisuu;
- Itti aansuun, dibuun akka gurraachessan gochuu;
- Yommuu xumuran waan isaan hojjatan dinqisiifachuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Fakkii ijaa halluu dibuudhaan ija adda baafachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Waa'ee ijaa faaruun himuu



**Kaayyoo:** Faaruudhaan faayidaa ijaa nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** huccuu qulqulluu ija ittiin haguugan yookiin maarrabii, fakkii ijaa



**Mala raawwii:**

- Fakkii ijaa bakka daa'immaniif mul'atutti maxxansuun maal akka ta'eefi isaanis akka qaban daa'imman gaafachuun akka agarsiisan jajjabeessuu;
- Faaruu waa'ee ijaa ilaallatu faarsisuu, shaakalsiisuufi waliin faarsuu;
- Itti aansuun, buufata buufataan faarsuun shaakalsiisuufi waliin faarfachuu;

**Fakkeenya:**

Ija qaba; nan ilaala

Ija qaba; nan ilaala

Naannoo koo nan hubadha

Homaan walitti hinbu'u

Ilaalaa waanin deemuuf

- Gaaffiiwwan faaruu keessaa bahan gaafachuun faayidaa ijaa akka hubatan gochuu;



**Madaalli:** Faayidaa ijaa himuu danda'uu isaanii faaruufi tapha booda gaaffiiwwan gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Afur:** Ija isaanii hidhachuun taphachuu



**Kaayyoo:** Ijaa isaanii hidhachuun wantoota addaddaa barbaadanii argachuun nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** huccuu qulqulluu ija ittiin hidhatan yookiin maarrabii



**Mala raawwii:**

- Tapha maataduree kanaan walsimu akka taphatan itti himuun adeemsaafi seera taphichaa itti himuu;
- Daa'ima tokko fuuldura daa'imman birootti baasuun laaffisanii huccuun ija isaa hidhuun osoo ijaan hinilaaliin sagalee qofaan meeshaa dhokfamee jiru barbaadee akka argatu gochuu;
- Bakka meeshichi jirutti yommuu dhiyaatu daa'immanis 'Yaaqob' jechuun harka walitti rukutuun fuulcha akka kennaniif gochaa taphachiisuu;
- Taphicha keessatti daa'imman hundi akka hirmaatan gochuu;
- Taphichaan booda maaliifi akkamitti akka taphatan gaafachuun faayidaa ijaa akka hubatan gochuu;

**Yaadannoo:** Tapha wayitii tokko qofatti daa'imman hunda waliin gahuun waan hindanda'amneef, daa'imman carraa hinargatiin wayitii itti aanutti akka taphatan gochuun waan barbaachisuuf taphoota biroo kana fakkaatan tapha naannoo isaanitti argamu taphachiisuun nidanda'ama.



**Madaallii:** Ija isaanii huccuun hidhuun meeshaa dhokatee jiru barbaadanii argachuun taphachuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa

**Gocha Shan:** Wantootaa ija miidhan adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantootaa ija miidhan/ dhukkubsan addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii ijaa



**Mala raawwii:**

- Ijji isaanii dhukkubee akka beeku gaafachuufi mariisisuu;
- Wantootaa ija miidhuu danda'an gaafachuufi mariisisuu;
- Ifa cimaa harkaan akkamitti ofirraa ittisuun akka danda'amu itti agarsiisuufi shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Gaaffii garagaraa gaafachuudhaan wantootaa ija miidhan/dhukkubsan adda baafachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Jaha:** Ofeeggannoo ijaaf godhamuu qabu



**Kaayyoo:** Ofeeggannoo ijaaf godhamuu qabu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Suuraa ijaa, kitaaba (Kaasetti faaruu)



**Mala raawwii:**

- Qulqullina ijaa eeguuf dhiqachuu, balfa harkaan tuquu dhiisuu, aduu keessatti daawitiifi wantootaa calaqqisan ijaan ilaaluu dhiisuuf kanneen kana fakkaatan. . . hubachiisuu;
- Osoo fuula hindhiqatiin harka dhiqachuu, yommuu fuula dhiqatan ijas dhiqachuun akka barbaachisu hubachiisuu;
- Faaruu “Harka dhiqachuun akkana,”jedhu daa'imman waliin faarsuu;
- Faaruu “fuula dhiqachuu” yommuu faarsan sochiin agarsiisaa fuula wayita dhiqatan ija dhiqachuun akka jiru akka hubatan, sochii ija dhiqachuu faaruun akka agarsiisan gochuun waliin faarsuu;



**Madaallii:** ofeeggannoo ijaaf taasifamuu qabu hubachuu isaanii gaaffii addaddaa gaafachuun mirkanneeffadhaa.

Bu'aa eegamu	Gaa'umsa
4. Gurra ofii kunuunsuu	4.1. gurra isaanii ofeeggannoon qabachuun kunuunsuu nidanda'an

**Gocha Tokko:** Faayidaa gurraa himuu



**Kaayyoo:** faayidaa gurraa nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** baarreeffama waa'ee faayidaa gurraa ibsu, fakkii gurraa guddaa ta'e, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Barreeffama waa'ee faayidaa gurraa ibsuu qopheessuu;
- Daa'immaniif dubbisuun akka dhaggeeffatan gochuu;
- Waan dhaggeeffatanirraa kan hubatan akka himan gaaffiiwwan gaafachuu;
- Qubeessaa abbaa haalluufi fakkii gurraa itti kennuun halluu akka diban gochuu;

**Yaadannoo:** namoonni gurraan dhaga'uu hindandeenye akka jiraachuu danda'an itti himuun, namoonni akkasii kunniin namoota biroo waliin kan waliigalan aflattoo akka fayyadamaniifi waan barreeffamee jiru dubbisuu akka danda'an haala isaaniif galuu danda'uun ibsuufiin barbaachisaadha.



**Madaallii:** Faayidaa gurraa himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkanneeffadhaa.

**Gocha Lama:** Madda sagalee adda baasuu



**Kaayyoo:** Madda sagalee adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii gurraa guddatee kaafame



**Mala raawwii:**

- Tapha “ nama si waame bari “ jedhuu haala armaan gadiin taphachiisaa:

- Daa'imni tokko fuula isaa hiriyoota isaarraa naanneesee akka dhaabbatu gochuu;
- Daa'imman taa'an keessaa tokkichi maqaa isaa akka waamuufi daa'imni maqaa dhahame akka dhaggeeffatu gochuu;
- Itti aansuun, fuula isaa gara hiriyoota isaatti naanneessuun isaan ilaalaa eenyu akka isa waame akka himu gochuu;

**Yaadannoo:** Dalagaa kana daa'imman hundi dabaree dabareen akka raawwatan gochuun barbaachisaadha.



**Maadaallii:** Yeroo taphaa madda sagalee adda baasuu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Sadii:** Gurra ofeeggannoon qabachuu



**Kaayyoo:** Ofeeggannoo gurraaf taasifamuu qabu nitarreessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii gurraa guddifamee kaafame



**Mala rraawwii:**

- Gurra isaanii dhukkubsatanii akka beekan gaafachuufi mariisisuu;
- Gurra keessatti wanta kamiyyuu buusuun, gurra namaarratti iyyuun, akka malee sagalee ol kaasanii odeessuun sirrii akka hintaane hubachiisuu;
- Yaadicha cimsuuf muudannoo armaan gadii himuu;

**Muudannoo:**

*Gaaf tokko maal akkan arge beektuu? Magarsaan bakka Boonaan itti dhokate osoo barbaaduu duuba isaatti argee suuta jedhee itti siqee, “Qabamte! “ jedhee itti iyye. Boonaanis nahee kufee miilla isaas dhagaan madeesse. Barsiistuun isaas argitee mana yaalaa geessite. Garuu, Boonaan boo'uu itti fufe. “Maal taate? “ ittiin jennaan akka gurri isaa dhukkube itti hime. Maatii isaatti himnaan isaanis gara mana yaala geessan. Boonaanis yaala argatee xiqqoo itti fooyya'e. Ijoolle, wanti Magarsaan raawwate kun sirriidhaa?*



**Madaallii:** Ofeeggannoo gurraaf taasifamuu qabu tarreessuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
5. Qaama miiraa ittiin fuunfatan fayyadamuu fi kunuunsuu	5.1. foolii badaafi foolii gaarii ibsuu nidanda'u

**Gocha Tokko:** Faayidaa funyaanii himuu



**Kaayyoo:** Faayidaa funyaanii nihimuu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii funyaanii, qubeessaa



**Mala raawwii:**

- Waa'ee faayidaa funyaanii haala armaan gadiin mariisisaa:
  - Seekondii muraasaaf daa'imman harka isaanii tokkoon funyaan isaanii, harka biroon immoo afaan isaanii akka qabatan gochuu;
  - Itti aansuun, afaan isaanii akka qabatan, funyaan isaanii akka gadi lakkisan gochuu;
  - Yommuu funyaan isaanii gadi lakkisaan maal akka itti dhaga'ame gaafachuun waa'ee faayidaa funyaanii hubachiisuu;
  - Fakkii funyaanii tokkoo tokkoo isaaaniif kennuun qubeessaan akka diban gochuu;



**Madaallii:** Faayidaa funyaanii himuu danda'uu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gochaa Lama:** Foolii gaariifi badaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Foolii badaafi gaarii adda nibaasu.



**Mala raawwii:**

- Faaruu 'Qaamota miiraa shanan' jedhu akk faarsan gochuu;
- Waa fuunfachuun foolii adda baasuun kan danda'amu maaliin akka ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Foolii gaariifi badaa fuunfataniin akka beekan gaafachu;



- Foolii gaariin kan namatti tolu, foolii badaan immoo kan nama jibbisiisu ta'uu hubachiisuu;
- Wantoonni foolii badaa yookiin gaarii qaban maalfaa akka ta'an akka himan jajjabeessuu;
- Yoo himuu dhaban fuulchaa kennuun jajjabeessuu;

**Fakkeenyaaf:** Kuusaan balfaa, bo'oon balfa dhangala'oofi kanneen kana fakkaatan... foolii badaa akka qabaniifi burtukaaniin, muuziiniifi kanneen kana fakkaatan . . foolii gaarii akka qaban eeruu kennuu.



**Madaallii:** Foolii gaariifi badaa addaan baafachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Foolii adda baasuu



**Kaayyoo:** Fuunfachuun wantoota adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** joogii/qaruuraa/ foolii ittiin adda baasan, loomii, muuzii, qullubbii adii, fuduraalee....



**Mala raawwii:**

- Daa'imman kuduraaleefi fuduraalee isaan beekan itti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;
- Itti aansuun, joogii ifa dabarsu foolii adda baasuuf fayyadu yookiin qaruuraa keessa fuduraa yookiin kuduraa tokko osoo daa'imman hinargiin keessa buusuu;
- Gara funyaan daa'immaniitti butuun fuunfataniin maal akka ta'e akka dubbatan gochuu;
- Meeshaa keessaa baasuun itti agarsiisuun sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii ofuma isaanii akka mirkaneeffatan gochuu;
- Gaaleewwan foolii ibsan irra deddeebiin akka jedhan shaakalsiisuu;

**Fakkeenya:**

Nutti urgaa'e, nutti urgaa'e loomiin

Nuttii urgaa'e, nuttii urgaa'e maangoon

Fooliin isaa na nyaadhu, na nyaadhu jedha

Fooliin bakka balfaa

Nama qabsiisa qufaa

Irra haa fagaannu foolii balfaarraa

Qufaan akka hinqabamne adaraa



**Madaallii:** Fuunfachuun wantoota adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

**Gocha Afur:** Maqaa dhukkubaa himuu



**Kaayyoo:** Tapha hibbootiin maqaa dhukkubaa adda baasanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaaba hibboo



**Mala raawwii:**

- Hibboo haala armaan gadiin qopheessuun taphachiisuu:

**Gaafataa** – hibboo?

**Gaafatamaa** – hibbakka.

**Gaafataa** - kubbaan fakkaadha, gara funyaaniitti yoo na siiqsan nan

urgaa'a, yommuu daa'imman na quncisanii na nyaatan naannoof  
foolii namatti toluun kenna. Ani eenyu?

**Gaafatamaa**- Burtukaana



**Madaallii:** Hibboo taphachiisuun foolii wantootaa adda baasuun himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

**Gocha Shan:** Wantoota funyaan miidhan adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota funyaan balaaf saaxilan adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii wantoota qara ta'anii, midhaan dheedhii, qubeessaa



**Mala raawwii:**

- Faaruu qaamota miiraa shanan' jedhu akka faarsan gochuu;
- Wantoota funyaan balaaf saaxiluu danda'an gaafaachuun mariisisuu;
- Funyaan keenya keessa wanta kamiyyuu kaa'uu akka hinqabne hubachiisu;

**Fakkeenya:** wantoota qara qaban, midhaan dheedhii, dhoqqee, callee, qubeessaafi  
kanneen kana fakkaatan. . .



**Madaallii:** Wantoota funyaan balaaf saaxiluu danda'an adda baafachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Jaha:** Funyaan qulqulleessuun kunuunsuu



**Yaayyoo:** Funyaan qulqulleessuudhaan kunuunsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa (sooftii) mana fincaanii, maarrabii



**Mala raawwii:**

- Funyaan isaanii haala armaan gadiin qulqulleeffachuu akka danda'an hubachiisuu;
  - Waraqaa soofti fayyadamuun akkamitti akka funyaan isaanii qulqulleessuu danda'an itti agarsiisuu;
  - Daa'immanis haaluma barsiisaa/tuu isaaniirraa arganitti qaawwa funyaan isaanii dabareen qulqulleessuu akka shaakalan gochuu;
  - Waraqaa itti fayyadaman guuboo balfaa keessa buusuu akka shaakalan deeggaruu;



**Madaallii:** Sochii guyyaa guyyaa taasisan keessatti funyaan isaanii qulqulleeffachuu danda'u isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
6. Qaama miiraa dhandhamaa fayyadamufi afaan kunuunsuu	6.1. Dhandhama nyaataa adda nibaasu.

**Gocha Tokko:** Kutaalee afaanii adda baasuu



**Kaayyoo:** Kutaalee afaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii afaanii, qubeessaa halluu



**Mala raawwii:**

- Fakkii afaanii guddifamee kaafame itti agarsiisuun maal akka ta'eefi keessa isaa maalfaatu akka jiran, faayidaa isaaniis gaafachuun mariisisuu;

- Fakkii fuula namaa ofirraa qabu kan waraqaarratti kaafame tokko tokko daa'imaaf kennuu;
- Boca hidhii qofa halluu akka diban gochuu;
- Dhumarrattis, "Afaan keenya kami?, ilkaan keenya eessa jira? Hidhiin keenya eessa jira? Arrabni keenya eessa jira? " jechuun haala yeedaloo qabuun akka agarsiisan gochuu;



**Madaallii:** kutaalee afaanii adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Lama:** Dhandhama adda baafachuu



**Kaayyoo:** Dhandhama garagaraa adda baasuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** soorata mi'aawaa ta'an (karameellaa, shukkaara), baala hadhaa'aa ta'e (cilaattamoo, damaakasee), fakkii soorata addadhaa



**Maala raawwii:**

- Maqaa soorata garagaraa waamuudhaan daa'immaan kanaan duraa nyaatanii akka beekan gaafachuu;
- Nimi'aawa, nihadhaa'a, niguba jechuun dhandhama nyaataa akka himan jajjabeessuu;
- Soorataafi baala hadhaa'aafi mi'aawaa ta'an, qulqullina qaban gara kutaa barnootaa fiduun daa'immanitti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuu;
- Soorataafi baala kanneen daa'imman akka arrabaan arraabuun dhandhamaniifi dhandhama isaas mi'aawaa yookiin hadhaawaa jedhanii akka himan gochuu;
- Tapha, 'dhandhamii beeki' jedhu taphachiisuun jajjabeessuu;

**Fakkeenya:** Muuziin nimia'aawa, qeexoon, barbureen niguba . . .



**Madaallii:** Dhandhama garagaraa adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aaa eegamuu	Ga'umsa
6. Qaama miiraa ittiin dhandhaman fayyadamuufi afaan kunuunsuu	6.2.Afaan isaanii of eeggannoon kunuunsanii qabachuu nidanda'u

**Gocha Tokko; Afaan kunuunsuu**



**Kaayyoo:** Afaan isaanii akkamitti akka kunuunsuu qaban nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** joogii bishaanii, meeshaa itti dhiqatan



**Mala raawwii:**

- Daa'imman irra caalaatti nyaata akkamii akka jaallatan gaafachuu;
- Nyaata dhandhama mi'aawaa yeroo mara soorachuun ilkaan akka miidhu akka hubatan gochuu;
- Nyaata booda afaan ofii bishaaniin lulluuqqachuu akka qaban hubachiisuu, yoo kana ta'uu baate ilkaan isaanii akka miidhamuufi afaan isaanii foolii badaa akka qabaatu itti himuu;
- Kanas, gochaan itti agarsiisuufi isaanis gochaan akka shaakalan carraa kennuufii;

**Yaadannoo:** Daa'imman yeroo hunda nyaata booda afaan isaanii bishaaniin lulluuqqachuu isaanii hordofuun yeroo hunda yaadachiisuun muuxannicha akka gabbifatan gochuudha.



**Madaallii:** Afaan isaanii akkamitti kunuunsuu akka qaban hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Lama:** Soorata ilkaan miidhuu danda'an adda baasuufi walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Soorata ilkaan isaanii miidhan adda baasuun walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Gabateewwan fakkii walitti firoomsii qabu



**Mala raawwii:**

- bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun fakkiiwwan soorata ilkaan miidhan (karamella, buskutii, sukkaara, chokoleetii...) dabaree dabareen itti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuu;
- Gabatee walitti firoomsii fakkiiwwan mummuramaa minjaala isaanirra kaa'uun akka walitti firoomsan gochuu;
- Yommuu isaan xumuranis maaliifi maal akka walitti firoomsaniifi fakkiiwwan isaan walitti firoomsan maal akka ta'an gaafachuun soorata ilkaan miidhan ta'uu isaanii akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Soorata ilkaan miidhuu danda'an adda baasuu danda'uu isaanii Mirkaneessuu

**Gocha Sadii:** Ilkaan kunuunsuu



**Kaayyoo:** Ilkaan isaanii akkamitti kunuunsuu akka qaban nihimu.




**Meealaalee deeggarsaa:** rigaa ilkaanii, kubbaayyaa, fakkii soorata dhandhama mi'aawaa, fakkii rigaa ilkaaniifi kubbaayyaa

**Mala raawwii:**

- Fakkii nyaataa bullaa'uu ilkaaniitiif sababa ta'uu danda'an lama itti kennuun akka walitti firoomsan gochuu
- Haala kamiin ilkaan qulqulleeffachuu akka qaban bifa armaan gadiin hubachiisaa:
  - burushii yookiin rigaa mukaa fayyadamuun gubbaa gara gadiitti ilkaan isaanii haala kamiin qulqulleessuu akka danda'an barsiisaan/tuun gochaan itti agarsiisuu;

- rigaa ilkaanii namni tokko itti fayyadameen namni biroon itti fayyadamuu akka hinqabne itti himuu;
- tokkoo tokkoo daa'imaatiif fakkii kubbaayyaafi rigaa yookiin burushii ilkaanii kennuufii;
- halluu fedhan akka diban gochuu;
- yommuu xumuranis maal akka dibaniifi maaliif akka fayyadu akka himan gochuu;



**Madaallii:** Ilkaan isaanii akkamitti kunuunsuu akka qaban hubachuu isaanii gaaffii gaafachuuf sochii guyyaa guyyaa isaan taasisan hordofuun madaalaa.

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
7. Harkaan qaqqabuun wantootaafi haalota ibsuu	7.1. amala wantootaafi meeshaalee bocaafi hanga ho'inaa adda baasuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Harkaan qaqqabuun/tuttuquun amala wantootaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Harkaan qaqqabuun amala wantootaa adda baasuun nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** gabateewwan qaqqabaman

**Mala raawwii:**

- Gabateewwan qaqqabaman kan sadarkaa sadii qaban (lallaafaa (mucucaataa), arjajjaa'aa, baay'ee arjajjaa'aa) minjaala daa'immaniirra kaa'uu;
- Daa'immanis harkaan qaqqabuun kamtu mucucaataa, kamtu arjajjaa'aa akka ta'e akka himan gochuu;



**Madaallii:** Harkaan qaqqabuun amala wantootaa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

**Gocha Lama:** Harkaan qaqqabuun wantoota amala isaaniin ramaduu



**Kaayyoo:** Harkaan qaqqabuun wantoota amala isaaniin niramadu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** gabateewwan qaqqabamaniifi halluu, meeshaalee naannootti argaman kan boca addaddaa qaban



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee naannootti argaman kan mucucaatoofi arjajjaa'aa ta'an (paakkoo saamunaa, gabatee qaqqabannaa, gabatee halluu fi kanneen kana fakkaatan . . .) kennuu;
- Daa'imman meeshaalee kanneen haala amala isaaniin akka ramadaniif dhumarratti isaan kun arjajaa'oo, isaan kun immoo mucucaatoodha jedhanii akka himan gochuu;



**Madaallii:** Harkaan qaqqabuun wantoota amala isaaniin ramaduu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

**Gochaa Sadii:** Harkaan qaqqabuun maalummaa wantootaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Qaqqabuudhaan maalummaa wantootaa adda baasanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota naannootti argaman kan boca garagaraa qaban qaracitii hinmul'isne.



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee (wantoota) addaddaa daa'imman beekan qopheessuu;
- Meeshaa tokko qaracitii hinmul'isne keessa kaa'uu;
- Daa'ima fedhii qabu tokko kaasuun harka isaa qaracitii keessa galchuun meeshicha harkaan qaqqabuun maal akka ta'e akka himu gochuu;
- Sirrii ta'uufi dhiisuu isaa daa'imumti sun meeshicha baasuun akka of madaalu gochuu;
- Haaluma kanaan daa'imman hunda hirmaachisuu;



**Madaallii:** Harkaan qaqqabuun maalummaa wantootaa adda baasuun himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.



**Gochaa Afur:** Harkaan qaqqabuun boca adda baasuu



**Kaayyoo:** Qaqqabuun bocawwan adda nibaasu.






**Meeshaalee deeggarsaa:** bocawwan ji'oomeetirii (geengoo, rogsadee, rogafree, luxxee, kaaree)



**Mala raawwii:**

- Bocawwan ji'oomeetirii addadda (geengoo, rogsadee, rogafree, luxxee, kaaree) minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Quba isaanii fayyadamuun bocawwan akka adda baasan gochuu;
- Tapha, 'harkaan qaqqabii bari' jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu:
  - Minjaala fuuldura daa'imman jirurra bocawwan shanan (geengoo, rogsadee, rogafree,, kaareefi luxxee) kaa'uu;
  - daa'ima fedhii qabu tokko fuulduratti baasuun laaffisanii huccuun ija isaa hidhuu;
  - itti aansuun, boca tokko harka isaarra kaa'uun qaqqabuun boca isaa akka himu gochuu;
  - yoo sirrii ta'e akka harka rukkutaniif gochuu, yoo dogoggore garuu fuulcha kennuudhaan irra deebi'ee akka yaalu carraa kennuufii;
  - daa'imman hundi dabareen akka taphatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Harkaan qaqqabuun bocawwan adda baasuu isaanii mirkaneeffadhaa.

**Gocha Shan:** Dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffamerraa boca addaddaa hojjachuu



**Kaayyoo:** Dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffamerraa boca addaddaa nihojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqee, minjaala pilaastikaa



**Mala raawwii:**

- Minjaala isaanii pilaastikaan haguuguu;
- Dhoqqee ofeeggannoon bukeeffame yookiin waraqaa bukeeffame kennuu;
- Daa'imman quba isaanii fayyadamuun bocawwan akka tolchan gochuu;
- Yommuu xumuranis maal akka hojjatan hiriyoota isaaniitti akka agarsiisaniifi akka himan gochuu;
- Dhumarratti, bakka inni itti goguu danda'u olkaa'u;



**Madaallii:** Bocawwan garagaraa tolchuu shaakaluu isaanii ilaaluun mirkaneeffadhaa.

**Goocha Jaha:** Harkaan tuquudhaan ho'ina wantootaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Harkaan tuquudhaan ho'ina wantootaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** nikeelii bishaaniifi joogii pilaastikaa



**Mala raawwii:**

- tuquudhaan ho'ina wantootaa ibsuu akka danda'an haala armaan gadiin shaakalsiisuu;
  - nikeelii bishaanii lama yookiin joogiiwwan pilaastikaa qopheessuu;
  - joogii isa tokko keessa bishaan ho'aa, isa biroo keessa immoo bishaan dilallaa'aa itti naquu;
  - daa'imman harka isaanii joogii keessa kaa'uun miira itti dhaga'amu (nidilallaa'a, niguba yookiin niho'a) jechuun akka himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** harkaan tuquudhaan ho'ina wantootaa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffadha.

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
8. Fayyaa ofii eeggachuufi sirna fayyaa ofii ittiin eeggatan shaakaluu	8.1. Seera soorannaa eeganii soorachuu nishaakalu.

**Gocha tokko:** Faayidaa nyaataa hubachuu



**Kaayyoo:** Faayidaa nyaataa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan soorataa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman ganama har'aa ciree maal nyaatanii akka ba'an, nyaata akkamii soorachuu akka jaallatan gaafachuun mariisisuu;
- Daa'immanis ta'an namoonni gurguddoon nyaata garagaraa akka soorataniifi nyaannii isaan sooratan qaamaaf akka fayyadan ibsuufii;
- Ibsa biroos dabaluun hubannoo isaanii cimsuu;



**Madaallii:** faayidaa soorataa hubachuu isaanii gaaffii garagaraa gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Lama:** Akaakuu soorataa adda baasuu



**Kaayyoo:** Akaakuu soorataa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa fakkii akaakuun soorata addaddaa irra jiru, waraqaa adii, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Fakkii akaakuu soorata garagaraa ofirraa qabu tokkoo tokkoo daa'imaatiif kennuu;
- Akaakuu isaaniiin akka ramadan gochuu;
- Itti aansuun , halluu akka diban gochuu;
- Fakkicharraa akaakuu nyaataa daa'imman gaafachuun maqaa isaa fakkii jalatii barreessuu;



**Madaallii:** Akaakuwwan nyaataa adda baasuu isaanii mirkaneeffadhaa.

**Gocha Sadii:** Maqaa akaakuu nyaataa himuu



**Kaayyoo:** Maqaa akaakuu nyaataa nihimuu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa adii, qubeessaa abbaa halluu, qubeessaa



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa adii, qubeessaafi halluu kennuu;
- Fakkii akaakuu nyaata jaallatan akka kaasaniifi halluu akka diban gochuu;
- Maqaa nyaataa daa'imman gaafachuun fakkicha maqaa akaakuuwwan nyaataa himuu danda'uu isaanii madaalaa jalatti barreessuu;



**Maadaallii:** Maqaa akaakuuwwan nyaataa himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Naamusa nyaataa hubachuufi raawwachu



**Kaayyoo:** Naamusa nyaataa hubachuun niraawwatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan seera nyaata agarsiisaan (poostaroota)



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan kanneen fayyadamuun seera nyaataa daa'imman eeguu qaban hubachiisuu;
- Wayita nyaatan odeessuun, humnaa ol guddisanii afaan kaawwachuun, isa afaan keessa jiru osoo hinliqimsiin kan biroo afaan kaawwachuufi kanneen kana fakkaatan . . . balaa inni qaqqabsiisu itti himuu;
- Wayita nyaatan seeraan akka sooratan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Seera nyaataa hubachuufi hojiirra oolchuu isaanii jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti madaalaa.

**Gocha Shan:** Fakkaatanii taphachuun naamusa nyaataa shaakaluu



**Kaayyoo:** Fakkaatanii taphachuun naamusa nyaataa nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Meeshaalee taphaa gahee taphachuuf fayyadan (saahanii, fallaana (shukkaa)



**Mala raawwii:**

- Gahee taphachuu kan akka “warra , warra... “ qopheessuu;
- Taphicha fayyadamuun seera nyaataa hordofuun akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** Tapha fakkaatanii taphachuutiin seera nyaataa shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Jaha:** Bifa diraamaan naamusa nyaataa shaakaluu



**Kaayyoo:** Bifa diraamaatiin naamusa nyaataa nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee diraamaa qophaa'eef tajaajilan



**Mala raawwii:**

- Diraamaa gabaabaa seera nyaataa agarsiisu qopheessuu;
- Diraamicha keessatti daa'imman taatota taasisuun seera nyaataa shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Bifa diraamaan seera nyaata shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Torba:** Naamusa nyaataa hojiirra oolchuu



**Kaayyoo:** Naamusa nyaataa hubachuun hojiitti nijjiiru.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kubbaayyaa, fookaa cittu, fallaana, shukkaa . . .



**Mala raawwii:**

- Daa'imman nyaata harkaan sooratan akkamitti quba isaanii qofa fayyadamuun akka nyaachuu qaban itti agarsiisuun hubachiisuu;

- Nyaata fallaanaafi shukkaan sooratan akkamitti akka nyaachuu qaban itti agarsiisuu;
- Kubbaayyaa yookiin koddaa bishaanii harka isaanii isa nyaata hintuqiiniin qabachuu akka qaban itti agarsiisuufi itti himuu;
- Haala jedhameen soorataa jiraachuu isaanii hordofuun deeggarsa taasisuu;
- Nyaata lafarratti harcaasuu akka hinqabneefi erga nyaatanii fixanii booda namoota nyaata isaaniif dhiyeessan galatoomfachuu akka qaban ibsuufii;
- Gochaan agarsiisuu isaanii hordofuun ogummaa kana akka cimsatan gochuu;
- Fooxaa cittuu fayyadamuun minjaala qulqulleessuun akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Daa'imman dabareen minjaala qulqulleessuu akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** seera nyaataa hubachuun jireenya isaanii keessatti hojiiraa oolchuu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
9. Qaama ofii seeraan qabachuufi kunuunsuu	9.1. Qaama isaanii seeraan eeggachuuf kunuunsuu nidanda'u

**Gocha Tokko:** Kutaalee qaamaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan halluu dibuudhaan kutaalee qaamaa addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii kutaalee qaamaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaafi kanneen kana fakkaatan. . .



**Mala raawwii:**

- Fakkii kutaalee qaamaa hunda qabate daa'immaniif kennuu;
- Qubeessaa abbaa halluu garagaraa qabu minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Akka dibaniifi kutaalee qaamaa kam akka diban akka himan gochuu;



**Madaallii:** Halluu dibuudhaan kutaalee qaamaa adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Pazilii kutaalee qaamaa walqabsiisuu



**Kaayyoo:** Pazilii walqabsiisuun kutaalee qaamaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii kutaalee qaamaa, pazilii kutaalee qaamaa



**Mala raawwii:**

- Kutaalee nafa namaa iddoo 4-5tti mummurame pazilii fayyadamuun akkamiin akka walqabiisan haala armaan gadiin itti agarsiisaa:
  - dura qaama guutuu ta'e itti agarsiisuu;
  - itti aansuun kan mummurame itti agarsiisuu;
  - kutaa qaamaa isa kam ta'uu akka danda'u gaafachuu;
  - daa'imman waliin pazilicha walqabsiisuu;
- Daa'ima fedhii qabu tokko kaasuun pazilii akka walqabsiisu gochuu haala kanaan daa'imman hunda hirmaachisuu;



**Madaallii:** Pazilii walqabsiisuun kutaalee qaamaa hubachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Dalagaa kutaalee qaamaa hubachuu



**Kaayyoo:** Dalagaa kutaalee qaamaa nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Akka ol utaan, harka walitti rukutan gochuun maal akka raawwataniifi kutaa qaamaa isaanii kamiin akka raawwatan gaafachuu;
- Hibboo gaafachuun kutaa qaamaa isaaniin maal dalaguu akka danda'an akka hubatan gochuu;

**Fakkeenya:** “Ani kutaa qaama namaa keessa tokkoodha. Ani nyaata ittin alanfachuufan tajaajila. Ani eenyu? “ jechuun gaafachuun mariisisuu;



**Madaallii:** Gaaffii addaddaa gaafachuun dalagaa kutaalee qaama hubachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Qulqullina qaama ofii eeguu



**Kaayyoo:** Qaama isaanii qulqullinaan qabachuu akka qaban nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Kutaalee qaama isaanii addaddaan dalagaa maal maal akka raawwatan gaafachuu;
- Kutaalee qaama isaanii dalagaa garagaraa ittiin raawwachuuf akka gargaaru akka hubatan gochuu;

**Fakkeenya:** harki qaqqabuuf, funyaan fuunfachuuf, iji ilaaluuf, gurri dhaga'uufi kanneen kana fakkaataniif. . . fayyadu

- Kutaalee qaama dalagaalee kanneen itti raawwatan qulqullina isaanii eeguu akka qabaniif akkamittis eeguu akka qaban mariisisuu;



**Madaallii:** Gaaffii gaafachuun qaama isaanii qulqullinaan eeguu akka qaban hubachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Shan:** Karaa qulqullina ofii ittiin eeggatan himuu



**Kaayyoo :** Qulqullina qaama ofii eeguufi kunuunsuuf maalfaa gochuu akka qaban nihimu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman ganama hirribarraa ka'anii dalagaa maalfaa akk raawwatan gaafachuun mariisisuu;
- Harka isaanii, fuula isaanii, miila isaanii eenyu akka isaaniif dhiquufi yoom, maaliif akka dhiqatan gaafachuun mariisisuu;
- Guyyaa hunda fuulaafi miila isaanii dhiqachuu akka qaban hubachiisuu;
- Harka isaanii garuu yeroo hunda nyaata duraafi nyaata booda; akkasumas, mana fincaanii dhaqanii yommuu deebi'an saamunaan dhiqachuu akka qaban hubachiisuu;





**Madaallii:** Qulqullina qaama isaanii eeguufi kunuunsuuf maal gochuu akka qaban himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Jaha:** Barbaachisummaa qulqullina dhuunfaa ofii



**Kaayyoo:** Barbaachisummaa qulqullina dhuunfaa ofii eeggachuun qabu nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaabilee oduu durii qaban



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo gabaabaa tokko itti himuu;
- Qulqullina dhuunfaa eeggachuu dhabuun miidhaa inni qabu akka hubatan gochuu;
- Faaruu waa'ee qulqullina dhuunfaa eeggachuu ibsu faarfachiisuun hubannoo isaanii cimsuu;



**Madaallii:** qulqullina dhuunfaa eeggachuu dhabuun miidhaa inni qaqqabsiisu hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Torba:** Miidhaa qulqullina eeggachuu dhabuu



**Kaayyoo:** Miidhaa qulqullina dhuunfaa eeggachuu dhabuun qabu nihimu.



**Mala raawwii:**

- Fuula,harkaafi miila isaanii ofdanda'anii dhiqachuu shaakaluu akk qaban itti himuu;
- Dabbasaaf qaama isaanii eenyu akka irraa dhiquufi maaliif akka dhiqatan gaafachuun mariisisuu;
- Dabbasaafi qaama isaanii yeroo yeroon yoo hindhiqannee injiraan akka irratti wal horuu danda'an hubachiisuu;
- Qaamni isaaniis foolii badaa akka qabaachuu danda'u ibsuufii;
- Barbaachisummaa qulqullina dhuunfaa eeggachuun qabu akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Miidhaa qulqullina qaama isaanis eeggachuu dhiisuun qabu himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Sagal:** Harkaafi fuula dhiqachuu



**Kaayyoo:** Harkaafi fuula isaanii dhiqachuudhaan qulqullina qaama isaanii eeguun kunuunsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deegarsaa:** Saamunaa, foomaa, bishaan



**Mala raawwii:**

- Osoo harka hindhiqatiin nyaachuun rakkoo inni qabu sheekkoofi muudannoowwan itti himuun hubachiisuu;
- Faaruu ‘Harka dhiqachuun akkana’ jedhu daa’imman akka faarsan gochuu;
- Iddoo daa’immanitti mul’atu dhaabbachuun harka ofii bishaaniifi saamunaan akkamitti dhiqachuun akka danda’amuufi akkamitti gogfachuu akka danda’amu itti agarsiisuu;
- Saamunaa malee bishaan qofaan fuula isaanii harka lamaan akkamitti dhiqachuu akka qaban itti agarsiisuu;

Daa’immanis dabareedhaan haaluma arganiin harkaafi fuula isaanii akka dhiqatan gochuu;

**Yaadannoo:** Gocha kana dareen alatti ujummoo bishaanii daa’imman ittiin dhiqatan fayyadamuun shaakalsiisuun nidanda’ama



**Madaallii:** Harkaafi fuula dhiqachuudhaan qaama isaanii qulqullinaan eeguufi kunuunsuu shaakaluu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

<b>Bu’aa eegamu</b>	<b>Ga’umsa</b>
10. Maashaalee mul’ataniifi dhokatoo ta’an (gurguddaafi xixiqqaa) faayyadamuu	10.1. Kutaalee qaamaa isaaniin sochii barbaachisu gochuu nidanda’uu.

**Gocha Tokko:** Madaala qaamaa eeganii tarkaanfachuu



**Kaayyoo:** Madaala qaamaa isaanii eeganii nitarkaanfatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** boronqii yookiin wadaroo/haada.



**Mala Raawwii:**

- Bakka bal'aa ta'etti ( daree keessa yookiin mooraa M/b keessa) hamma diriirfanna harkaa walirraa fagaachuun gara dalgaatti akka dhaabbatan gochuu;
- Fuuldura daa'immanitti boronqiidhaan sarara sararuu yookiin mallattoo godhuu;
- Sarara sararame eeganii tarkaanfachuun (deemuun) akka danda'amu gochaan itti agarsiisuu;
- Tokkoon tokkoon isaanii sarara sararamerra akka deeman shaakalsiisuu;
- Mudhii isaanii qabatani sirriitti akka dhaabbatan gochuu;
- Bakka ka'umsaafi ga'umsaa boronqiidhaan mallattoo itti gochuun agarsiisuu;
- Quba miila isaanii hanga meetira tokkotti (tarkaanfii afur yookiin shan) gara fuulduraatti akka deemu shaakalan gochuu;

**Madaallii:** Madaala qaama isaanii eeganii deemu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Lama:** Madaala qaamaa eeguun tarkaanfachuu, fiiguufi utaaluu



**Kaayyoo:** Madaala qaamaa isaanii eeguun nitarkaanfatu; nifiigu; miila isaanii lamaaniin ni'utaalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** boronqii, saanduqa olka'iinsa 15 cm – 20 cm qabu



**Mala raawwii:**

- Toora tokkoon hiriirsisuu;
- Sararoota toora lamaan sararaman gidduu fageenya muraasa deemu akka shaakalan gochuu;
- Harka isaanii diriirsuun tooraan fiiguu shaakalsiisuu;
- Mudhii qabatani fiiguu shaakalsiisuu;

- Saanduqarra akka dhaabbatan gochuun miila isaanii lamaanin lafatti akka utaan shaakalsiisuu;
- Seentiimeetira 10-15 waliirraa fageessuun funyoo (haada) lama wal cinaa lafarra diriirsuu;
- Miila isaanii lamaanin funyoo/haada sana osoo hindhiitiin akkamitti akka ol utaaluu danda'an itti agarsiisuudhaan isaanis akka utaan gochuu;

**Yaadannoo:** Mudhii qabataniif fiiguun harka ofii diriirsanii fiiguurra waan cimuufti, barsiisaan/tuun wayita daa'imman hojjachiisu/tu ofeeggannaa gochuu qaba/di. Naannoon daa'imman irra fiiganiifi utaan mijataa ta'uu isaa dursee mirkaneeffachuu qabu



**Madaallii:** Madaala ofii eeganii tarkaanfachuu (deemuu), fiiguufi miila isaanii lamaanin utaaluu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Sadii:** Taphoota si'aayina qaamaa barbaadan taphachuu



**Kaayyoo:** Taphoota si'aayina qaamaa barbaadan nitaphatu.



**Meeshaala deeggarsaa:** kubbaa xixiqqaa, goommaa xiqqaa



**Mala raawwii:**

- Fageenya dhiyooratti kubbaa xiqqoo qaawwa goommaa dhaabbatee jiru keessa dabarsuun akka itti danda'amu itti agarsiisuun akka taphatan gochuu;
- Gommaawwan gurguddaa walakkaa lafarra dhaabbataniif jiran keessa huhulluuquu akka danda'amu itti agarsiisuun akka taphatan gochuu;
- Kortoorra ba'uufi bu'uu akka shaakalan jajjabeessuu;
- Gommaa xixiqqaa lafarra konkolaachisuun akka taphatan gochuu;

**Yaadannoo:** yommuu daa'imman kortoorra ba'aniifi bu'an itti dhiyeenyaan hordoffii taasisuufi daa'imman riqarra ba'uuf fedhii hinqabne dirqisiisuun hinbarbaachisu.



**Madaallii:** taphoota si'aayinaan taphachuu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Afur:** Madaala qaamaa eeganii dammaqinaan socho'uu



**Kaayyoo:** Madaalaa qaamaa eeganii dammaqinaan socho'uun nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** huccuu xiqqoo (maarrabii)



**Mala raawwii:**

- Daa'imman garee lamatti qooduun (garee xiqqaafi garee guddaa) harka akka walqabatan gochuu;
- Gareen daa'immanii inni guddaan yommuu konkolaatu gareen daa'immanii inni xiqqaan immoo, "gommaa guddaan konkolaate" jechaa akka harka rukutan gochuu;
- Yommuu gareen xiqqaan socho'u immoo gareen guddaan 'gommaa xiqqaan konkolaate' jedhanii akka harka rukutan gochuu;
- Daa'imman harka walqabachuun geengoo uumanii taa'uun maarrabii koo argitanii? jechaa akka taphatan gochuu;
- Sararaafi madaala isaanii eeguun kallattii tokkorraa gara birootti naanna'aa taphoota addaddaa akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** Madaala qaamaa eeganii dammaqinaan socho'uun taphachuu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Shan:** Sochii qaamaa salphaa ta'e hojjachuu



**Kaayyoo:** Sochii qaamaa salphaa ta'e nihojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** abaaboo, waraqaa



**Mala raawwii:**

- Tarreen akka hiriiran gochuu;
- Abaaboo waraqaa harkatti akka qabatan gochuu;
- Abaaboo sana gara mirgaatti, bitaatti, ol, gadi akka itti sosochoosuun danda'amu itti agarsiisuu;
- Haaluma ilaalaniin sosocho'uu akka shaakalan jajjabeessuu;

- Daa'imman luka isaanii xiqqoo banuun mudhii isaanii harkaan qabatani akka dhaabbatan gochuu;
- Gara fuulduraatti gadi jechuun harkaan jilba isaanii tuquun akka deebi'an itti agarsiisuun irra deeddeebi'uun akka hojjatan gochuu;
- Daa'imman luka isaanii walitti qabuun harka isaanii gadi deebisanii akka dhaabbatan gochuu;
- Tokko yommuu jedhamu harka isaanii gara fuulduraatti diriirsuu, "lama, yommuu jedhamuu harka isaanii akkumaa diriirsanitti akka taa'an gochuun harka diriirsuun taa'uu fi ka'uu shaakalsiisuu;
- Dhaabbannaan isaanii akkumaa armaan olitti ibsame ta'ee tokko yoo jedhamu harka isaanii ol kaasuu, 'lama' yoo jedhamu akka harka rukutan gochuu;
- Daa'imman luka isaanii gara fuulduraatti diriirsuun mudhii qabatani lafarra akka taa'an gochuu;
- 'tokko' yommuu jedhamu harka gara fuulduraatti diriirsuu, 'lama' yoo jedhamu immoo quba miila isaanii akka tuqaniifi 'sadii' yommuu jedhamu akka duraan taa'anitti akka deebi'an gochuu shaakalsiisuu;
- Tapha 'harka walqabannee konkolaanna' jedhu taphachiisuu;

**Yaadaannoo:** Daa'imman sochiiwwan guddinaafi jabeenya qaamaa wayita hojjatan tasgabbiin shaakaluu akka qaban hubachiisuun warra sochii tokko tokko taasisuu hindandeenye dirqisiisuun barbaachiisaa miti.

**Madaallii:** Sochiiwwan qaamaa salphaa ta'an hojjachuu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Jaha:** Ajaja kenname hordofuun si'aayinaan socho'uu



**Madaallii:** Sochii qaamaa salphaa ta'e hojjachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha jaha: Ajaja kennamuuf fudhachuun taphachuu



**Kaayyoo:** Ajaja kennameef fudhachuun si'aayinaan socho'uun nitaphatu.



**Meeshaalee deeggearsaa:** bilookiiwwan, kubbaa, kiyuubii



**Mala raawwii:**

- Kubbaa, kiyuubotaafi meeshaalee taphaa biroo fageenya addaddaarra dhiyeenyatti dirreerra kaa'uu;
- Ajaja kenname hordofuun, kallatti garagaraan waan tokkollee osoo hintuqiin naanna'uu bifa taphaan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Ajaja kennameef hordofuun si'aayinaan socho'anii taphachuu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Torba:** Ajaja fudhachuun taphachuu



**Kaayyoo:** Ajaja fudhatanii si'oominaan nitaphatu.



**Mala raawwii:**

- Tapha 'hiriya kee barbaadi' jedhu haala armaan gadiin taphachiisaa:
  - Bibittinnaa'anii akka socho'an gochuu;
  - Wayita lakkoofsi waamamu hammuma lakkoofsa waamame sanaatti tapha walhammachuu akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** Ajaja fudhachuun si'oominaan taphachuu isaanii hordofaa.

**Gocha Saddeet:** Tapha akka kubbaatti haa utaalluu jedhu taphachuu



**Kaayyoo:** Maashaalee isaanii fayyadamuun tapha akka kubbaatti haa utaalluu jedhu nitaphatu.



**Meeshaalee deeggaarsaa:** kubbaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman fuulduratti kubbaa lafa dhahee ol ka'uu isaa lakkaa'uu;
- Walfaana lakkaa'uu;
- Itti aansuun, akka kubbaatti haa utaallu jechaa kubbaa faana utaalluu;



**Madaallii:** Tapha akka kubbaatti haa utaalluu jedhu taphachuu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Sagal:** Tapha *kubbaa walharkaa fuudhuu* taphachuu



**Kaayyoo:** Tapha *kubbaa walitti kennuu* nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kubbaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman sadii xiqqoo walirraa siqun luka isaanii diriirsuun rogsadee uumuun lafarra akka taa'an gochuu;
- Kubbaa kennuufi kubbaa lafarra gangalchaa walitti darbuun akka taphatan gochuu;
- Yommuu kubbaa walitti darban qixa rogsadee kubbaan baate tapha keesaa ba'uun daa'imni biroon bakka buusaa taphachiisuu;

**Yaadannoo:** Taphni kun haala bal'ina dareen yeroo tokkotti gareewwan muraasa taphachiisuun nidanda'ama.



**Madaallii:** Maashaalee isaanii fayyadamuun tapha *kubbaa walitti darbuu* taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudhan:** Fo'aa qaawwa dooqaa (callee) keessa dabarsuu



**Kaayyoo:** Maashaalee isaanii fayyadamuun qaawwa dooqaa (callee) keessa fo'aa dabarsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fo'aa, dooqaa (callee) bifa addaddaa qaawwa babal'aa qaban yookiin man'ee kobbee



**Mala raawwii:**

- Qaawwa dooqa keessa fo'aa(kirrii) akkamiin akka keessa dabarsuun danda'amu itti agarsiisuu;



- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif dooqa (callee) halluu addaddaa qaban shan shaniifi fo'aa ( kirrii) kennuun akka qaawwa isaa keessa baasan gochuu;
- Yommuu isaan hojjatan gidduu isaanii naanna'uun fuulcha kennuufii;
- Hiriyoota isaanii fuuldura ba'uun waan hojjataniifi halluuwwan akka himan jajjabeessuu;

**Yaadannoo:** Daa'imman dooqa (callee) isaanitti kenname afaan yookiin funyaan isaanii keessa galchuun dhowwaa akka ta'e dursanii itti himuun barbaachisaadha. Man'ee kobbee hanga garagaraan kukkutuun itti fayyadamuun nidanda'ama.



**Madaallii:** Qaawwa dooqaa keessa fo'aa (kirrii) kaa'uu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

**Gocha Kudha Tokko:** Waraqaa mummuruu



**Kaayyoo:** Maashaalee isaanii fayyadamuun waraqaalee maqsoon (maqasiin) nimummuru.



**Meeshaalee deeggarsaa:** maqxoo pilaastikaa ijoolleef yaadamee hojjatame, waraqaa abba halluu



**Mala raawwii:**

- Maqxoo fayyadamuun waraqaa furdaa abbaa halluu akkamitti mummuruu akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Daa'imman hundaaf maqxoofi waraqaa kennuu;
- Maqxoo sirriin qabachuu akka qabaniifi harka isa tokkoon waraqaa mummuramu qabachuun akka muran gochuu;
- Daa'imman mummuruu erga shaakalanii booda, waraqaa fufurdaarratti sarara sararuun itti kennuun sararicha hordofuun akka muran shaakalsiisuu;
- Sarara hordofuun waraqicha qaqaal'isanii akka mummuran gochuu;
- Waraqaa muummurame walqabsiisuun karaa, riqaa fi wantoota kana fakkaatan hojjachuun akka taphatan gochuu;

**Yaadaannoo:** Daa'imman wayita maqsoon waraqaa mummuran akka of hinmurre of eeggannoo gochuun barbaachisaadha. Dabalataanis daa'imman deeggarsa barbaadaniif deeggarsa gochuun barbaachisaa ta'a.



**Madaallii:** Maashaalee isaanii salphaan fayyadamuun waraqaa nummuruu sh aakaluu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Lama:** Qabannaafi itti fayyadama qubeessaa



**Kaayyoo:** Qabannaafi itti fayyadama qubeessaa nishaakaluu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaalee hanga garagaraa qaban, fakkii guddifamee kaafame, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Fakkii guddifamee kaafame bakka daa'immanitti mul'atutti maxxansuu;
- Gubbaa gara gadiitti yookiin bitaa gara mirgaatti sarara keessaa osoo hinba'iin akkamitti halluu dibuun akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Fakkiiwwan xixiqqoo daa'imman hundaaf kennuu;
- Daa'immanis gubbaa gara gadiitti yookiin bitaa gara mirgaattii sarara keessaa osoo hinba'iin halluu dibuu akka shaakalan gochuu;
- Akaakuun halluu dibameefi maqaan fakkii halluu dibanii akka himan gaafachuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Maashaalee isaanii salphaan fayyadamuun qabannaaf itti fayyadama qubeessaa shaakaluu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Fakkii kaasuufi halluu dibuu



**Kaayyoo:** Fakkii kaasuun nidibu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaalee hanga garaagaraa qaban, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala Raawwii:**

- Waraqaa walitti dadachaasuudhaan kitaabota xixiqqaa hojjachuun itti agarsiisuu;
- Daa'immanis akkaatuma ilaalaniin akka hojjatan gochuu;
- Tokkoo tokkoo fuulaarratti fakkiiwwan sasalphaa akka kaasaniifi halluu diban gochuu;

**Fakkeenya:** burtukaana, mana, aduu . . .

- Fuula isaa garagagalchaa fakkii diban akka ilaalan jajjabeessuu;

**Yaadannoo:** Daa'imman hundi fakkii kaasuu qabu. Yommuu daa'imman hojjatan gidduu isaanii deddeebi'uun deeggarsa taasisuun jajjabeessuu. Akkasumas, wayita hojjatani xumuran bakka daa'imman arganitti maxxansuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Maashaalee isaanii salphaan fayyadamuun fakkii kaasuufi halluu dibuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Afur:** Pazilii walqabsiisuu



**Kaayyoo:** Maashaalee isaanii salphaan fayyadamuun paziloota walqabsiisu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** paziloota boca ji'oomeetirii addaddaafi fakkii namaa hojjataman



**Mala raawwii:**

- Bakka daa'imman hundatti mul'atu dhaabbachuun paziloota bakka 4 fi 5 tti mummuraman walqabsiisuun fakkichi maal akka ta'e akka himan gochuu;
- Paziloota mummuraman daa'imman hundaaf raabsuu;
- Daa'imman hundi paziloota akka walqabsiisan gochuu;
- Paziloota walqabsiisuun yoo itti cime akka barbaachisummaa isaatti fuulcha kennuun akka walqabsiisan gochuu;

**Yaadannoo:** Paziloota yoo walqabsiisuun itti cime akka barbaachisummaa isaatti fuulcha kennuun paziloota akka walqabsiisan gochuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Maashaalee salphaan fayyadamuun paziloota walqabsiisuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Shan:** Ajaja fudhachuun tapha utaalchoo taphachuu



**Kaayyoo:** Luka isaanii lamaaniin ol utaaluu nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** boronqii abbaa halluu yookiin haada (wadaroo), bilookii lojikaalaa gurguddaa 10 -15



**Mala raawwii:**

- Kutaan alatti boronqii abbaa halluun yookiin haadaan boca ji'oometirii daaa'imman beekan lafarratti hojjachuu;
- Daa'imman sadii boca hojjatame bira akka dhaabbatan gochuu;
- Maqaan bocichaa wayita waamamu dabareen boca waamame utaaluu keessa seenuun dhaabbachuun akka taphatan gochuu;
- Sirrii ta'uufi sirrii ta'uu dhiisuu isaanii hiriyooni daree isaanii akka mirkaneessaniif gochuu;
- Daa'imman hundi dabareedhaan taphicha keessatti akka hirmaatan gochuu;



**Madaallii:** Maashaalee isaanii ciminaan fayyadamuun utaaluu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Jaha:** Bocawwaan mummuruufi mamaxxassuu



**Kaayyoo:** Bocawwaan mummuruun nimaxxansu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, maqxoo, koollaa



**Mala raawwii:**

- Fakkii rogsadee , rogafree, geengoofi kaaree waraqaa furdaarratti kaasuun daa'immaniif kennuu;
- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun akka itti boca muruun baasuun danda'amu itti agarsiisuu;
- Sararaa hordofuun akka muran taasisuu;
- Waraqaalee mummuuraman waraqaa adiirratti akka maxxansan gochuun fakkiiwwan garagaraa akka hojjatan shaakalsiisuu;



**Maadallii:** Maashaalee isaanii sirriitii fayyadamuun bocawwan mummuruu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Kuda Torba:** Bocawwan ijaaruu



**Kaayyoo:** Maashaalee isaanii fayyadamuun bilookota ijaarsaatiin bocawwan ni ijaaru.



**Meeshaalee deeggarsaa:** bilookota ijaarsaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman gareetti qoqqooduun taphoota ijaarsaa taphachiisuu;
- Bocawwan ji'omeetirii addaddaa akka ijaaran gochuu;
- Yeroo daa'imman hojjatan naannawaa ilaaluun jajjabeessuun akka barbaachisummaa isaatti deeggarsa gochuu;
- Yommuu xumuranis maal akka hojjatan hiriyoota isaaniitti akka agarsiisaniifi himan gochuu;



**Madaallii:** bilookota ijaarsaa fayyadamuun bocawwan hojjachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
11, Kalaqa soda malee ibsuu	11.1. Wantoota namtolcheefi uumamaa ta'an dinqisiifachuun ofeeggannoon qabachuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Fakkii halluu dibuu



**Kaayyoo:** Osoo sarara keessaa hinbahiin fakkii halluu nidibu.



**Meeshaalee deeggaarsaa:** waraqaa, qubeessaa abbaa halluu/keelerii



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa fakkiin irratti kaafame kennuufii;
- Sarara keessaa osoo hinbahiin qubeessaa abbaa halluu barbaadan akka diban gochuu;
- Fakkii diban hiriyoota daree isaaniitti agarsiisuun maal akka ta'eefi halluu akkamii akka diban akka dubbataniifi akka dinqisiifatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Sarara keessaa osoo hinbahiin fakkiiwwan halluu dibuu danda'uu isaanii ilaaluun madaaluu.

**Gocha Lama:** Waan jaallatan fakkii kaasuun



**Kaayyoo:** Waan jaallatan tokko fakkii kaasuun nidingisiifatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, kitaaba durduurii



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo umrii daa'immanii waliin deemu itti himu.
- Seenicha dhaga'an keessaa eenyuun akka jaallataniifi maaliif akka jaallatan akka himan gochuu;
- Waraqaafi qubeessaa itti kennuun qooddataa seenichaa keessaa kan jaallatan fakkii isaa akka kaasan gochuu;
- Fakkii kaasan hiriyoota daree isaaniitti agarsiisuun fakkichi maal akka ta'e akka himan gochuu;



**Madaallii:** Waan jaallatan fakkii kaasuun dinqisiifachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Bocawwan hojjachuufi dinqisiifachuu



**Kaayyoo:** Bocawwan garagaraa hojjachuufi dinqisiifachuu niyaalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** laastiika minjaalatti uffisan, dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffame



**Mala raawwii:**

- Minjaala daa'immaniirra laastikii uffisuu;
- Minjaala irra waraqaa bukeeffamee yookiin dhoqqee gahaa ta'e kaa'uu;
- Boca kubbaatiin akkamitti akka boca baasuun danda'amu itti agarsiisuu;
- Harka isaaniitiin boca geengoo, diriiraa, lxxxxaa'aafi kanneen kana fakkaatan, hojjachuun akka taphatan gochuu;
- Bakka daa'immanitti mulatu dhaabbachuun dhoqqeerraa waciitii, fallaanaafi kan kana fakkaatu... hojjachuun itti agarsiisuu;
- Daa'immaniif dhoqqee kennuun akka hojjatan gochuu;
- Daa'imman kaka'umsa mataa isaaniin waan barbaadan akka hojjatan carraa kennuufii;
- Waan hojjatan hiriyoota isaaniitti akka agarsiisaniif maal akka hojjatan akka himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Bocawwan garagaraa hojjachuu dinqisiifachuu yaaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Waan hubannoon ilaalan himuu



**Kaayyoo:** dandeetti hubannoo waa'ee wantoota namtolcheefi uumamaa nigabbifatu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman mooraa keessa akka deddeemaniifi hubannoon akka ilaalan gochuu;
- Yommuu mooraa keessa naanna'an wantoota akkamii akka argan hiriyoota daree isaaniitti akka himan gochuu;

- Yommuu hiriyoonni isaanii dubbatan hubannoon dhaggeeffachuun isaanis waan hiriyoonni isaanii daawwatan, eessatti akka daawwatan akka dubbatan gochuun daa'imman hunda hirmaachisuu;



**Madaallii:** Dandeettii hubannoo waa'ee wantoota namtolcheefi uumamaa ta'anirratti qaban madaalaa.

**Gocha Shan:** Fakkeessuun taphachuu



**Kaayyoo:** Wantoota naannoo isaaniitti argan fakkeessanii taphachuun wantoota namtolcheefi uumamaan jiran dinqisiifachuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman daree keessaa gara alatti baasuun boca geengoo uumanii akka dhaabbatan gochuu; **Fakkeenya:** Yommuu barsiisaan/tuun, “Akka damee mukaa haa sochoonu” jedhu/ttu barsiisaa/tuu hordofuun harka isaanii gara cinaatti sochoosuun taphachuu;
  - Haala kanaan, wantoota naannoo ofiitti argan fakkeessuun taphachuu akka shaakalan gochuu;
  - Faaaruwwan waa'ee wantoota naannoo ofiitti argan yookiin waa'ee gochoota raawwatanii ibsu akka faarsan shaakalsiisuu; **Fakkeenya:** Faaruu ‘Fuula dhiqachuun akkana ‘jedhu.....



**Madaallii:** Wantoota naannoo isaaniitti argaman fakkeessanii taphachuun wantoota namtolcheefi uumamaa dinqisiifachuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Jaha:** Tapha ijaarsaa taphachuu



**Kaayyoo:** Wantoota garagaraa ijaaruudhaan dandeettii kalaqaa nigabbifatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee tapha ijaarsaa



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee tapha ijaarsaa daa'immaniif kennuun wantoota addaddaa ijaaruun akka taphatan gochuu;



- Yommuu ijaaranii xumuran maal akka ijaaran barsiisaatti/tuutti akka agarsiisaniifi himan carraa kennuufiin jajjabeessuu;



**Madaaalli:** Wantoota garagaraa ijaaruun dandeettii kalaqaa gabbifachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Torba:** Rukuttaa dhaga'an hordofuun socho'a taphachuu



**Kaayyoo:** Rukuttaa hordofuun dandeettii dhaggeeffachuu isaanii nigabbifatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** riivaanota halluu garagaraa qaban, xaasaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman harka isaanirratti riivaanii bifa diimaafi keelloo hidhuudhaan gara dirreetti baasuu;
- Yommuu barsiisaan/tuun xaasaa rurukutuun sagalee dhageessisu/tu akka socho'aniif fiigan gochuu;
- Yommuu rukuttaan dhaabbatu daa'imman diimaa hidhatan akka dhaabbatan, warri keelloo hidhatan immoo koomee isaaniirra akka gadi taa'an gochuun dandeettii hubannaan dhaggeeffachuufi rukuttaa hordofuun socho'uu akka gabbifatan gochuu;



**Madaallii:** Dandeettii dhaggeeffachuu gabbifachuu isaanii rukuttaa hordofuun socho'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Saddeet:** Mooraa qulqulleessuu



**Kaayyoo:** Mooraa qulqulleessuun wantoota namtolcheefi uumamaa ta'an ofeeggannoon kunuunsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** guuboo balfaa, saamunaa, bishaan



**Mala raawwii:**

- Daa'imman mooraa qulqulleessuu keessatti akka hirmaatan sagantaa qopheessuu;
- Yeroo hunda torbaanitti altokko hiriyoota daree isaaniifi barsiisota isaanii waliin mooraa qulqulleessuurratti akka hirmaatan gochuu;

## *Guddina sirriifi jabina qaamaatiif kunuunsa barbaachisu gochuu*

---

- Yommuu fixanis harka isaanii saamunaafi bishaaniin akka dhiqatan gochuun muuxannoo kana akka gabbifatan jajjabeessuu;
- Gara dareetti yommuu deebi'an gocha maalfaa akka raawwatan gaafachuun hubannaan akka dubbatan gochuu;

**Hubachiisa:** Daa'immaniif sagantaa dabaree isaanii agarsiisu qopheessuun biqiltoota daree keessaafi mooraa keessa jiran akka kunuunsan gochuudhaan ga'umsa itti gaafatamummaa ofii bahuu umrii daa'imummaarraa akka shaakalan gochuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Wayita mooraa qulqulleessan wantoota namtolcheefi uumamaa qulqullinaafi ofeeggannoon qabachuu shaakaluu isaanii madaalaa.

### **2.1.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan**

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Kornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa Barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

**Sadarkaalee:**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Bu'aafi gu'umsa eegamu	Daawwannaa		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1. Miira of hubachuu, ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu</b>			
1.1 Of ibsuu nidanda'u.			
1.2. Dhiibba tokko malee nama hunda waliin walitti dhufeenya uumuu nidanda'u.			
<b>2. Kutaalee qaamaa adda baasuuf dalagaa isaanii himuu</b>			
2.1. Maqaa kutaalee qaamaa niwaamu.			
2.2. Dalagaalee addaddaa kutaalee qaamaa raawwatan himuu nidanda'u.			
<b>3. Ija kunuunsuu</b>			
1.1. Ija isaanii of eeggannoon qabachuun kunuunsuu nidanda'u.			
<b>2. Gurra kunuunsuu</b>			
2.1. Gurra isaanii kunuunsuu nidanda'u.			
<b>5. Miira qaama ittiin fuunfatan, funyaan fayyadamuufi kunuunsuu</b>			
5.1. Fuunfachuun foolii wantoota garagaraa adda baasuu nidanda'u.			
<b>6. Miira qaamaa itti dhandhaman fayyadamuuf arraba kunuunsuu</b>			

***Guddina sirriifi jabina qaamaatiif kunuunsa barbaachisu gochuu***

6.1. Dhandhama soorataa adda nibaasu			
6.2. Afaan isaanii ququllinaan qabachuufi kunuunsuu nidanda'u			
7. harkaan qaqqabuun wantootaafi haalota ibsuu			
7.1. amala , ho'ina hangaafi boca wantootaa adda baasuu nidanda'u			
8. fayyaa ofii eegachuufi sirna fayyaa ofii itti eeggatan shaakaluu			
8.1. seera nyaataa nishaakalu			
9. Qaama seeraan qabachuufi kunuunsuu			
9.1. Qaama isaanii eeggachuufi kunuunsuun qabachuu			
10. Maashaalee isaanii fayyaddamu			
10.1. Kutaalee qaama isaaniin sochii barbaachisu gochuu nidanda'u.			
11. Dhiibbaa tokko malee kalaqa ibsuu			
11.1. Wantoota namtolcheefi uumamaa ta'an dinqisiifachuufi kunuunsuu nidanda'u.			

## ***2.2. Haala Fudhatama Qabuun Namoota Biroo Waliin Walitti***

### ***Dhufeenya Uumuu***

#### ***2.2.1. Ibsa***

Haala fudhatama qabuun namoota biroo waliin walitti dhufeenya uumuu kan jedhu walitti dhufeenya daa'imman namoota biroo waliin qabaachuu qabaniifi hawaasummaa uumanirratti kan xiyyeeffatudha. Daa'imni tokko hordoffii warriifi barsiisonni isaa taasisaniifi walitti dhufeenya hiriyoota isaa waliin godhuun haalaan guddachaa miira hawaasummaas gabbifachaa deema. Yeroo daa'imummaatti, daa'imman yoo walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii uumaniifi miira tasgabba'aa qabaatan jireenyaa isaanii gara fuulduraatti milkaa'ina argatu; mana barnootaattis hirmaannaa gaarii taasisuu. Jireenyi tasgabba'aan kan uumamu yoo kunuunsi yeroo daa'imummaatti godhameefi walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii ta'e keessatti yoo guddataniidha. Daa'imman carraa kana osoo hinargatiin guddatan ofjibbuuf, aariif, sodaaf, ilaalcha gadaantummaafi kan kana fakkaataniif kan saaxilamaniidha.

Kanaafuu, muuxannoowwan fudhatama qabaniifi seera jireenyaa gaarii ta'e shaakaluu, miira ofii karaa sirrii ta'een ibsachuu, namoota biroo waliin walitti dhufeenya gaarii uumuu walumaa galatti jireenya hawaasummaa bu'a qabeessa ta'e gabbifachuuf daa'imummaarraa xiyyeeffannaan kennamuufii qaba. Barsiisonnis ta'an maatiin daa'immanitti waan sodaachisaa ta'e himuu dhiisuu, jechootaafi haasaa isaan sodaachisu itti dubbachuu dhiisuu, sodaa ofii daa'immanitti agarsiisuu dhiisuufi kanneen kana fakkaatan. . . raawwachuutu irraa eegama. Barsiisonni amala daa'imaa maatii waliin mariyachuun waa'ee amala dhuunfaafi rakkoo hawaasummaa qaban gargaaruuf ogeeyyii waliin mariyachuu yookiin maatiin rakkoo sana hubachuun ogeessa akka mariiisan gochuun rakkoowwan jiran yeroon furaa deemuun murteessaadha.

#### ***2.2.2. Kaayyoowwan Gooroo***

1. Namoota naannoo manaafi mana barnootaa oolmaa daa'immanitti argan adda baasuufi hubachuu, itti gaafatamummaa isaanii hubachuufi himuu akka danda'an gochuuf;
2. Namoota kunuunsaafi eegumsa isaaniiif taasisan adda baasuufi akkamitti akka isaan kunuunsan himuu akka danda'aniifi miira walitti dhufeenya gaarii akka qabaatan gochuuf;

3. Miira namoota biroo hubachuu, miira isaanii qooduu, waan qaban namoota biroof qooduuf ilaalcha gaarii akka qabaatan gochuuf;

### **2.2.3. Ga'umsootaafi Bu'aawwan Eegaman**

1. Namoota naannawa isaanii jiran ilaaluuf adda baasuuf fedhii qabaachuu
  - 1.1. Namoota naannoo manaafi mana barnootaa oolmaa daa'immanii jiran hubachuun himuu nidanda'u.
  - 1.2. Itti gaafatamummaa namoonni naannoo manaafi naannoo mana barnootaa oolmaa daa'immanii jiran qaban ilaaluun himuu nidanda'u.
  - 1.3. Hiriyoota waliin taphatan biratti amala fudhatama qabu agarsiisuu nidanda'u.
2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan adda baasuufi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu
  - 2.1. Hojiiwwan namoonni naannoo manaafi naannawa mana barnootaa oolmaa daa'immaniitti raawwatan (maatiin, guddistoonni, firri . . .) himuu nidanda'u.
  - 2.2. Akkaata namoonni isaan kunuunsaniifi eegumsa taasisaniif ibsuu nidanda'u.
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qaban qooduuf
  - 1.1. Miira namoota biroo qooddachuu nidanda'u.

### **2.2.4. Ga'umsootaafi Bu'aawwan Eegaman, Meeshaalee Deegarsaafi Mala Raawwii**

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
1. Namoota naannawa manaa jiran ilaaluufi beekuuf fedhii horachuufi adda baasuu	1.1. Namoota naannoo manaafi mana barnootaa oolmaa daa'immanii jiran hubachuun himuu nidanda'u

**Gocha Tokko:** Miseensota maatii adda baasuu



**Kaayyoo:** Miseensota maatii isaanii adda baasanii nihimu.



**Mala raawwii:**

- Wayitii gabaasa ganamaatti waa'ee miseensota maatii isaanii wantoota garagaraa raawwatanii akka himan gaaffii gaafachuun jajjabeessuu; **Fakkeenya:** Eenyu waliin bashannana deemte? Eenyu qaama kee siif dhiqee fi kanneen kana fakkaatan.



**Madaallii:** Miseensota maatii isaanii adda baasanii himuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Lama:** Walitti dhufeenya miseensota maatii himuu



**Kaayyoo:** Walitti dhufeenya namoota mana isaanii keessa jirani adda baasanii nihimu.



**Meeshalee deeggarsaa:** fakkii miseensota maatii agarsiisu



**Mala raawwii:**

- Fakkii halluu dibamee guddifamee kaafame, kan miseensota maatii agarsiisu dhiyeessuu;
- Tasgabbaa'anii akka ilaalan gochuu;
- Waa'ee namoota fakkiirraa ilaalani gaafachuu; **Fakkeenya:** waa'ee abbaa, waa'ee haadhaa, waa'ee obboleessaa, obboleettiifi kanneen kana fakkaatan
- Namoonni kunniin eessatti akka argaman, walitti dhufeenyi isaanii maal akka ta'e akka himan gochuu;



**Madaallii:** Walitti dhufeenya namoota mana isaanii keessa jirani adda baasanii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Waa'ee amala namootaa ibsu himuu



**Kaayyoo:** Waa'ee namootaa adda baasanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii namootaa guddina qaamaan garagara ta'e qabate yookiin albeemii suuraa qabu



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan namootaa umriifi guddina qaamaan garagara ta'an yookiin albeemii suurawwan qabu qopheessuu (yoo danda'ame lakkoofsaan baay'ee haa ta'u);
- Daa'imman albeemicha garagagalchani ilaaluun gabaabaa, furdaa, qal'aadha . . . jechuun akka himan gaaffiiwwan gaafachuun hirmaachisuu;

- Yoo dubbachuu dadhaban fuulcha kennuufii; **Fakkeenya:** fakkiin /suurri kun kan nama guddaa moo kan daa'imaati? Furdaa moo qallaadha? . . . jechuun gaafachuu;



**Madaallii:** Waa'ee namootaa adda baasanii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Fakkeessanii dalaguu



**Kaayyoo:** Dalagaa namoonni naannoo isaaniitti argaman raawwatan fakkeessanii taphachuu



**Meeshaalee deeggarsaa:** Meeshalee taphaa golee gahee taphachuu



**Mala raawwii:**

- Golee fakkaatanii taphachuu keessatti dalagaa namoota addaddaa agarsiisu akka taphatan haala mijeessuu;
- Yommuu taphatan hordoffii barbaachisu taasisuu;
- Haala taphicha hinjeeqneen deeggarsa taasisuu;



**Madaallii:** Hojii namootaa naannoo isaaniitti argamanii fakkeessanii taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Shan:** Dalagaa ilaaluun ibsuu



**Kaayyoo:** Dalagaawwan addaddaa ibsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii namoota hojii addadda raawwataa jiran agarsiisu



**Mala raawwii:**

- Fakkii namootaa hojii garagaraa raawwataa jiran itti agarsiisuu;
- Fakkii ilaaluun waa'ee namoota fakkiirraa ilaalanis himuu akka danda'an mariisisuu;
- Yoo itti cime gaaffiiwwan fuulcha kennuufii danda'an gaafachuun gargaaruu;



**Madaallii:** dalagaalee addaddaa ibsuu shaakaluu isaanii madaalaa.



Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Namoota naannoo manaa jiran ilaaluufi beekkuf fedhii horachuun adda baasuu danda'uu	1.2. Itti gaafatamummaa namoonni naannoo manaafi naannoo mana barnootaa oolmaa daa'immanii jiran qaban ilaaluun himuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Waa'ee hiriyoota isaanii himuu



**Kaayyoo:** Waa'ee hiriyoota isaanii nihimu.



**Mala raawwii:**

- Eenyu waliin akka taphatan, taphoota maal maalfaa akka taphatan, hiriyoonna isaanii eenyufaa akka ta'an gaafachuu;
- Fuulduraa hiriyoota isaanitti waa'ee hiriyoootaa isaanii akka dubbatan gochuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Waa'ee hiriyoota isaanii himuu danda'uu isaanii gaafachuun mirkaneessaa

**Gocha Lama:** Fakkii dalagaa namoonni raawwatan fakkii halluu dibuufi himuu



**Kaayyoo:** Fakkii dalagaa namoonni raawwatan agarsiisu dibuun nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa abbaa halluu, fakkiiwwan halluu dibaman



**Mala raawwii:**

- Fakkii wayita namoonni hojii garagaraa raawwatan agarsiisu raabsuu; **Fakkeenya:** Haadha daa'ima cinaachatti baattu, abbaa daa'ima taphachiisaa jiruufi kanneen kana fakkaatan.
- Akkamitti akka dibamu itti agarsiisuu;
- Tokkoon tokkoo isaanii halluu sirrii ta'e fayyadamuun akka diban gochuu;



**Madaallii:** itti gaafatamummaa garagaraa namoonni qaban adda baasuun himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Gahee hojii namootaa hubachuu



**Kaayyoo:** Gahee hojii namoota mooraa mana barnootaa oolmaa daa'immanii keessa jiran adda baasuun nihimu.



**Mala raawwii:**

- Maqaa namootaa mana barnootaa olmaa daa'immanii keessa hojjatan keessaa kan beekan akka himan gaafachuu;
- Yommuu isaan maqaa nama beekanii himan hojiin isaa maal akka ta'e gaafachuu; **Fakkeenya:** barsiisaa/ tuudha, waardiyaadha . . . .
- dabaree dabareen akka dubbatan carraa kennuun jajjabeessuu
- Yoo isaanitti cime fuulcha kennaafii; fakkeenyaaf, ani abaluufaan beeka, isheenis barsiistuudha ati hoo eenyuun beekta? jechuun gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Gahee hojii namoota mooraa mana barnootaa oolmaa daa'immanii keessa hojjatan adda baasanii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Gahee hojii nama biroo fakkeessanii taphachuu



**Kaayyoo:** Dandeettii gahee tokko fudhatanii fakkeessanii taphachuu nigabbifatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee taphaa golee fakkaatanii taphachuu



**Mala raawwii:**

- Golee taphaa gahee taphachuu ( kan suuqii,maatii, kilinika . . . ) keessatti gahee hojii nama fedhanii fakkeessanii akka taphatan gochuu;
- Yommuu taphichi xumuramu tapha akkamii akka taphataniifi gahee hojii eenyuu bakka bu'anii akka taphatan gaafachuun mariisisuu;



**Madaallii:** gahee namoota biroo fakkeessanii taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Namoota naannoo jiran ilaaluun beekuuf fedhii horachuufi adda baasuu	1.3. Hiriyoota waliin taphatan biratti amala fudhatama qabu agarsiisuu nidanda'u

**Gocha Tokkoo:** Gamtaan hojjachuu



**Kaayyoo:** Aadaa gamtaan hojjachuu nigabbifatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Meeshaalee qulqullinaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman hundi qulqullina mooraa isaanii eeggachuu akka qaban hubachiisuu;
- Sagantaa yeroo gamtaan hojii qulqullina itti hojjatamu qopheessuu;
- Gareetti qoqqooduun hojii isaan gamtaan hojjachuu danda'an safaranii kennuufii;
- Yommuu hojjatan walgargaaraa hojjachuu isaaniifi miira isaan hojiif qaban hordofuu;
- Booda maal, eenyu waliin akka hojjatan gaafachuu sadarkaa sadarkaan akka hubatan gochuu;
- Barbaachisummaa walgargaaruufi waliin hojjachuu sadaarkaa sadarkaan akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Daandeettii gamtaan hojjachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Amala fudhatama qabu mul'isuu



**Kaayyoo:** Waliin taphachuudhaan amala fudhatama agarsiisu nigabbifatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee taphaa daree keessa jiru.



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee hiriyoota isaaniis ta'e kan namoota biroo fudhachuu yookiin ergifachuu yoo barbaadan duraan dursanii gaafatanii hayyamsiifachuu akka qaban akka hubatan gochuu;
- Fakkeenya garagaraa dhiyeessuun daa'imman akka shaakalan gochuufi ofiis fakkeenya ta'anii argamuu;
- Taphoota garagaraa daree keessaa waliin akka taphatan gochuu;
- Meeshaalee gamtaan ittiin taphatan hunduu hubatanii bakka fuudhanitti akka deebisaniifi bakkicha qulqulleessuu akka amaleeffatan gochuu;



**Madaallii: Yommuu waliin taphatan amala fudhatama qabu agarsiisuu isaanii madaalaa.**

**Gocha Sadii:** Seera kabajuun taphachuu



**Kaayyoo:** Seera kabajuun gamtaan nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee taphaa daree keessaafi dareen ala jiran, kitaabilee sheekko



**Mala raawwii:**

- Taphoota addaddaa seeraan hogganaman (**Fakkeenya:** hibboo, hibboon - teen – teen,...) qopheessuun taphachiisuu;
- Adeemsaafi seera taphaa akka hubataniif seera taphaatiif bitamuu akka shaakalan gochuu;
- Meeshaalee taphaa dareen alaa obsaan dabaree isaanii eeguun osoo wal hindhiibin akka taphatan shaakalsiisuu;
- Dabaree eeganii taphachuu, yeroo daa'imman biroo taphatan jeequu dhiisuu akka amaleeffatan gochuu;
- Yommuu daa'imman gamtaan dareen alatti taphataniifi daree keessatti taphatan meeshaalee taphaa kan nama dhuunfaa osoo hintaane kan hundaa ta'uu hubachiisuu;
- Miira namoota biroo akka hinmiine ofeeggannoo gochuu akka qaban hubachiisuu;
- Meeshaalee ittiin taphatan seeraan qabachuu akka qaban itti himuu;

- Tapha gamtaan taphatamurratti kan tapha eegalu yeroo hunda daa'ima tokko qofa akka hintaane hubachiisuu;
- Waldorgommii tokko tokkoo taphootaarratti hogganaa yookiin taphachiisaa ta'uu kan danda'u nama taphicha injifate ta'uu akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Seera kabajuun waliin taphachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Amala gaarii adda baasuu



**Kaayyoo:** Amala adda baasuun nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, kaasettii faaruu



**Mala raawwii**

- seenaa yookiin sheekkoo tokko seenessuudhaan kaka'umsaafi kutannoo, cimina isaan hojiif qaban akka hubatan gochuu;
- Faaruu 'Barattoota qaxalee' jedhu waliin faarsuun faaruu sanarraa amala gaarii baratan gaafachuun mariisisuu;



**Madaallii:** Amala gaarii adda baasanii himu danda'uu isaanii madaalaa

**Gocha Shan:** Aadaa namoota kabajuu gabbifachuu



**Kaayyoo:** Aadaa namoota kabajuu nigabbifatuu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa, koollaafi kanneen kana fakkaatan - - -



**Mala raawwii:**

- Fakkii dhiiraafi dubartii umriin dulloomanii daa'immanitti agarsiisaa;
- Naannoo mana isaan jiraatanii namoonni dudullooman akka fakkiirraa ilaalanii jiraachuu isaanii gaafachuu;
- Eenyu jedhanii akka isaan waaman, isaanirraa maaliin akka adda ta'an gaafachuun mariisisuu;

- Daa'imman umriin dulloomaniin, 'Aayyo', dhiiraan immoo 'Aabba' jedhanii waamuu shaakalsiisuu;
- Yommuu namoota gurguddaa nagaa gaafatan jechoota kabajaa fayyadamuu akka qaban barsiisuu;
- Namoota gurguddaaf yommuu meeshaa kennanis ta'ee irraa fudhatan gadi jechuun harka isaanii lamaanii irraa fudhachuu akka qaban itti himuu;
- Tokkoon tokkoon daa'ima waraqaa xixiqqoorraatti fakkii kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Fakkii daa'imman hundi kaasan waraqaa guddaarratti maxxansuu;
- Daawwannaaf yommuu deeman nama isaan daawwachiisaa jiru gadi jechuun nagaa gaafachuu akka qaban barsiisuun shaakalsiisuu;
- Daawwannaan boodas nama isaan daawwachiise galatoomfachuu akka qaban itti himuun nama isaan daawwachiiseef fakkii duraan qopheessan bifa kennaatiin akka laataniif gochuu;



**Madaallii:** Aadaa nama kabajuuf qaban cimsachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Jaha:** Aadaa namoota gurguddoo kabajuu gochaan agarsiisuu



**Kaayyoo:** Aadaa namoota gurguddoo kabajuu gochaan nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** uffata namoonni gurguddaa uffatan, meeshaa namoonni gurguddoon itti fayyadaman (baaqqee, hokkoo shaashii - - -)



**Mala raawwii:**

- Uffataafi meeshaalee namoonni gurguddoon itti fayyadaman dhiyeessuu;  
**Fakkeenya:** baaqqee, hokkoo, shaashiifi kanneen kana fakkaatan.
- Jalqaba barsiisaan/tuun akka nama dulloomeetti uffachuun fakkaatee daa'imman nagaa gaafachuu;
- Itti aansuun, meeshaalee addaddaa daa'immaniif kennuun kabaja namoota gurguddaaf qaban jechaafi gochaan akkamitti akka ibsan itti agarsiisuun jajjabeessuu, yoo dogoggoran sirreessuu;



**Madaalli:** Namoota gurguddoo kabajuu jalqabuu isaanii madaalaa.

**Gocha Torba: Kennaa qopheessuu**



**Kaayyoo:** Namoota waan gaarii isaaniif hojjataniif kennaa qopheessuun nikennuuf.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa, koollaa....



**Mala raawwii:**

- Daa'imman hundi waraqaalee xixiqqooratti fakkii fedhan kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Fakkii daa'imman kaasan waraqaa guddaarratti maxxansuu;
- Yeroo daawwannaa gaggeessan nama isaan daawwachiisaa jiru gadi jedhanii nagaan gaafachuu akka qaban barsiisuufi shaakalsiisuu;
- Dhuma daawwannaarrattis nama isaan daawwachiise galatoomfachuu akka qaban itti himuun namicha isaan daawwachiise fakkii duraan kaasan sana bifa kennaatiin akka kennaniif gochuu;



**Madaallii:** Kennaa qopheessuudhaan namoota waan gaarii isaaniif godhaniif kennuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneeffachuu

**Gocha Saddeet: Miidhaa sobuun qabu hubachuu**



**Kaayyoo:** Miidhaa sobuun qabu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, kaasettii faaruu, meeshaalee diraamaa ittiin hojjachuuf fayyadan



**Mala raawwii:**

- Faaruu tokko fakkeenyaaf, faaruu '*Tikee Soduu*' jedhu waliin faarsuun sobduu ta'uun gaarii akka hintaane itti himuu;
- Nama sobu namoonni akka hinjaalanne, sobuun abbuma akka miidhu akka hubatan gochuu;
- Kanas, bifa diraamaan akka dhiyeessan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Miidhaa sobuun qabu hubachuu isaanii gaaffii garagaraa gaafachuun madaalaa.

**Gocha Sagal:** ibsituu amala gaarii hubachuu



**Kaayyoo:** Ibsituuwwan amala gaarii adda baasanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, meeshaalee diraamaa hojjachuuf fayyadan.



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo tokko daa'immaniif seenessuudhaan faayidaa gamtaan hojjachuun qabu itti himuu;
- Waan balleessaniif dhiifama gaafachuufi dhiifama namaaf gochuunis gaarii akka ta'e hubachiisuu;
- Kanas bifa diraamaan akka dhiyeessan dadammaqsuun jajjabeessuu;
- Qabeenya kan ofii hintaane abbaa isaaf deebisuun hojii nama biratti nama kabachiisu ta'uu itti himuu;
- Daa'imman daree keessaafi dareen alaatti qabeenya namaa lafaa yoo argan fidanii barsiisaatti/tuutti kennuun, hiriyoota daree isaanii fuulduratti hojii gaarii hojjataniif galatoomfachuun daa'imman biroof akka fakkeenyaatti kaasuu;



**Madaallii:** Ibsituuwwan amala gaarii adda baasanii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudhan:** Amala gaarii gabbifachuu



**Kaayyoo:** Amala gaarii gabbifachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** saanduqa xiqqoo rogafree taate



**Mala raawwii:**

- Saanduqa xiqqoo roga afur qabdu mukarraa hojjachuun daa'imman waraqaarratti fakkii kaasuun akka miidhagsan gochuu;
- Saanduqitti (teessittii) bakka mul'atu, bakka daa'imman hintuqne kaa'uu;



- Yommuu daa'imman waan gaarii hojjatan saanduqa (teessoo) sana fiduun fuuldura daa'ima kaa'uun daa'ima waan gaarii hojjate waamuun saanduqa(teessoo) sanarra akka dhaabbatu gochuu;
- Waan gaarii isaan hojjatan hiriyoota daree isaaniitti himuun akka harka rukutaniif gochuu;
- Daa'imman biroos hojii gaarii hojjachuuf akka dadammaqan gochuu;
- Saanduqa (teessoo) sana bakka duraatti deebisuun daa'imman biroonis waan gaarii hojjachuuf akka onnatan gochuu;



**Madaallii:** Amala gaarii gabbifachuu jalqabuu isaanii hordofaa.

**Gocha Kudha Tokko:** Warra isaanii wajjiin walitti dhufeenya gaarii qabaachuu



**Kaayyoo:** Warraa isaanii wajjiin walitti dhufeenya gaarii uumuufi waan gochuu qaban hubachuun nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaaseettii faaruu



**Mala raawwii:**

- Daa'imman warri isaanii maal akka bitaniif gaafachuuf;
- Yoo warri isaanii waan gaarii godhaniifi bitaniif deebii akkamii akka kennaniif gaafachuu;
- Waan gaarii godhame hundaaf “Nan galateeffadha! jechuun akka irra jiraatu;
- Badii yoo raawwatan warra isaanis ta'e namoota biroo dhiifama gaafachuu akka qaban itti himuu;
- Dhumarrattis, faaruu “maatii koo, barsiisota koo nan jaalladha “ jedhu akka faarfatan gochuun cimsuu;



**Madaallii:** Warra isaanii waliin walitti dhufeenya gaarii uumuuf maal gochuu akka qaban hubachuun hojiirra oolchuu isaanii warra isaanii gaafachuun hordofaa.

**Gocha Kudha Lama:** Amala arjummaa qabaachuu



**Kaayyoo:** Amala arjummaa qabaachuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Maatii daa'immanii waliin mariyachuun uffataa kophee daa'imman isaanii hinfayyanne yoo jiraate haala itti namoota rakkataniif kennuu danda'an manni barnootichaa mijeessuu;
- Hanga humni ofii danda'etti namoota rakkatan gargaaruun waan gaarii hojjachuun sammuu daa'immanii keessatti akka bocamu gochuu;
- Ji'a tokkotti yookiin ji'a lamatti guyyaa tokko murteessuun daa'imman saantima kudhan akka buusan gochuun daa'imman rakkataniif meeshaalee barnootaa bitameefii maqaa daa'imman kutaa sanaan akka kennamu haala mijeessuu;



**Madaallii:** Amala arjummaa horachuu jalqabuu isaanii hordofaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Yeroo kabajuu



**Kaayyoo:** Muuxannoo yeroo kabajuu nigabbifatu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman tapharraa gara dareetti yommuu seenan barsiisaa/tuu isaanii nagaa akka gaafatan shaakalsiisaa; (Akkam bultan? Akkam ooltan? . . .).
- Mataa isaaniin gadi jedhanii nagaa gaafachuu shaakalsiisaa;
- Daa'imman ganama barfatanii yoo dhufan hiriyoota daree isaanii fuuldura dhaabbachuun, barsiisaa/tuufi hiriyoota isaaniin waanin barfadheef dhiifama naaf godhaa? Jechuu; Daa'immanis dhiifama siif gooneerra; lammata hinbarfatiin jechuun dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu akka baratan shaakalsiisuufi barfachuun gaarii akka hintaane akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Sa'aatii /yeroo kabajuu isaanii ilaaluun hordofaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan adda baasuufi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu	2.1. Gocha namoonni naannoo manaafi naannoo mana barnootaa oolmaa daa'immaniitti raawwatan himuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Fakkeessanii gochaalee taphachuu



**Kaayyoo:** Gochoota garagaraa namoonni raawwatan fakkeessanii taphachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Uffataafi meeshaalee addaddaa tapha fakkeessanii taphachuuf fayyadan



**Mala raawwii**

- Maqaa warraa/maatii, guddistootaafi barsiisotaa dabaree dabareen waamuu;
- Maal akka isaaniif godhaniifi maaliif akka godhaniif gaafachuu;
- Daa'imman hojii ogummaa namoota eeramanii himuu akka danda'an jajjabeessuu;
- Gochoota garagaraa namoonni raawwatan kan calaqqisiisu taphoota fakkeessanii taphachuu addaddaa akka taphatan haala mijeessuun taphachiisuu;

**Yaadannoo:** Waan taphachuu barbaadan fedhii isaaniin akka filatan carraa kennuufii.



**Madaallii:** Gochaawwan garagaraa namoonni raawwatan fakkeessanii taphachuu shaakaluu isaani madaalaa.

**Gochaa Lama:** Kunuunsa namoota biroof godhamuu qabu hubachuu



**Kaayyoo:** Kunuunsa namoota biroof taasifamuu qabu nihubatu.



**Meeshaalee deegarsaa:** kitaabillee oduu durii, kaaseetti faaruu



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo kunuunsa namootaa ibsu filachuun seenessuufii;
- Seenicha keessaa qooddataa isa kamtu akka isaan gammachise yookiin jaallatan, maaliif akka jaallatan, qooddataa kamtuu akka isaan gaddisiise, maaliif akka gaddan akka himan gochuun mariisisuu;
- Qabiyyee seenichaa gaaffiifi deebiin akka hubatan gochuu;
- Irra deebi’anii akka dubbatan gochuu, yoo dadhaban fuulcha kennuun gargaaruu;
- Dhumarrattis, amala gaarii seenicha keessa jiru irratti xiyyeeffanna kennuun guduunfuu;
- Faaruu biroos daa’imman waliin taphachuun amala gaarii hiriyaa akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Kunuunsa namoota biroo taasifamuu qabu hubachuu isaani madaalaa.

**Gocha Sadii:** Miira fakkiidhaan ibsu



**Kaayyoo:** Miira namoota kunuunsa isaaniif godhanii fakkiin ibsu nishaakalu.



**Meeeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Daa’immaniif waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu kennuun warra isaani, guddistoota yookiin barsiisota keessaa kan barbaadan filachuun fakkii isaani kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Eenyuufi maaliif akka kaasan gaafachuun miira isaani akka calaqqisiisan jajjabeessuu;

**Yaadannoo:** Daa’imman kunuunsa ogeeyyiin M/barnootaa oolmaa daa’immaniikeessa jiran isaaniif godhan akka dubbataniifi namoota kanneen haala kamiin galatoomfachuufi kabaiuu akka qaban mariisisaa.



**Madaallii:** Waa’ee namoota kunuunsa isaaniif godhanii miira isaani fakkiin ibsuuf yaaluu isaani madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan adda baasuufi akkamitti akka kunuunsan beekuu	2.2. Akkataa namoonni ofeeggannoofi kunuunsa isaaniif godhan ibsuu nidanda'u.

**Gochaa Tokko:** Waa'ee namoota kunuunsa isaaniif godhanii dubbachuu



**Kaayyoo:** Waa'ee namoota kunuunsa isaaniif godhanii nidubbatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** uffataafi meeshaalee taphaa gahee taphachuuf fayyadan, kaasseti faaruu



**Mala raawwii:**

- Faaruu “abbaafi haadha koo nan jaalladha,” jedhu akka faarsan gochuu;
- Eegumsaafi kunuunsa abbaafi haati isaanii isaaniif godhan akka himan gaaffiiwwan garagaraa gaafachuu;
- Tapha fakkeessanii taphachuu, keessumattuu tapha maatii keessatti akka hirmaatan, gochuu;

**Yaadannoo:** Goleen taphaa jiru yeroo tokkotti daa'imman hundaaf gahuu dhiisuu waan maluuf, daa'imman osoo hintaphatiin hafan haala itti carraa taphachuu argatan yeroo yeroon mijeessuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Waa'ee namoota kunuunsa godhaniifii dubbachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Barbaachisummaa namoota biroof ofeeggannoo taasisuu hubachuu



**Kaayyoo:** Barbaachisummaa ofeeggannoo namoota biroof taasifamuu qabu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaabilee sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Bifa sheekkoon yookiin mudannootiin waa'ee namootaa namoota biroof ofeeggannoo gochaa turanii dhiyeessuu;
- Namoonni walii waliin akka walhinmiine akkamitti ofeeggannoo godhaa akka turanirratti waan hubatan irratti mariisuu;
- Miira namoota biroo hubachuufi namoota mufachiisuu dhiisuun gaarii akka ta'e akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Barbaachisummaa namoota biroof ofeeggannoo taasisuu hubachuu isaanii Madaalaa

**Gocha Sadii:** Of eeggannoo namoonni biroon isaaniif godhan dubbachuu



**Kaayyoo:** Of eeggannoo namoonni biroon isaaniif godhan hubachuun nidubbatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan, qubeessaa abbaa halluu, meeshaalee gahee taphachuuf oolan



**Mala raawwii:**

- Fakkii abbaa, haadhaa, guddistuu, barsiisaa/tuu... qopheessuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif fakkii addaddaa kennuudhaan halluu akka diban gochuu;
- Wayita isaan xumuranis fakkii maalii halluu akka dibaniifi namoonni isaan halluu diban akkamitti akka isaan kunuunsan akka dubbatan gochuu;

- Deebii isaanii bu'ura godhachuun tokkoon tokkoon isaanii mana keessaafi manaan alatti akkasumas mana barnootaatti akkamitti akka isaan kunuunsan hubachiisuu;



**Madaallii:** Of eeggannoo isaaniiif taasifamu hubatanii dubbachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Namoota biroof of eeggannoo gochuu shaakaluu



**Kaayyoo:** Namoota biroof of eeggannoo gochuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota fakkaatanii taphachuuf gargaaran



**Mala raawwii:**

- Tapha fakkeessanii taphachuu qopheessuu;
- Tapha fakkaatanii taphachuu keessatti hiriyoota isaanii isaan waliin taphataniif of eeggannoo taasisuu jechuunis wanti nama aarsu yoo jiraatellee arrabsuu dhiisuu, wal darbachu dhiisuu, meeshaalee taphaa wal harkaa fudhachuu dhiisuu, tapha keessaa wal ariyuu dhiisuufi kanneen kana fakkaatan... hojiirra oolchuun amala gaarii akka ta'e hubachiisuu;
- Adeemsa taphaa keessa gahee ofii qabatani seenuu (waliin taphachuu) akka hubatan gochuu;
- Barsiisaan/tuun waliin dubbiifi amaloota hinbarbaachisne armaan olitti eeraman raawwachuu dhiisuun fakkeenya ta'anii argamuu;



**Madaallii:** Namoota biroof of eeggannoo gochuu shaakaluu isaanii hordofuudha.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qabnu qooduufii	3.1. Miira namoota biroo qooddachuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Ibsituuwwan miiraa adda baasuu



**Kaayyoo:** Ibsituuwwan miiraa addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan addaddaa miira namaa agarsiisan yookiin suuraawwan



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan ibsituu miira namootaa (kan mufate, aare, gammade) irraa mul'atu yoo danda'ame suuraa agarsiisuu;
- Waa'ee miira ilaalanii jecha sirrii ibsituu miiraa fayyadamuun mufateera; gaddeera, gammadeera. . . jedhanii akka himan jajjabeessuu;
- Yommuu gammadan, gaddan, dallanan . . . fuula isaaniirratti miirri akkamii akka irraa mul'atu dabareen ka'anii akka agarsiisan gochuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Maalummaa ibsituuwwan miiraa gaafachuun akkasumas akka agarsiisan gochuun hubannoo isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Faaruufi sheekkoorraa ibsituuwwan miiraa adda baasuu



**Kaayyoo:** Faaruufi sheekkoorraa ibsituuwwan miiraa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, kaasettii faaruu



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo tokko seenessuudhaan dhaggeeffatanii eenyuun akka jaallatan, maaliif akka jaallatan, eenyu akka isaanitti tole ibsituu miiraa waliin akka dubbatan gochuu;
- Faaruufi sheekkoo irra deddeebi'anii akka dubbatan gochuu;
- Miira qoddattoota seenichaa karaa garagaraa ibsuu akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** Faaruufi sheekkoorraa ibsituuwwan miiraa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.



**Gocha Sadii:** Miira namootaa fuulaafi sochiirraa hubachuu



**Kaayyoo:** Miira namootaa sochiifi fuula isaanii ilaaluun hubachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan garagaraa miira namootaa ibsan yookiin suuraawwan, kitaabilee sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo jireenya hawaasuummaa baratamaniif fudhatama qaban kan akka hiriyummaa, walgargaarsaafi kanneen kana fakkaatan. . . barsiisuu kan danda'an seenessuufii;
- Adeemsa seenessuu keessatti hamma danda'ametti miira qooddattoota seenichaa sochii qaamaatiin, fuulaan, sagaleen agarsiisaa deemuu;
- Seenessuun boodas miira namootaa akkamitti akka hubatan gaaffii gaafachuun mariisisuu;
- Miira namoota biroo fuula ilaaluun, sochii qaamaa ilaaluun hubachuu akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** Miira namootaa fuulaafi sochii qaamaa ilaaluun hubachuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Miira namoota biroof deebii sirrii ta'e kennuu



**Kaayyoo:** Miira namoota biroof deebii sirrii ta'e kennuu nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Hiriyaan isaanii osoo mooraa keessa fiiguu kufee boo'aa akka tureetti muudannoo himuu;
- Isaan osoo daa'ima sana waliin jiru ta'ee yookiin arganiiru osoo ta'ee maal akka godhan akka dubbatan jajjabeessaa;



**Madaallii:** Miira namoota biroof deebii sirrii kennuu hubachuu isaanii gaaffii gaafachuu mirkaneeffadhaa.

**Gocha Shan:** Faayidaa amanamummaa hubachuu



**Kaayyoo:** Faayidaa amanamummaa hubachuudhaan jireenyaa isaanii keessatti niraawwatu.



**Mala raawwii:**

- Qabeenya kan mataa isaanii hintaane yoo lafaa argan abba isaaf deebisuun barbaachisaafi kan nama galatoomfachiisu ta'uu muudannoo, seenaa. . . itti himuun amanamaa ta'uu akka barbaachisu hubachiisuu;



**Madaallii:** Faayidaa amanamummaa hubachuu isaaniifi hojiin agarsiisuu isaanii hordofaa.

**Gocha Jaha:** Haalotaafi amaloota fudhatama qaban agarsiisuu



**Kaayyoo:** Haalotaafi amaloota fudhatama qaban agarsiisuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman (hiriyoota isaanii) ayyaana guyyaa dhaloota isaanii ta'eef akkamitti akka faarfatan shaakalsiisuufi waan shaakalan ayyaana kabaja guyyaa dhalootaarratti akka calaqqisiisan gochuu;



**Madaallii:** Sochii jireenyaa isaanii keessatti haalotaafi amaloota fudhatama qaban agarsiisuun shaakaluu isaanii madaalaa.

**2.2.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan**

Maqaa mana barnootaa \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ umrii \_\_\_\_\_ Koornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gadii keessaa sadarkaa daaa'imni irra jiru kan ibsu lakkoofsa sadarkichaa qofa roga daawwannaa jedhu jalatti barreessi.

**Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hub:** Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa / galma	Daawwannaa		
	Jalqaba waggaa	Waggaa walakkaa	Waggaa dhumaa
1. Namoota naannoon jiran ilaaluun beekuuf fedhii horachuufi adda baasuu			
1.1.Namoota naannoo manaafi naannoo mana barnoota idilee duraa jiran hubannaan himuu nidanda'u.			
1.2.Itti gaafatamummaa namoonni naannoo manaafi mana barnootaatti qaban ilaaluun himuu nidanda'u.			
1.3.Hiriyoota waliin taphataniif amala fudhatama qabu agarsiisuu nidanda'u.			
2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan hubachuufi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu			
2.1.Gocha namoonni naannoo manattiifi mana barnootaatti raawwatan himuu nidanda'u. (maatii, guddistuu, fira)			
2.2.Eegumsaa fi kunuunsa namoonni isaaniif godhan ibsuu nidanda'u.			
3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qabnu qooduufii			
3.1.Miira namoota biroo hubachuun qooddachuu nidanda'u.			

## **2.3. Afaan Sirnaan Fayyadamuu**

### **2.3.1. Ibsa**

Afaan meeshaa ittiin waliigalan, fedhiifi miira ofii namoota biroof ittiin ibsanidha. Daa'imman umrii barnoota idileen duraa keessa jiran afaaniin fedhii isaanii ibsachuufi guuttachuuf, namoota waliin walitti dhufeenya uumuuf, naannoo isaanii caalmaatti beekuufi hubachuuf odeeffannoo waljijjiiruu kan danda'an afaaniin waan ta'eef afaan barachuuf fedhiifi kaka'umsa guddaa qabu.

Waan ta'eef, daa'imman daangaa umrii kanaa keessa jiran afaan naannoo isaaniitti dubbatamu akka hubatan, muuxannoo afaaniin yaada isaanii ibsachuu akka gabbifatan, fayyadama jechootaa akka gabbifatan, hubannoo isaanii akka cimsataniifi yaadota haara maddisiisuu akka danda'an akkasumas dubbisuufi bareessuuf qophaa'oo akka ta'an barsiisonni daa'immaniif naannoo mijataa uumuun deeggarsa gochuu qabu. Dabalataanis, afaan guddina sammuuf murteessaa waan ta'eef, xiyyeeffannoon kennamufii qaba.

Daa'imman umrii waggaa 4-5 jiran namoota naannoo isaanii jiran irra deddeebi'uun gaaffii garagaraa gaafachuun naannoo isaanii caalmaatti beekuuf fedhiifi hawwii waan qabaniif, barsiisonni osoo hinnuffiin battalumatti deebii sirrii ta'e kennuu qabu. Kun immoo, daa'imman naannoo isaanii beekuuf, hubachuuf hawwii isaanii dabaluun cinatti walitti dhufeenya isaan barsiisota isaanii waliin qaban jaalala, gammachuufi wal amantaarratti kan hundaa'e akka ta'uuf gargaara.

### **2.3.2. Kaayyoowwan Gooroo**

1. Ajajaafi qajeelfama dhaggeeffachuun deebii sirrii akka kennaniif kallattiifi madda sagalee akka adda baasuuf;
2. Faaruuf sheekkoo dhaggeeffachuun ergaa isaa akka hubataniifi irra deebi'anii akka faarfataniifi seenessan gochuuf;
3. Seerluga sirriitti fayyadamuun mataa isaaniifi naannoo isaanii ibsuuf yaalii akka taasisan gochuuf;
4. Fakkii ilaaluudhaan dubbisuufi qubeewwan bu'uuraa bocaafi sagaleen adda baasuun qubeewwan baratan walitti fiduun dubbisuufi fakkeessanii barreessuuf akka yaalan shaakalsiisuuf;
5. Dalagaalee addaddaa raawwachuun qindoomina ijaafi harkaa cimsachuun barreessuuf qophii akka godhan gochuuf;

### 2.3.3. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman

1. Odeeffannoo sirnaan dhaggeeffachuufi haalotaaf deebii sirrii kennuu
  - 1.1. Qajeelfamootaafi ajajootaaf deebii kennuu nidanda'u.
  - 1.2. Kallattii sagalee agarsiisuufi madda sagalee adda baasuu nidanda'u.
  - 1.3. Waan dhaga'an himuu nidanda'u.
  - 1.4. Sheekkoo dhaggeeffachuun waan irraa hubatan ibsuufi irra deebi'anii dubbachuu nidanda'u.
2. Haalota garagaraa keessatti ofitti amanamummaan bifa hiika qabuun haasa'uuf aflattootiin waliigaluu.
  - 2.1. Mataa ofiifi naannoo isaanii karaa sirrii ta'een ibsuu nidanda'u.
3. Dubbisuun gammaduu, beekumsaafi hubannoo argachuu
  - 3.1. Fakkiiwwaniifi boca qubeewwanii adda baasuun hubachuu nidanda'u.
4. Qindoomina sochii ijaafi harkaa cimsachuu barreessuuf qophii ta'uu
  - 4.1. Gochaalee garagaraa raawwachuuf harkaafi ija isaanii nifayyadamu.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhaggeeffachuufi haalotaaf deebii sirrii kennuu	1.1. Qajeelfamootaafi ajajootaaf deebii kennuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Ajajootaafi qajeelfamootaaf deebii kennuu



**Kaayyoo:** Ajajootaafi qajeelfamootaaf deebii nikennu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee addaddaa kutaa barnootaa keessa jiran (intalashee)



**Mala raawwii:**

- Daa'imman hunda dabaree dabareen maqaa isaanii waamuun qajeelfama salphaa lama kan ofkeessaa qabu ajaja bakkaafi kallattii eeru kennuufii;
- Daa'immanis haaluma ajajamaniin qajeelfama hordofuun raawwachuufi dhiisuu isaanii hordofuun jajjabeessuu;
- Daa'imman hunda hirmaachisuun dandeettii obsaan dhaggeeffachuu isaanii cimsuu;

**Fakkeenyaaf:**

- Kutaa keessaa ba'uun balbala suuta jedhii rurukkuti.
- Ashaangullitattii/ intalashee fuudhii siree isheerra raffisi.



**Madaallii:** Dandeetti dhaggeeffachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Sheekkoo dhaggeeffachuu



**Kaayyoo:** Dandeetti tasgabbaa'anii dhaggeeffachuu nicimsatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaaba sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Haala taa'umsa daa'immanii walakkaa geengootti sirreessuu;
- Fedhii sheekkoo dhaggeeffachuu isaanii dadammaqsuu;
- Sheekkoo umrii isaaniin walsimu jedhamee filatame haala daa'imman harkisuun (sochii qaamaafi olka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee sirrii ta'e fayyadamuun dhiyeessuu;
- Erga seenichi seeneffamee xumuramee booda, "Seenichi isin gammachiisee? Jaallattanii? Maaliif? " jechuun gaafachuu;
- Daa'imman miira isaanitti dhaga'ame dubbachuun akka ibsatan jajjabeessuu;
- Duraa duuba qabiyyee seenichaa hordofuun gaafachuun hubannoon dhaggeeffataa jiraachuu isaanii madaaluu;
- Deeggarsa barsiisaatiin/tuutiin daa'imni fedhii qabu tokko seenicha irra deebi'ee akka seenessu carraa kennuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Dandeettii tasgabbaa'anii dhaggeeffachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Ergaa dabarsuu



**Kaayyoo:** Ergaa dabarsuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Daa'ima fedhii qabu tokko filuun gurratti siquun ergaa gabaabaa daa'ima birootti akka himtu hasaasuun itti himuu;
- Daa'imichis ergaa dhaggeeffate sana daa'ima itti himamutti sirriitti himuufi himuu dhiisuu isaa yeroo inni itti himu dhaggeeffachuun madaaluu;
- Daa'imman hundi dabaree dabareen ergaa akka dabarsan gochuu;

**Fakkeenya:** Magarsaaf qubeessaa kenniitii koottu.



**Madaallii:** Dandeetti ergaa dabarsuu isaanii madaalaa.

**Gochaa Afur:** Waan dhaggeeffatan irra deebi'uun himuu



**Kaayyoo:** Sheekkoo dhaggeeffachuun ergaa isaa irra deebi'uun nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaaba sheekkoo, maaskii, uffata, doosee furdaa, qubeessaa, halluu (keelerii), koollaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman sheekkoo irra deddeebi'anii dhaga'an bifa diraamaan akka dhiyeessan gochuu;
- Haaluma baay'ina qooddattootaa seenicha keessa jiruutiin daa'imman filuu;
- Daa'imman waliin maaskiifi huccuu qopheessuu;
- Qooddattoota gahee akka taphatan irraa deddeebi'uun shaakalsiisuu;
- Hiriyoota daree isaaniif, barsiisotafi maatiif kabaja ayyaana garagaraarratti akka dhiyeessan gochuu;



**Madaallii:** Ergaa seenaa dhaggeeffatan keessa jiru irra deebi'anii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Shan:** Yaadatani himuu



**Kaayyoo:** Waa'ee guyyoota boqonnaa isaanii yaadatani nihimu.



**Mala raawwii:**

- Barsiisaan/tuun gaafa Wiixata guyyoota boqonnaa (Sanbataaf Dilbata) akkamitti akka dabarsan gabaabse/te akka dubbatan gochuu;
- Itti aansuun, daa'immaniif carraa kennuun tokkoon tokkoon isaanii akka dubbatan gochuu;
- Wayita isaan dubbatan jajjabeessuufi hiriyoonna isaanii yommuu dubbatanis tasgabbiin akka dhaggeeffatan gochuu;



**Madaallii:** Waa'ee guyyoota boqonnaa isaanii yaadatani dubbachuu danda'uu madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhaggeeffachuufi haalotaaf deebii sirrii kennuu	1.2. Kallattii fi madda sagalee adda baasuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Xiyyeeffannoon naannoo dhaggeeffachuu



**Kaayyoo:** Xiyyeeffannoon naannoo dhaggeeffachuun waan dhaggeeffatan nihimu.



**Mala raawwii:**

- Daree yookiin mooraa keessatti seekondii murtaa'eef calli jedhanii akka dhaggeeffatan gochuu;
- Maal akka dhaggeeffatan gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;
- Daa'imman jalaa dhokachuun sagalee addaddaa dhageessisuun daa'immanis sagalee dhaga'an akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Naannoo isaanii xiyyeeffannaa itti kennuun dhaggeeffachuun waan dhaggeeffatan himuu danda'uu isaanii madaaluu.



**Gocha Lama:** Kallatti sagalee adda baasuu



**Kaayyoo:** Kallattii sagalee adda baasuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** hafuuffee (fiishkaa) yookiin firimbii



**Mala raawwii:**

- Dareen alatti dirreerra daa'imman roga sadiin yookiin afuriin akka hiriiran gochuu;
- Itti aansuun, ijoolleen lama dugda duuba daa'immaniitii hafuuffee (fiishkaa) qabatanii akka dhaabbatan gochuu;
- Yommuu barsiisaan/tuun suuta jedhee/ttee gara daa'ima tokkootti quba qabu, fiishkicha akka hafuufan gochuu;
- Daa'imman hiriirani jiranis gara kallattii sagalee irraa dhaga'aniitti akka agarsiisan, fiiganiifi itti deeman ajajuun kallatti sagalee akka adda baasan gochuu;



**Madaallii:** Dandeettii kallattii sagalee adda baasanii beekuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Sagalee dhaga'an adda baasuufi fakkeessuu



**Kaayyoo:** Sagalee dhaga'an adda nibaasu akkasumas fakkeessanii nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii bineeldota garagaraa



**Mala raawwii:**

- Fakkii bineeldota addaddaa ( Saree, lukkuu, waraabessa, hoolaa . . . ) itti agarsiisuu;
- Fakkiiwwan keessaa sagalee bineelda tokkoo fakkeessanii dhaggeessisuu;
- Daa'imman sagaleen dhaga'an kan eenyuu akka ta'e fakkicha agarsiisuun akka himan gochuu;
- Sagalee dhaga'an fakkeessanii akka jedhan gochuu;
- Irra deeddeebi'anii akka yaalan jajjabeessuun shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Dandeettii madda sagalee adda baasuu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Sagalee adda baasuufi fakkeessanii jechuu



**Kaayyoo:** Sagalee adda baasuun fakkeessani jechuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan meeshaaleefi bineeldota garagaraa



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa’imaatiif fakkii, meeshaaleefi bineeldota addaddaa (kan fiishkaa, konkolaataa, lukkuu, hoolaa . . . ) kennuu;
- Yommuu barsiisaan/tuun sagalee tokko dhageessisu/stu daa’imman fakkii meeshaalee yookiin bineeldota sagalee sana dhageessisan qabatan gara barsiisaatti/tuutti akka dhufan gochuu;
- Sagalee maalii akka ta’e gaafachuudhaan gamtaan sagalicha akka jedhan gochuu;



**Madaallii:** Sagalee adda baasuun dandeettii fakkeessanii jechuu isaanii madaalaa.

**Gochaa Shan:** Namoota sagaleen adda baasuu



**Kaayyoo:** Hubannoon dhaggeeffachuun namoota sagaleen adda baasuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Tapha, “kan si waame bari, “ jedhu haala armaan gadiin taphachiisaa:
  - Daa’imman fedhii qaban shan kaasuu;
  - Hiriyoota isaanii fuuldura dhaabbatanii maqaa isaanii akka himan gochuu;
  - Isaan keessa tokko filuun maqaa daa’imman afranii gaafachuufi daa’imman afranirraa fagaatanii fuula isaanii gara gidaara manaatti naannessanii akka dhaabbatan gochuu;
  - Daa’imman afran keessaa tokkoo isaanii qubaan tuquun maqaa daa’ima fuula isaa gara gidaara manaatti naannesse jiru akka waamu gochuu;

- Daa'imni fuula isaa naannesse jiru gara daa'immanitti naannessuun eenyu akka isa waame sagaleen akka adda baasuufi maqaa daa'ima waamee akka dubbatu gochuu, haala kanaan daa'imman hunda hirmaachisuu;
- Haaluma kanaan daa'imman hunda hirmaachisuu;



**Madaalli:** Dandeettii sagaleen nama adda baasuu isaanii madaaluu.

**Gocha Jaha:** Sagalee sochii qaamaan walitti qindeessuun fakkeessanii jechuu (dhageessisuu);



**Kaayyoo:** Sagalee sochii qaamaan walitti qindeessuun fakkeessanii jechuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Kutaan alatti daa'imman gara dirreetti baasuu;
- Sagalee meeshaalee, allaattiwaniifi bineeldota addaddaa dhageessisuun fakkeessanii sochii isaanii agarsiisuun sochii waliin walitti qindeessuun akka taphatan gochuu;
- Daa'immanis haaluma arganiin sagalee dhageessisaa sochii walitti qindeessuun fakkeessanii akka taphatan gochuu;

**Fakkeenya:** Barsiisaan/tuun, “Isin ijoollee kooti; ani abbaa/haadha keessaniidha; waan ani jedhu na waliin jettu,” jechuun gadi jedhee miila afuriin ‘awu . . . awu’ jechaa deemuu. Itti aansuun, ol jedhanii akka dhaabbatan gochuun, amma maal turre? jedhanii gaafachuu; Itti fufuunis, harka diriirsuun, ‘ ciwu . . . ciwu . . . ’ jechaa barrisuu. Achiis, dhaabbachuun maal gochaa akka turan akka dubbatan gaafachuun sagaleefi sochii walitti qindeessuun fakkeessanii taphachuu shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Sagalee sochii qaamaan walitti qindeessuun fakkeessanii dhageessisuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Torba:** Taphaan sagalee balaa qaburraa fagaachuu shaakaluu



**Kaayyoo:** Sagaleen balaa tiraafikaarraa ofeeguuf akka fayyadu bifa taphaatiin nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** boronqii, daaraa, biyyee nooraa . . .



**Mala raawwii:**

- Daa'imman kutaa keessaa dirreerratti baasuun boronqiidhaan daandii konkolaataa lafarratti sararuun hojjachuu;
- Daa'imman walakkaa isaanii konkolaachistoota, kaan immoo namoota lafoo taasisuun warri lafoo sarara maddii daandii konkolaataarra akka deeman gochuu;
- Wayita konkolaachistoonni xurumbaa konkolaataa hafuufan, warri lafoo dafanii sarara maddii daandii konkolaataarraa akka ba'an gochuun taphachiisuu;



**Madaalli:** Sagaleen balaa konkolaataarraa ofeeguuf akka fayyadu hubachuu isaanii madaalaa

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhaggeeffachuufi haalotaaf deebii sirrii kennuu	1.3.Waan dhaga'an irra deebi'anii himuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Gabaasa guyyaa boqonnaa dhiyeessuu



**Kaayyoo:** Gabaasa guyyaa boqonnaa haala sirrii ta'een dhiyeessuu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Torbanitti yeroo tokko gabaasa yookiin oduu haala itti dhiyeessan mijeessuu;
- Daa'imman yeroo boqonnaa isaanii haala kamiifi eenyu waliin akka dabarsan yaadatani akka himan gochuun dandeettii hubannoofi waa yaadachuu isaanii cimsuu;
- Muuxannoo namoota fuuldura dhaabbatani dubbachuufi yammuu namoonni kaan dubbatan obsaan dhaggeeffachuu akka horatan gochuu;



**Madaallii:** Dandeetti hubannoofi waa yaadachuu isaanii wayita isaan gabaasa dhiyeessan madaalaa.

**Gocha Lama:** Sheekkoo dhaggeeffachuun fakkiin ibsuu



**Kaayyoo:** Sheekkoo dhaggeeffatan keessaa namfakkii jaallatan fakkiin ibsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, kitaaba sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo/seenaa/ mudannoo gammachiisaafi gabaabaa ta'e daa'immanii itti himuu;
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaafi qubeessaa kennuu;
- Waan dhaggeeffatan keessa kan isaan gammachiise yookiin gaddisiise fakkiin akka calaqqisiisan carraa kennuufii;
- Fakkii kaasan hiriyoota dareef akka agarsiisan gochuun maal akka ta'e akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Sheekkoo dhaggeeffatan keessaa namfakkii jaallatan fakkiin ibsuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Ergaawwan gaggabaaboo dhaggeeffachuufi himuu



**Kaayyoo:** Ergaawwan gaggabaaboo dhaggeeffachuufi dabarsuurratti muuxannoo nigabbifatu.



**Mala raawwii:**

- Barsiisan/tuun guyyaa guyyaan ergaawwan gaggabaaboo maatiifi hiriyootaaf yookiin barsiisota biroof akka geessan gochuu;
- Daa'immanis ergaa itti himame sirriitti dhaggeeffatanii dabarsuu isaanii hiriyoonna daree isaani akka mirkaneessan gochuu;
- Daa'imman hundi akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** Dandeettii ergaawwan gaggabaaboo dhaggeeffachuun dabarsuu isaanii madaaluu.

**Gochaa Afur:** Faaruu dhaggeeffachuun irra deebi'anii faarsuu



**Kaayyoo:** Muuxannoo faaruu dhaggeeffachuun irra deebi'anii faarfachuu nicimsatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaasseetti faaruu



**Mala raawwii:**

- Faaruuwwan daa'immanii akka dhaggeeffatan gochuu;
- Faaruu dhaggeeffatan irra deebi'anii akka faarsan gochuu;
- Qabiyyeefi ergaa faaruu gaafachuun mariisisuu;
- Yoo sirriitti hindhaggeeffanne ta'e irra deebiin dhaggeeffachiisuudhaan haaluma dhaggeeffataniin akka faarsan gochuu;



**Madaallii:** Faaruu dhaggeeffatan irra deebi'anii faarfachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Shan:** Ergaa faaruu himuu



**Kaayyoo:** Ergaa faaruu himuu nidanda'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaasseettii faaruu



**Mala raawwii:**

- Faaruu daa'immanii akka faarfatan gochuu;
- Faaruun sun waa'ee eenyuufi waa'ee maalii akka ta'e gaafachuun akka dubbatan gochuu;
- Itti aansuunis, gaaffiiwwan garagaraa gaafachuun faaruun daa'immani sun maal barsiisuu akka danda'u, ergaa maalii akka qabu akka hubatan gochuu;
- Erga faarsanii booda, ergaa faaruu ofuma isaanii akka himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Dandeettii ergaa faaruu dubbachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Jaha:** Sirriitti dhaggeeffachuun waan dhaga'an irra deebi'anii dubbachuu



**Kaayyoo:** Waan dhaga'an irra deebi'anii dubbachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaaba sheekkoo, kaasettii faaruu



**Mala raawwii:**

- Muudannoowwaniifi seenaa jireenya daa'immaniin walqabate itti himuun tasgabbiin akka dhaggeeffatan gochuu;
- Muudannoowwan garagaraa kan mataa isaanii akka himan jajjabeessuun akka waldhaggeeffatan shaakalsiisuu;
- Oduudurii, walaloofi faaruu umrii isaaniin walsimu itti himuu;



**Madaallii:** Dandeettii waan dhaga'an irra deebi'uun jechuu isaanii madaalaa.

**Gocha Torba:** Tapha diraamaa taphachuu



**Kaayyoo:** Tapha diraamaatiin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu nicimsatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaaleefi huccuuwwan diraamaa hojjachuuf fayyadan



**Mala raawwii:**

- Gabaasota daa'immaniifi barsiisonni dhiyeessan keessaa mataduree diraamaaf mijatu filuu;
- Seenicha gaaffiifi deebiin dhiyeessuun gabaabsanii akka seenessan gochuun akka yaadatan taasisuu;
- Daa'imman amala qooddattootaa fudhatanii taphachuu danda'an filachuu;
- Daa'immanis bifa diraamaan akka dhiyeessan shaakalsiisuu;
- Hiriyoota daree isaaniif akka dhiyeessan gochuu;
- Dhumarrattis dhiyeessii diraamichaarratti gaaffii tokko tokko gaafachuun guduunfuu;



**Madaallii:** Dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii wayita isaan diraamaa dhiyeessan madaalaa.

Bu'aa eegamuu	Ga'umsa
1. Odeeffannoo sirnaan dhaggeeffachuufi haalotaaf deebii sirrii kenuu	1.4. Sheekkoowwaniifi faaruwwan gaggabaaboo dhaggeeffachuun waan hubatan ibsuufi irra deebi'anii himuu nidanda'u.

**Gochaa Tokko:** Sheekkoo dhaggeeffachuun irra deebi'anii seenessuu



**Kaayyoo:** Sheekkoo dhaggeeffachuun irra deebi'anii niseenessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaabilee sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo umrii daa'immaniin walgitu karaa sirrii ta'een seenessuu;
- Waa'ee seenichaa ilaalchisee miira itti dhaga'ame gaafachuu;
- Qabiyyee seenichaa akka hubatan duraa duubaan gaaffiiwwan gaafachuu;
- Daa'imni fedhii qabu fuulduratti bahuun seenicha akka himu carraa kennuufii;
- Daa'imman biroofis carraa kennuudhaan sheekkoowwan beekaniifi dhaga'an hiriyoota isaaniif akka himan jajjabeessuu;
- Daa'imman seenaa kalaquun akka seenessan carraa kennuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Sheekkoo dhaggeeffachuun irra deebi'anii himuu jalqabuu isaanii madaalaa.

**Gochaa Lama:** Sheekkoo bifa diraamaan dhiyeessuu



**Kaayyoo:** Sheekkoo bifa diraamaan dhiyeessuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, maaskii, huccuu



**Mala raawwii:**

- Namfakkiiwwan sheekkoo irra deddeebiin dhaga'an keessa jiran daa'imaniif kennuu;



- Maaskiifi huccuu barsiisota waliin qopheessuun durduricha bifa diraamaan akka dhiyeessan shaakalsiisuu;
- Dhumarrattis, sagantaalee addaddaarratti akka dhiyeessan gochuu;



**Madaallii:** Dandeettii sheekkoowwan bifa diraamaan dhiyeessuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Fakkii duraa duubaan gurmeessuu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan sheekkoo keessa jiran duraa duubaan nigurmeessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, fakkiiwwan sheekkoo keessa jiran



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan sheekkoo dhaga'an keessa jiran haala duraa duuba isaanii hineegneen minjaalarra kaa'uu;
- Daa'imni fedhii qabu tokko fakkiiwwan duraa duuba sirrii ta'een akka gurmeessan gochuu;
- Itti aansuun kanneen biroos hirmaachisuu;



**Madaallii:** Fakkiiwwan sheekkoo keessa jiran duraa duuba sirriin gurmeessuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

**Gocha Afur:** Sheekkoo fakkiin ibsuu



**Kaayyoo:** Sheekkoowwan dhaggeeffachuun fakkiin ibsuuf niyaalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Daa'imman qabiyyee sheekkoowwan irra deddeebiin dhaga'anii fakkii kaasuufi halluu dibuun akka hojjatan gochuu;
- Daa'imman fakkii kaasanii halluu diban maal akka ta'e akka agarsiisaniifi himan gochuu;



**Madaallii:** Sheekkoo dhaggeeffatan fakkiin ibsuuf yaaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Shan:** Sheekkoowwan moodeelaan hojjachuu



**Kaayyoo:** Sheekkoowwan bifa moodeelaatiin hojjachuuf niyaalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa bukeeffame, dhoqqee



**Mala raawwii:**

- Daa'imman qabiyyee sheekkoo irra deddeebiin dhaga'an waraqaa bukeeffameen yookiin dhoqqeen moodeelii isaa akka hojjatan gochuu;
- Daa'imman moodeelii hojjatan maal akka ta'e akka himaniifi agarsiisan gochuu;



**Madaalli:** Sheekkoowwan bifa moodeeliin hojjachuuf yaaluu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Haalota addaddaa keessatti ofitti amanamummaadhaan dubbii sirriifi hiika qabeessa ta'een aflattoon waliigaluu	2.1. mataa ofiifi naannoo karaa sirrii ta'een ibsuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Waa'ee mataa ofii dubbachuu



**Kaayyoo:** Waa'ee mataa isaanii nidubbatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** sagalee guddistuu kaartooniirraa hojjatame



**Mala raawwii:**

- Kaartoonii lallaafaarraa sagalee guddistuu hojjachuu;
- Jalqaba, barsiisaan/tuun maqaa ofii, bakka jireenyaafi kanneen kana fakkaatan. . . dubbachuu;
- Tokkoon tokkoon isaanii hima guutuufi haala dhaggeeffattoonni hubachuu danda'aniin maqaa ofii, bakka jireenya isaanii, waan jaallataniifi waan hojjachuu danda'an akka dubbatan jajjabeessuu;

- Daa'imman waa'ee mataa isaanii gaaffiiwwan sasalphaa gaafachuun hima guutuufi hiika kennuu danda'u fayyadamuun deebii akka kennan jajjabeessuu;
- Kallattii barbaadameen yoo hindubbanne fuulcha kennuufii;

**Yaadannoo:** Wayita dubbatan quba afaan keessa kaahuun, quba isaanii walitti riguun, boquu isaanii gadi gonbisuun, uffata afaan keessa kaa'uun ciniinuun fi kanneen kana fakkaatan . . . amala hinbarbaachifne ta'uu daa'imman akka hubataniifi amala akkanaa akka dhiisan karaa addaddaatiin gargaaruu, hordoffii gochuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Seera dubbii eeguun waa'ee mataa isaanii dubbachuu danda'uu, waan isaan dubbatan dhaggeeffachuufi sochii qaamaa isaanii ilaaluun madaaluu.

**Gocha Lama:** Gaaffiiwwaniif haasaan deebii kennuu



**Kaayyoo:** Gaaffiiwwan gaafatamaniif haala sirrii ta'een haasaan deebii nikennu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** ashaangulliitii/intalashee



**Mala raawwii:**

- Intalashee(Ashaangulliitii) keessummaa fakkeessanii fiduu;
- Ashaangulliitattiin maqaa dhahuun ( waamuun) har'a ganama daa'imman yommuu manaa dhufan maal akka argan, maaltu akka itti dhaga'ame akka itti himaniif jechuun waan dubbattu fakkeesuun dubbachu;
- Dabaree dabareen ashaangulliitatti gara daa'immaniitti dhiyeesuun gaaffii gaafachuu;
- Gaaffii dubbiin deebii akka kennaniifi miira isaanii dubbiin akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu;
- Karaa sirriifi seera qabeessa ta'een akka dubbatan gargaaruu;



**Madaallii:** Miira ofii dubbachuu danda'uu isaanii gaaffii garagaraa gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Kutaa qaamaa argan maqaa isaa himuu



**Kaayyoo:** Kutaa qaamaa argan maqaa isaa sirriitti himuu nidanda’u.



**Mala raawwii:**

- Barsiisaan/tuun bakka daa’immanitti mul’atu dhaabbachuun kutaalee qaamaa yommuu tuqu, daa’imman harka baasuun kutaan qaamaa tuqame maal jedhamee akka waamamu akka himan gochuu;
- Daa’ima tokko taphachiisaa gochuun kutaa qaamaa daa’imichi tuqu sana barsiisaan/tuun deebii sirrii hin taane kennuun deebii daa’immanii hordofuu;

**Fakkeenyaaf,** yoo inni funyaan isaa tuqu ‘gurra’ jechuu, achiis daa’imman galatoomfachuun dogoggora sirreessisuun taphachuu;



**Madaallii:** Waan argan sirriitti himuu danda’uu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Fakkii duraa duubaan waan argan himuu



**Kaayyoo:** Fakkii duraa duubaan jiran ilaaluun duraa duuba eeguun nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo, fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo fayyadamuun fedhiin isaa gara fuulduraa maal akka ta’e waa’ee daa’ima dubbataa jiru ilaalchisee gabaabsanii seenessuufi tokkoon tokkoon isaanii gaafa guddatan maal akka fedhan hiriyoota isaanii fuulduratti akka dubbatan jajjabeessuu;
- Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban fayyadamuun waan fakkicharratti argan akka himan gochuu;
- Hanga danda’ametti duraa duuba eeganii seenicha akka dubbatan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Waan arganiifi dhaga’an duraa duuba eeganii dubbachuu danda’uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Shan:** Gabaasa dhiyeessuu



**Kaayyoo:** Waan arganiifi dhaga'an duraa duuba eeganii gabaasa nidhiyeessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** sagalee guddistuu kaartooniirraa hojjatame



**Mala raawwii:**

- Jalqaba, barsiisaan/tuun guyyoota boqonnaa waan argeefi dhaga'e dubbachuu;
- Daa'immanis tokkoo tokkoon ba'anii akka dubbatan carraa kennuufii;
- Daawwannaa gaggeessuufi daawwannaan booda waa'ee waan arganiifi dhaga'anii akka dubbatan jajjabeessuu;
- Gaaffiwwan gaafachuun akka yaadatan gargaaruu;

**Yaadannoo:** sirriitti dubbachuu akka danda'an gaaffii gaafachuun jajjabeessuu, haala itti yaadachuu danda'an mijeessaafii



**Madaallii:** Waan arganiifi dhaga'an duraa duuba eeguun dandeettii gabaasa dhiyeessuu isaanii madaaluu.

**Gocha Jaha:** Maalummaa waa'ee fakkii kitaabarraa arganii himuu



**Kaayyoo:** Waa'ee maalummaa fakkii kitaabarraa arganii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** barruulee (Kitaabilee)



**Mala raawwii:**

- Barruulee /kitaabota fakkiiwwan guddifamanii kaafaman ofirraa qaban, kan daa'imman garagagalchanii ilaaluu danda'an (kan wantoota naannoo jiran agarsiisu) kennuufii;
- Garagagalchanii waa'ee fakkii ilaalanii akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Waa'ee wantootaafi haalota naannootti argamanii dubbachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Torba:** Harkaan qaqqabuun maalummaa wantootaa himuu



**Kaayyoo:** Harkaan qaqqabuun/tuttuquun maalummaa wantootaa himuu nidanda’u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** haqxuu, qartuu, finjaala . . .



**Mala raawwii:**

- Tapha, “harka keerra maaltu jira?” jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu:
  - Daa’imman geengoo uumuun akka taa’an gochuu;
  - Bakka taa’anitti harka isaanii gara duubaatti akka diriirsan gochuu;
  - Harka isaaniirra wantoota addaddaa, fakkeenyaaf, haqxuu/laaphisii, qartuu, finjaala . . . kaa’uu;
  - Dura utuu hinilaaliin akka qaqqaban gochuun kan harka isaaniirra kaa’ame akka dubbatan gochuu;
  - Itti aansuunis, ijaan ilaalaa akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Harkaan qaqqabuun dandeettii maalummaa wanta qaqqabanii dubbachuu danda’uu isaanii madaalaa.

**Gocha Saddeet:** Waa’ee wantoota naannoo jiraniid dubbachuu



**Kaayyoo:** Waa’ee wantoota naannoo jiraniid nidubbatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee, loottoo meeshaalee, bineeldotaafi biqilootaa



**Mala raawwii:**

- Loottoo biqilootaa, bineeldotaafi meeshaalee manaa akka walqabsiisan gochuun waa’ee isaa akka himan gochuu;
- Meeshaa guyyaa guyyaa itti fayyadaman fakkiin yookiin yoo danda’ame meeshicha dhiyeessuun akka ilaalan gochuu;
- Maqaafi faayidaa isaa akkasumas amala meeshichaa akka himan jajjabeessuu;
- Meeshaalee wal fakkaatan garuu wantoota garagaraarraa hojjataman hubatanii ilaaluun addaddummaa jiru akka adda baasan jajjabeessuu; (Fakkeenya: fallaana

sibiilaafi pilaastikaa, burcuqqoo fi kubbaayyaa ifa dabarsuuf hindabarsineefi kanneen kana fakkaatan . . .)



**Madaallii:** Waa'ee wantoota naannoo jiraniid dubbachuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Sagal:** Tapha gahee taphachuutiin waa'ee wantoota naannoo jiraniid dubbachuu



**Kaayyoo:** Tapha fakkaatanii taphachuutiin waa'ee wantoota naannoo jiraniid nidubbatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** ashaangulliitii/intalashee, meeshaalee taphaa gahee taphachuuf fayyadan



**Mala raawwii:**

- Tapha gahee taphachuuf akka mijaa'utti daa'imman gurmeessuu;
- Meeshaalee barbaachisan guutuun daa'imman wanta naannooti ilaalan tapha gahee taphachuutiin akka calaqqisiisan gochuu;

**Yaadannoo:** Daa'imman taphicha taphachuuf dirqama tokko malee bakkaafi gahee fedhan filachuun kan taphatan ta'a. Yommuu isaan taphatan barsiisaan/tuun gidduu isaanii naanna'uun ilaaluun yeroo tokko tokkos sirreeffama bakka barbaachisutti akka keessummaa, yaalamaa, maatiifi kanneen kana fakkaatan . . . ta'anii seenuun sirreessuun irra jiraata.



**Madaallii:** Tapha gahee taphachuutiin waa'ee wantoota naannoo jiraniid dubbachuu danda'uu isaanii madaaluu.

**Gocha Kudhan:** Sheekkoo dhaga'an irra deebi'anii himuu



**Kaayyoo:** Dandeettii sheekkoo dhaga'an irra deebi'anii himuu nicimsatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kitaabilee oduu durii



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo umrii isaanii waliin deemu suuta jechuun seenessuufii;
- Itti aansuun, waa'ee seenichaa miira itti dhaga'ame akka dubbatan gochuu;
- Qabiyyee seenichaa akka hubatan duraa duubaan gaafachuu;
- Dhumarraattis, seenicha irraa deebi'anii aka dubbatan carraa kennuufii, yoo itti cime bifa gaaffiifi deebiin deeggarsa gochuu;



**Madaallii:** Sheekkoo dhaga'an irraa deebi'anii dubbachuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Tokko:** Faaruu qomatti /sammuutti qabachuu



**Kaayyoo:** Dandeettii odeeffanno dhagahan qomatti/sammuutti qabachuu nicimsatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaasseettii faaruu



**Mala raawwii:**

- Faaruuwwan gaggabaaboo sammuu akka qabatan gochuuf buufata buufatatti qoqqoodanii qu'achiisuun akka faarfatan gochuu;
- Qabiyyee faaruu akka hubatan bifa gaaffiifi deebiin mariisisuu;
- Gareetti qoqqooduun akka faarfatan gochuu, sammuu akka qabatan irraa deddeebi'uun faarfachiisuu;



**Madaallii:** Faaruuwwan daa'immanii qomatti/sammuutti qabachuuf faarfachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gochaa Kudha Lama:** Sheekkoo dhaga'an bifa diraamaan ibsuu



**Kaayyoo:** Sheekkoo irraa deddeebiin dhaga'an bifa diraamaan ibsuu nidanda'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaaleefi huccuu diraamaaf barbaachisan



**Mala raawwii:**

- Namfakkiiwwan sheekkoo irra deddeebiin dhaga'an keessa jiran fakkaachuun bifa diraamaan akka dhiyeessan gochuu;





**Madaallii:** Sheekkoowwan irra deddeebiin dhaga'an bifa diraamaan ibsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban duraa duubaan kaa'uu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban duraa duubaan kaa'uun sababa isaanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee sheekkoo fakkiin deeggaraman, fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan walitti fufiinsa qaban wal jala fuudhuun itti kennuu, daa'immanis duraa duubaan sirreessanii akka kaa'an gochuun maatiif akka himan gochuun jajjabeessuu;
- Kitaabilee sheekkoo fakkiin deeggaraman fuula fuulaan garagagalchaa fakkicha ilaaluun seenicha akka himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Waa'ee fakkii ilaalanii dubbachuu danda'uu isaanii dhaggeeffachuun mi rkaneessa.

**Gocha Kudha Afur:** Yaada ofii karaa sirrii ta'een ibsuu



**Kaayyoo:** Dandeettii karaa sirrii ta'een yaada ofii ibsuu nicimsatu.



**Mala raawwii:**

- Dandeettii karaa sirrii ta'een yaada ofii ibsuu akka cimsataniif:
  - Daa'imman wantoota haaraa jireenya isaanii keessatti isaan muudatu dhufanii barsiisaatti/tuutti yoo himatan, barsiisaan/tuun xiyyeeffannaa itti kennuun hubannoon dhaggeeffachuu;
  - Erga fixanii boodas gaaffiiwwan garagaraa gaafachuun akka deebisan gochuu, daa'imman dandeettii hubannaan dhaggeeffachuufi yaada ofii

karaa sirrii ta'een, bifa dhaggeeffataniin hubachuu danda'uun ibsachuufi muuxannoo akka cimsatan gargaaruu;



**Madaallii:** Yaada isaanii karaa sirrii ta'een ibsachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Shan:** Tapha “eenyu caalmaatti beeka?” jedhu taphachuu



**Kaayyoo:** Tapha “eenyu caalmaatti beeka?” jedhu taphachuun beekumsa jechootaa nicimsatu.



**Mala raawwii:**

- Tapha “eenyu caalmaatti beeka?” jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu;
  - Jalqaba fakkeenya kennuun taphicha akka hubatan gochuu; **Fakkeenya:** m- mana, m- muka, m- miila.
  - Itti aansuun, daa'imman hayyamamoo ta'an lama baasuun daa'imni tokko qubee jalqabaa jecha keessa jiru dubbachuun akka taphatan gochuu;
  - Tokkichi akka jalqabu gochuun eegalsiisuu;
  - Daa'imni jecha baasee dubbachuu hindandeenye akka mo'ameetti lakkaa'amu beekuu;
  - Taphicha keessatti daa'imman hundi akka hirmaatan gochuun injifatame yoo ta'e tole jedhanii fudhachuu akka shaakalan gochuu;

**Yaadaannoo:** Osoo taphni hineegaliin dura seera taphichaa beeksisuu, kan daa'imni tokko jedhe kan biroon irra deebi'ee jechuun, osoo hindeebisiin yeroo dheeraa turuufi daa'imman tapha keessa hinjirre warra taphataa jiraniif deebii himuun akka hindanda'amne ibsuufii.



**Madaallii:** Tapha jechootaa ‘eenyu irra caalaa beeka,’ jedhu taphachiisuun hubannoo qubee jechaa isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Jaha:** Hibboo taphachuu



**Kaayyoo:** Hibboo taphachuun dandeettii jechaan ibsachuu nicimsatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee hibboo



**Mala raawwii:**

- Adeemsa gaafannaa hibboo hordofuun daa'imman hibboo gaafachuu;
- Yoo daa'imman deebii sirrii kennan isaan jajuufi deebiin isaa maaliif akka akkas ta'e gaafachuun mariisisuu;

**Fakkeenyaaf,** Gaafataa: Hibboo?

Gaafatamaa: Hibbakka.

Gaafataa: “Haadha keessaa baatee haadha dhiitte” beekii himi.

Gaafatamaa: *kibriitii*

- Kibriitii itti agarsiisuun akkaataa kibriitiin man'ee keessaa baatee dhiituun ibidda uumte itti himuun hubannoo isaanii cimsuu;
- Yoo isaan deebii isaa dhaban akka seera hibbootti biyya naaf kenni jechuun gaafachuu;
- Erga biyya fudhatanii booda akka seera hibbootti yoo inni dammaan si qabe jechuu baate arrabsuudhaan dhumarratti deebii itti himuu;
- Isaanis waan beekan akka gaafatan carraa kennuufii;



**Madaallii:** Hibboo taphachiisuun dandeettii jechootaan ibsachuu cimsachuu isaanii madaalaa.

**Gochaa Kudha Torba:** Walitti dhufeenya wantootaafi dalagaawwan gidduu jiru ibsuu



**Kaayyoo:** Walitti dhufeenya wantootaafi dalagaawwan gidduu jiru ibsuu nishaakalu.



**Mala raaawwii:**

- Fakkiiwwan meeshaalee, fakkiiwwaniifi dalagaalee namootaa walfakkaatan agarsiisu kennuu;

- Akka walitti firoomsan gochuun maaliif akka bifa kanaan walitti firoomsaan gaafachuu; **Fakkeenyaaf**, kubbaayyaafi burcuqqoo, sareefi adurree, nama uffata miicuufi mana qulqulleessaa jiru . . .



**Madaallii:** Walitti dhufeenya wantootaafi dalagaalee gidduu jiru ibsuu danda’uu isaanii madaalaa.

<b>Bu’aa eegamu</b>	<b>Ga’umsa</b>
3. Barreeffama dubbisuun gammaduu, beekumsa argachuufi hubachuu.	3.1. Boca qubeewwaniifi fakkiiwwanii adda baasuufi hubachuu nidanda’u.

**Gocha Tokko:** Fakkii dubbisuu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan dubbisuun waan arganiifi hubatan nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan addaddaa



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa’imaatiif fakkii garagaraa kennuu;
- Dabaree dabareen ba’uun waan fakkiiirratti argan hiriyoota isaanittii agarsiisuun akka himan gochuu;
- Fakkii wayita namoonniifi bineeldonni dalagaalee addaddaa raawwatan agarsiisu minjaalarra kaa’uu;
- Daa’imman dabaree dabareen ba’uun fakkii tokko kaasuun fakkicharraatti waan argan akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Fakkiiwwan hubachuun ibsuu danda’uu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Fakkiiwwan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan walfakkaatan walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan addaddaa



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif fakkiiwwan garagaraa kennuun akka ilaalan gochuu;
- Itti aansuun, barsiisaan/tuun fakkii guddifamee kaafame daa'immanitti agarsiisuu;
- Daa'imni fakkii walfakkaatu qabate bahee barsiisaa/tuu bira akka dhaabbatu gochuu;
- Maal akka ta'e tokkummaan akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Fakkiiwwan walfakkaatan walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Garaagarummaa fakkiiwwanii hubachuu



**Kaayyoo:** Garaagarummaa fakkiiwwan gidduu jiru hubachuun nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan walfakkaatan garuu garaagarummaa xiqqoo qaban



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan walfakkaatan garuu garaagarummaa xixiqqoo qaban kanneen bakka daa'immanitti mul'achuuf mijataa ta'e kaa'uu;
- Fakkiiwwan akka ilaalaniif maal akka ta'ee akka himan gochuu;
- Garaagarummaa fakkiiwwan gidduu jiru akka dubbatan jajjabeessuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif fakkiiwwan walfakkaatan garuu addaddummaa xiqqoo qaban lama lama kennuun sirriitti akka ilaalan gochuu;
- Tokkoon tokkoon daa'ima fakkii isaa/ishee dhaqqabe maal akka ta'eefi addaddummaan isaanii maal akka ta'e akka dubbatan jajjabeessuu;

**Fakkeenyaaf,** fakkii daa'imman lama hojjaa walqixaafi kornayaa tokko ta'an ilaaluun tokko koofiyaa godhatee jira tokko immoo....



**Madaallii:** Addaddummaa fakkiiwwan gidduu jiru hubachuufi himuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Maqaafi boca qubeewwanii adda baasuu



**Kaayyoo:** Maqaafi boca qubeewwanii adda baasuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardii qubee/gabatee



**Mala raawwii:**

- Kaardiiwwan qubee sadii kan bocaan walfakkaatan filuu;
- Qubeewwan akka waan daa'immaniin walbaruu barbaadan fakkeessuun maqaafi boca isaanii daa'immanitti himuun walbarsiisuu;
- Faaruu, 'Ani eenyu?' " jedhu faarfachiisuun qubeen hundi maqaa ittiin waamaman akka qaban akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Maqaafi boca qubeewwanii adda baasuu shaakaluu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Shan:** Qaqqabuudhaan bocaafi maqaa qubee adda baasuu



**Kaayyoo:** Qaqqabuudhaan/tuttuquudhaan maqaafi boca qubee adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** gabatee qubee cirrachaan shaakarrraa'ee tolfame



**Mala raawwii:**

- Gabatee qubee arjajjaa'aa cirracharraa tolfame fayyadamuun daa'imman harkaan qaqqabuun maqaa isaanii akka dubbatan gochuu;
- Qubeewwan qaqqabanii baran qilleensarratti akka barreessan gochuu;
- Dhumarrattis quba isaanii agarsiistuudhaan dugda hiriyoota isaaniirratti barreessuun maqaan qubee eenyu akka ta'e akka dubbatan gochuun maqaafi sagalee qubee akka adda baasan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Qaqqabuudhaan maqaafi boca qubee adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Jaha:** Sheekkootiin bocaafi maqaa qubee adda baasuu



**Kaayyoo:** Sheekkoodhaan maqaafi boca qubee addaan nibaafatu.



**Meeshaalee deeggarasaa:** kaardiiwwan qubee, sheekkoo gabaabaa maqaafi boca qubeerratti xiyyeeffate (kitaaba sheekkoo)



**Mala raawwii:**

- Kaardiiwwan qubeetti fayyadamuun sheekkoo itti himuun qubeewwan sirriitti akka hubatan gochuu;

**Fakkeenya:**

*Bara tokko qe'ee tokko keessa qofaa ishee kan jiraattu qubee 'b' kan jedhamtutu ture. Qubeen kunis bifaan kan ishee fakkaattuufi kan ishee waliin taphattuu barbaaduuf gara qe'ee biroo deemuu jalqabde. Osoo karaarra deemaa jirtuu muka guddaa tokko jalatti qubee bogaan ishee fakkaattu tokko argitee fiigaa gara mukichaa dhaqxe. Qubeen sunis, eessaa akka dhufteefi eenyu akka jedhamtu itti himte. Lamaan isaaniyyuu wal fakkeenya isaanii dinqisiifatan. Ati kan narraa adda taatu garaan kee gara duubaatti garagaluu isaatiin. Achiis, waliin taphachuu itti fufan.....*

**Yaadannoo:** Qabiyyee sheekkichaa, bocaafi sagalee namfakkiiwwanii (qubeewwan) irratti xiyyeeffatanii fakkiin deeggaramuun dhiyeessuun barbaachisaadha. Sheekkoo gabaabaan maqaafi boca qubeerratti xiyyeeffachuun daa'immaniif dhiyaatu keessatti namfakkiiwwan qubeewwanii ta'uu qabu.



**Madaallii:** sheekkoodhaan bocaafi maqaa qubee adda baasuu isaanii madaalaa.

**Gocha Torba:** Tapha hibbootiin bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu



**Kaayyoo:** Tapha hibbootiin bocaafi sagalee qubeewwanii addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Kaardii qubee, kitaabilee hibboo



**Mala raawwii:**

- Hibboo gaafachuudhaan bocaafi sagalee qubeewwanii akka adda baasan gochuu

**Fakkeenya:**

**Gaafataa:** *Hibboo?*

**Gaafatamaa:** *Hibbakka*

**Gaafataa:** *Ani gosa qubee keessaa tokkodha, luka sadiin qaba; nama ulee  
ulee dhaabbatuun fakkaadha. Ani eenyu?*

**Gaafatamaa:** ‘m’ dha



**Madaallii:** Tapha hibbootiin bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu danda’uu isaa madaalaa.

**Gocha Saddeet:** Taphaan bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu



**Kaayyoo:** Taphaan bocaafi sagalee qubeewwanii addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardiiwwan qubee 5x5 cm ta’e, kaardiiwwan qubee 15x17 ta’e



**Mala raawwii:**

- Bakka daa’immanitti mul’atu dhaabbachuun kaardii qubeewwan isaan kanaan dura baratan qabate itti agarsiisuun maqaa qubee sanaa akka waaman gochuu;
- Itti aansuun kaardii qubeewwan baratan sadii erga itti agarsiistanii booda daa’imman akka dunuunfatan gochuu;
- Wayita daa’imman ija isaanii dunuunfatanitti kaardii tokkicha dhoksuun amma immoo ija isaanii akka banatan gochuun qubeen dhokatte eenyu akka ta’e akka dubbatan gochuun tapha ‘kan hir’ate guuti...’ jedhu taphachiisuu;
- Tapha ‘bahuuf, bahuuf...’ jedhus haaluma kanaan taphachiisuu;
- Barsiisaan/tuun daa’imman hundaafuu kaardii qubeewwan barreeffaman kennuufii;
- Itti aansuun, barsiisaan/tuun daa’imman fuuldura dhaabbachuun gabatee qubee dugda duubatti dhoksuun qabachuu;
- Achiis, tapha, bahuuf, bahuuf...’jedhu jechaa tokko baasee itti agarsiisuu;
- Daa’imman kaardii qubee gosa barsiisaan/tuun agarsiise/te qabatan baasanii agarsiisuu;
- Maqaa qubee sanaas akka dubbatan gochuu;





**Madaalli:** Taphaan bocaafi sagalee qubee adda baasuu isaanii madaalaa.

**Gocha Sagal:** Pazilii qubeetiin bocaafi sagalee qubee adda baasuu



**Kaayyoo:** paziliidhaan bocaafi sagalee qubee adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** pazilii qubee



**Mala raawwii:**

- Pazilii qubee bakka afuritti mummurame itti agarsiisuun akkamitti akka walqabsiisan itti agarsiisuu;
- Daa'imman lama yookiin sadii daa'imman fuuldura dhaabbachuun pazilii qubee akka walqabsiisan gochuun qubeen walqabsiisan eenyu akka taate akka dubbatan gochuu;
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii hiriyoonna daree isaanii akka mirkaneessan gochuu;



**Madaalli:** Paziliidhaan bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gochaa Kudhan:** Qubeewwan dubbisuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan addaddaa nidubbisu.



**Mala raawwii:**

- Qubeewwan daa'imman baratan gubbaa gara gadiitti yookiin bitaa gara mirgaatti barreessuu;
- Daa'immanis gamtaan tooraan akka dubbisan gochuu;



**Madaalli:** Daa'imman qubeewwan gubbaa gara gadiittifi bitaa gara mirgaatti dubbisuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Tokko:** Doomiinoo qubeewwanii taphachuu



**Kaayyoo:** Doomiinoo taphachuudhaan bocaafi sagalee qubee adda baafachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** doomiinoo qubeewwanii



**Mala raawwii:**

- Haala daa'immaniif galuu danda'uun adeemsaafi seera tapha doomiinoo ibsuufii;
- Doomiinoo qubee qubeewwan baratanirraa qophaa'an itti kennuun lama lama ta'uun minjaala isaaniirratti akka taphatan gochuu;

**Fakkeenya:**

K	g
---	---

b	d
---	---

r	l	f	s
---	---	---	---

m	n
---	---

w	y
---	---

- Yeroo isaan taphatan gidduu deddeemuun deeggarsa barbaachisu taasisuufii;

**Madaallii:** Doomiinoo taphachuudhan bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Kudha Lama:** Qubeewwan bocaan walfakkaatan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan walfakkaatan walitti firoomsuudhaan bocaafi sagalee qubeewwanii adda baasuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** loottoo qubeewwan



**Mala raawwii:**

- Qubeewwan lama ta'anii jiran kan daa'imman beekan daa'immaniif minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Qubeewwan bocaan wal walfakkaatan akka walitti firoomsan gochuu;

**Fakkeenya:**

b	M	u
d	N	v

b
---

m
---

u
---

d
---

n
---

v
---



**Madaallii:** Qubeewwan bocaan walfakkaatan walitti firoomsuu bocaafi sagalee qubeewwan adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Maqaa qubeewwaniifi fakkiiwwanii himuu



**Kaayyoo:** Maqaa qubeewwaniifi fakkiiwwanii nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan, waraqaa qubeewwan daa'imman baratan irraa gara gadiittiifi bitaa gara mirgaatti barreeffame



**Mala raawwii:**

- Kanneen armaan olii tokkoo tokkoo daa'imaaf kennuu;
- Daa'imman ba'anii fakkii (qubeewwan) gubbaa gara gadiifi bitaa gara mirgaatti dubbisuun maqaa isaanii akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Maqaa qubeewwaniifi qubeewwan dubbachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Afur:** Qubeewwan walitti fiduun dubbisuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan walitti fiduun dubbisuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardiiwwan qubee



**Mala raawwii:**

- Kaardiiwwan mil'uu qubeewwan isaan baratan qabate fayyadamuun walcinaa kaa'uun qubeewwan lakkaahuun dubbisuu akka shaakalan jajjabeessuu;
- Hiika jecha dubbisanii gaafachuun akka dubbisan jajjabeessuu;
- Deebii daa'immanii erga dhaggeeffatanii booda hiika jecha dubbisanii itti himuu;



**Madaallii:** Qubeewwan walitti fiduun dubbisuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Shan:** Jechoota dubbisuun hubachuu



**Kaayyoo:** Jechoota dubbisuufi hiika isaanii hubachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardiiwwan jechootaa qubeewwan baratan bu'uura godhachuun ijaaraman



**Mala raawwii:**

- Kaardii fayyadamuun tokkoo tokkoo qubee barsiisaa/tuu waliin dubbisuu akka shaakalan gochuu;
- Hiika jechichaa itti himuu;



**Madaallii:** jechoota dubbisuuf hiika isaanii hubachuu shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Jaha:** Jechoota walfakkaatan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Jechoota walfakkaatan walitti firoomsuun dubbisaa hiika isaanii hubachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardiiwwan jechootaa qubeewwan baratanirraa ijaaraman



**Mala raawwii:**

- Kaardiiwwan kanneen tokkoo tokkoo daa'imaatiif kennuun osoo nama tokkottuu hinagarsiisiin akka dubbisan gochuu;
- Itti aansuun, waraqaa guddaarratti jechoota barreessuun dabaree dabareen akka dubbisan gochuu;
- Daa'imman jechicha of harkaa qabu barsiisaa/tuu bira akka dhaabbatu gochuu;
- Jechicha gamtaan akka dubbisan gochuu;



**Madaallii:** Jechoota walfakkaatan walitti firoomsuun jechoota dubbisuufi hiika isaanii hubachuu shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Torba:** Tapha jechootaa taphachuu



**Kaayyoo:** Tapha jechootaa taphachuudhaan jechoota dubbisuufi hiika isaanii hubachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** loottoo jechootaa, kaardii jechootaa qubeewwan barataniin ijaaraman



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee kanneen daa'immaniif kennuun taphachaa dubbisuu akka shaakalan carraa kennuu;

**Fakkeenya:**

mana	Nama
------	------

lama	mala
------	------

booda	daboo
-------	-------

mana	nama
------	------

gaara	mana	garaa
booda	nama	mala

nama
------

gaara
-------

booda
-------

mana
------

mala
------

daboo
-------



**Madaallii:** Tapha jechootaa taphachuudhaan dandeetti jecha dubbisuu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Saddeet:** Qubeewwan maqaa ofii keessa jiran adda baasuu



**Kaayyoo:** Qabeewwan maqaan isaanii ittiin barreeffame adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa mummurame, dabtara, faayila, meeshaa laaqanaafi kanneen kana fakkaatan..



**Mala raawwii:**

- Qabeenya dhuunfaa isaaniirratti waraqaa fayyadamuun maqaa isaanii guddisanii barreessuu; Fakkeenya: Dabbara fakkiirratti, faayilarratti meeshaa laaqanaa isaaniirratti..;
- Qubeewwan maqaa isaanii keessa jiran hubatanii akka ilaalan gochuu;
- Tokkoon tokkoon qubee sagaleewwan maqaa isaanii keessa jiru akka qabate itti himuu;
- Qubeewwan maqaan isaanii ittiin barreeffame akka adda baasan gochuu;

**Yaadachiisa:** Gochi kun kan wayitii tokko qofa keessatti raawwatamu miti.



**Madaallii:** Qubeewwan maqaa isaanii keessa jiran adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Sagal:** Maqaa ofii adda baasuu



**Kaayyoo:** Maqaa ofii maqaa namoota biroorraa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardii (waraqaa) maqaan daa'imman kutaa isaanii irratti barreeffame



**Mala raawwii:**

- Erga maqaa isaanii adda baasanii booda kaardiiwwan kanneen daa'immanitti kennuu;
- Maqaa ofii akka barbaadaniifi yommuu argatan qubeessaan akka itti sararan gochuu;



**Madaallii:** Maqaa ofii kan namoota biroorraa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Digdama:** Qubeewwan maqaa isaanii keessa jiran kan biroorraa adda baasuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan maqaa isaanii kan biroorraa adda nibaaafatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** maqaa barattootaa waraqaa qubeen tokko kan keessaa hir'ateefi qubeewwan biroon gara jalaatti walirraa fagaatee irratti barreeffamee



**Mala raawwii:**

- Waraqaalee kanneen tokko tokko daa'imaatiif kennuu;
- Qubee keessaa hir'ate barbaadani akka jala sararan gochuu;



**Madaallii:** Qubeeffan maqaa isaanii kan biroorraa adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Digidamii Tokko:** Fakkiiwwan eegalaman xumuruu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan eegalaman hubachuun nixumuru.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan eegalamanii osoo hinxumuramiin hafan



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan osoo hinxumuramiin hafan daa'immanitti kennuun akka xumuran gochuu;
- Erga xumuraniis hiriyoota isaaniitti agarsiisuun maal akka ta'e akka himan jajjabeessuu;

**Fakkeenya:**



**Madaallii:** Fakkiiwwan jalqabbiin hafan hubachuun xumuruu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Digdamii Lama:** Akkaataa qabannafi banannaa



**Kaayyoo:** Akkaataa qabannafi banannaa kitaabaa nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee fakkii/oduu durii, barruulee



**Mala raawwii:**

- Harka bitaan kitaaba qabachuudhaan, harka mirgaan cinaa gara gadii qabachuun kitaaba mirgaa gara bitaatti akkamitti banuun akka danda'amu itti agarsiisaa itti himuu;
- Daa'immanis ba'uun qabannaafi banamaa kitaabaa akka shaakalan gochuu;
- Barruuleefi kitaabilee fakkii garagaraa ofkeessaa qaban daa'immaniiti kennuun qabannaafi banama kitaabaa akka shaakalan gochuu;
- Kitaaba harka jiidhaan yoo qabaniifi nyaanniifi bishaan yoo irra bu'e miidhamuu akka danda'u gochaan itti agarsiisuun akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Qabannaafi banama kitaabaa shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Digdamii Sadii:** Kitaabilee miidhaman suphuu



**Kaayyoo:** Kitaabilee tarsi'an suphuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** xalayaa kitaaba keessatti barreeffame, poostaa, kitaabilee daa'immanii kan fakkii/sheekkoo ta'anii kan bubuqqa'an (miidhaman), meeshaalee kitaabaa suphaaf gargaaran (pilaster, doosee, maqxoo fi kanneen kana fakkaatan ...)



**Mala raawwii:**

- Kitaabilee fakkii sheekkoo daa'imman biratti jaallataman keessa daa'immaniif xalayaan akka ergameef itti himuudhaan xalayicha poostaa keessaa baasuudhaan dubbisuu;
- Kitaabicha sababa bubuqqa'eefi tatarsa'eef miidhamuu isaafi kitaabicha suphuuf kan gargaaran meeshaaleen waliin ergamuu isaa itti himuun baasanii itti agarsiisuu;



- Daa'imman kitaabicha suphuuf hayyamamoo ta'uu isaanii gaafachuu;
- Itti aansuun, kitaabilee tatarsa'aniifi bubuqqa'an daa'imman waliin suphuufi gamaluu (haguuguu);
- Dhumarrattis ,erga kitaabileef suphaan taasifamee booda akka sirrateefi daa'imman akka galateeffatan itti himuu;
- Isaanis ta'e daa'immaniifi namoonni biroon kitaabilee kanneen seeraan akka qabataniifi akka keessaa hinbuqqisne yaboo jechuu isaanii itti himuun guduunfuu;



**Madaallii:** Akkaataa qabaannaafi suphiinsa kitaabaa shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Qindoomina sochii harkaafi ijaa cimsachuun barreessuuf qophii ta'uu	4.1. Dalagaalee addaddaa raawwachuudhaaf ijaafi harka isaanii fayyadamuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Kophee hidhachuu/hiikuu, sharneelaa uffataa banachuu/cufuu shaakaluu



**Kaayyoo:** Kophee hidhachuu/hiikuu, sharneelaa uffataa banachuu/cufuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qodaa pilaastikaa hanga garagaraa qaban, bishaan, cirrachaafi kanneen kana fakkaatan...



**Mala raawwii:**

- Haada kophee akkamitti akka hidhatan/ hiikkatan itti agarsiisuu;
- Sharneelaa aziraaraafi sharneelaa uffataa akkamitti akka cufaniifi banan itti agarsiisuu;
- Daa'immanis of danda'anii akka shaakalan gochuu;
- Daa'imman jireenya isaanii guyyuu keessatti ofdanda'anii sharneelaa uffata isaanii banuufi cufuu, aziraarii uffata isaanii banuuf cufuu, hidhaa kophee isaanii hiikuuf hidhuu akka shaakalan carraa kennuufii;

**Yaadannoo:** Maatiifi guddistoota isaaniitti himuudhaan manattis akka shaakalan carraan akka kennamuuf gochuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Qindoomina sochii harkaafi ijaa cimsachuu isaanii wayita isaan dalagan ilaaluun gamaggamaa.

**Gocha Lama:** Waraqaa walitti micciiruu, tatarsaasuufi mummuruu



**Kaayyoo:** Waraqaa walitti micciiruu, tatarsaasuufi mummuruu nidanda’u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Waraqaalee abbaa halluu tajaajilaan ala ta’an, barruulee, gaazexaafi kanneen kana fakkaatan. . .



**Mala raawwii:**

- Kanneen armaan olii daa’immaniif minjaala isaaniirra kaa’uu;
- Waan barsiisaan/tuun godhu ilaaluun isaanis waraqaa akka tarsaasan, micciiraniifi muran gochuu;
- Tokkoo tokkoo gochaa yommuu isaan raawwatan barsiisaan/tuun amma akka kootti waraqaa tarsaasaa jechuun, maal gochaa jirtu jedhanii gaafachuun jecha gocha waliin walitti firoomsuu;
- Dhumarratti, daa’imman hundi waraqaalee kukkutan walitti qabuun guuboo balfaa keessa akka buusan gochuu;
- Harka isaanii bishaaniin akka dhiqatan gochuu;



**Madaallii:** Maashaalee harkaafi quba harkaa isaanii jabeeffachuun barreessuuf qophaa’uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Halluuwwan adda baasuu



**Kaayyoo:** Meeshaalee /wantootaa halluu isaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Meeshaalee taphaa halluu garagaraa qaban



**Mala raawwii:**

- Wantoota kanneen daa’immaniif minjaala isaaniirra kaa’uu;
- Halluu isaaniin akka ramadan gochuu;

- Meeshaalee taphaa kanneen maaliif akkanatti akka ramadan haasaan /dubbiin akka ibsan gochuu;



**Madaallii:** Meeshaalee halluu isaaniin adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa

**Gocha Afur:** Harka isaanii chaappessuu



**Kaayyoo:** Harka isaanii chaappessuudhaan qindoomina sochii harkaafi ijaa cimsachuun barreessuuf niqophaa'uu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa halluu bishaaniin bulbulamu, moosee, kaartoniifi kanneen kana fakkaatan . .



**Mala raawwii:**

- Halluu bishaanii fayyadamuun barruu harka isaanii akkamitti chaappessuu akka danda'an itti himuu;
- Daa'immaniif waraqaa keennuun halluu bishaanii filataniin barruu harka isaanii waraqaarratti akka chaappessan gochuu;
- Waraqaa chaappessan miila jalattis maqaa isaaniifi guyyaa barreessuu, yommuu inni gogu gidaara manaarratti maxxansuu;
- Daa'immanis kutaa keessa naanna'uun waraqaa maqaan isaanii irratti barreeffame dubbisuudhaan hojii isaanii akka adda baafatan gochuu;

**Yaadannoo:** Hojii maxxansaa kana moosee, kaartoniifi bocawwan garagaraa fayyadamuun shaakalsiisuun nidanda'ama.



**Madaallii:** Yommuu isaan harka isaanii chaappessan ilaaluun qindoomina sochii ijaafiharkaa gabbifachuun barreessuuf qophaa'uu isaanii madaalaa.

**Gochaa Shan:** Bocawwan adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantootaa/meeshaalee boca isaaniin adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** bocawwan ji'oometirii (rogsadee, rogafree, geengoo) meeshaalee garagara (kubbaayyaa, xaasaa, dabtara, meeshaa laaqanaa, korojoo/boorsaafi kanneen kana fakkaatan....)



**Mala raawwii:**

- Bocawwan ji'oometiriifi meeshaalee garagaraa minjaala isaaniirratti kaa'uun haalaa boca isaaniin akka ramadan gochuu;
- Wayita isaan ramadan jidduu naanna'uun deeggarsa barbaachisu gochuu;
- Wayita isaan ramadaniif fixan maaliif akka akkanatti ramadan akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Meeshaalee boca isaaniin ramaduu danda'uu isaani madaalaa.

**Gocha Jaha:** Halluuwwan, bocawwaniifi hanga waan tokkoo adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota garagaraa halluun, bocaafi hanga isaaniin adda nibaafatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee halluun, bocaafi hojjaan garagara ta'an, leemmanoota hanga garagaraa qaban (muka mummuramaa...)



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee kanneen daa'immaniif kennuu;
- Halluu isaaniin, bocaafi hojjaa(dheerina) isaaniin akka ramadan gochuu;
- Leemmanoota itti kennuun haala hojjaa isaaniin akka ramadan gochuu;
- Maaliif akka ramaduu danda'an akka himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Wantoota garagaraa halluu isaaniin, bocaafi hanga isaaniin adda baasuu danda'uu isaani madaalaa.

**Gocha Torba:** Wantoota garagaraan fakkii guutuu (Siidii kollaajii hojjachuu)



**Kaayyoo:** Wantoota garagaraan fakkii niguutu. (Siidii kollaajii nihojjatu)



**Meeshaalee deeggarsaa:** firiii midhaanii, baallee, jirbiifi kanneen kana fakkaatan, doosee furdaarratti kan kaafaman wantoota daa'imman beekan (kubbaa, mana, lukkuufi kanneen kana fakkaatan . . .)



**Mala raawwii:**

- Bakka daa'immaniif mul'atu dhaabbachuun fakkiiwwanitti kollaa itti dibuudhaan firii midhaanii garagaraa, baallee, jirbiifi kanneen kana fakkaatan. . . fayyadamuun itti guutuun agarsiisuu;
- Daa'immaniifis fakkii salphaa ta'e itti kennuun haaluma ilaalaniin akka hojjatan gochuu;
- Wayita isaan hojjatan gidduu naanna'uun jajjabeessuu, deeggarsas kennuufii;



**Madaallii:** Qindoomina sochii ijaafi harkaa cimsachuun barreessuuf qophaa'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Saddeet:** Kutaa qubee gara keessaa jiru guutuu



**Kaayyoo:** Kutaa qubee gara keessaa sarara keessaa osoo hinbahiin wantoota addaddaan guutuu nishaakalu..



**Meeshaalee deeggarsaa:** koollaa, waraqaa mummuramaa abbaa halluu, qubeewwan daa'imman baratan gurguddifamanii waraqaarratti barreeffaman



**Mala raawwii:**

- Qubeewwan daa'imman baratan gurguddifamanii cimdiidhaan barreeffaman kutaa isaan gara keessaa koollaa itti dibuudhaan waraqaa ciccitaa itti guutuun daa'immanitti agarsiisuufi qubee akkamii akka ta'e gaafachuu;

- Tokkoo daa’imaatiif qubee isaan kana dura baratan qubee tokko kan cimdiin barreeffame haaluma ilaalaniin sarara keessaa osoo hinbahiin akka hojjatan gochuu;
- Erga xumuraniis dabareen waan hojjatan hiriyoota daree isaaniitti akka agarsiisaniifi qubee maalii akka ta’e akka dubbatan carraa kennuufii;
- Itti aansuun, kutaa keessaa bakka mul’atutti maxxansuu;



**Madaallii:** Boca qubee adda baasuuf shaakaluu isaani hordofaa.

**Gocha Sagal:** Bocawwan bu’uuraa hojjachuu



**Kaayyoo:** Bocawwan bu’uuraa hojjachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** firii mukaa, muka kibiriitii, qorkii



**Mala raawwii:**

- Muka kibiriitii fayyadamuun boca qubee barataniin akkamitti akka hojjatan (minjaalarratti) jidduu naanna’uun itti agarsiisuu;
- Daa’immaniifis carraa kennuun akka shaakalan gochuu;
- Maal akka hojjatan gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Bocawwan bu’uuraa hojjachuu shaakaluu isaani hordofaa.

**Gocha Kudhan:** Fakkii halluu dibuu



**Kaayyoo:** Fakkii garagaraa sarara keessaa osoo hinbahiin halluu dibuudhaan barreessuuf niqophaa’u



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Daa’imman sarara keessaa osoo hinbahiin fakkii guddifamee kaafame akka itti qubeessaa abbaa halluu itti diban itti agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif fakkii kennuun akka diban gochuu;

- Fakkii maalii akka dibaniifi halluu akkamii akka diban akka dubbatan jajjabeessuu;
- Waan hojjatan kan hiriyoota isaaniin walbira qabani akka ilaalan gochuu;

**Gocha Kudha Tokko:** Fakkii kaasuufi halluu dibuu



**Kaayyoo:** fakkii garagaraa kaasuun halluu nidibu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaaba xiqqoo waraqaa dadachaasuun qophaa'e, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Kitaaba xiqqoo waraqaa dadachaasuun hojjatamte tokkoo tokkoo daa'imaatiif kennuudhaan waan barbaadan akka hojjatan gochuu;
- Boodas fakkii kaasan halluu barbaadaniin dibuudhaan barreessuuf qopheessuu;
- Dhumarrattis maal akka kaasaaniifi halluu akkamii akka diban hiriyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu;



**Madaalli:** Fakkii addaddaa kaasuufi halluu dibuun barreessuuf qophaa'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Lama:** Sheekkoo hubachuudhaan fakkiin ibsuu



**Kaayyoo:** Sheekkoo hubachuudhaan fakkiin ibsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa, kitaaba sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Muudannoo/seenaa gabaabaa umrii daa'immaniin walsimu itti himuu;
- Itti aansuun, daa'imman maaltu akka isaan gammachiiseefi hingammachiifne gaafachuun mariisiisuu;

- Boodas, tokkoo tokkoo daa'imaatiif qubeessaa, waraqaafi qubeessaa abbaa halluu kennuudhaan seenaa dhaga'an keessaa kan isaan gammachiise, gaddisiiseefi kanneen kana fakkaatan. . . fakkii akka kaasaniif halluu akka diban gochuu;



**Madaallii:** Sheekkoo hubachuun fakkiin ibsuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Qubeewwan halluu dibuufi maqaa isaanii himuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan sarara cimdiin barreeffaman halluu dibuun maqaa isaanii niwaamu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeewwan gurguddifamanii cimdiin barreeffaman, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Qubeewwan sarara cimdiin barreeffaman daa'immaniif kennuudhaan osoo sarara keessaa hinba'iin halluu akka diban gochuu;
- Maqaa qubee halluu dibaniifi halluu akkamii akka diban hiriyoota isaanii fuulduratti ba'anii akka himan gochuu;
- Hojii isaaniiratti maqaa isaanii barreessuun bakka mul'atutti kutaa keessatti maxxansuu;



**Madaallii:** maqaa qubee himuu shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Kudha Afur:** Bocawwan addaddaa xibiruu



**Kaayyoo:** Bocawwan addaddaa xibiruudhaan qindoomina ijaafi harkaa cimsachuun barreessuuf niqophaa'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** foo'aa (kirrii), lilmoo doomaa, bocawwan doosee furdarratti kaafamanii darbee darbee marfee qara hinqabnee u'uraman



**Mala raawwii:**



- Bocaawwan addaddaa dooseerratti kaafamanii lilmoo doomaatiin darbee darbee u'urame kirrii suufii fayyadamuun akkaataa itti xibiramu agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo daa'immaniif fakkii dooseerratti kaafame, lilmoo doomaafi kirrii suufii itti kennuun haaluma ilaalaniin akka shaakalan gochuu;
- Daa'immanis akkaatuma ilaalaniin akka shaakalan gochuu;
- Wayita xumuranis wanti hojjatan maal akka ta'e gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Bocaawwan garagaraa xibiruudhaan qindoomina ijaafi harkaa cimsatanii barreessuuf qophaa'aa ta'uu isaanii mirkaneessaa

**Gocha Kudha Shan:** Bocaawwan gurraachessuu



**Kaayyoo:** Bocaawwan ji'oometirii addaddaa sarara eeganii nigurraachessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, fakkiiwwan guddifamanii tuttuqaan kaafaman



**Mala raawwii:**

- Fakkii ji'oometirii tokko osoo hingurraacheffamiin jiru akkamitti akka gurraachessan daa'immanitti agarsiisuu;
- Bocaawwan ji'oometirii lama yookiin sadii kan osoo hingurraachessamiin hojjataman tokkoo tokkoo daa'immaniif kennuun akkaatuma ilaalaniin sarara eeganii akka gurraachessan gochuu;
- Yommuu xumuranis waan gurraachessan akka dubbatan gochuu;
- Wanta isaan hojjatan bakka mul'atutti maxxansuu;



**Madaallii:** sarara eeganii fakkii gurraachessuun barreessuuf qophaa'an ta'uu isaanii hordafuun madaalaa.

**Gocha Kudha Jaha: Fakkiiwwan gurraachessuu**



**Kaayyoo:** Sarara eeganii fakkii gurraachessuun barreessuuf qophaa'u



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, fakkiiwwan guddifamanii tuttuqaan kaafaman;  
Fakkeenya: Mana, konkolaataa, abaaboofi Kanneen kana fakkaatan. . .



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan osoo hingurraacha'iin kaafaman daa'immaniif kennuun sarara eeganii gurraachessuu akka shaakalan carraa kennuufii;
- Waan hojjatan hiriyoota isaanii fuuldura dhaabbachuun waan hojjetan maal akka hojjetan akka itti himan gochuu;
- Waraqaa miljalattis maqaa isaaniifi guyyaa barreessuun bakka mul'atutti maxxansuu;



**Madaallii:** Sarara eeganii fakkii gurraachessuun barreessuuf qophaa'aa ta'uu isaanii hordofuun madaalaa.

**Gocha Kudha Torba: Sararoota bu'uura hojjachuu**



**Kaayyoo:** Sararoota bu'uura hojjachuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Waraqaa, qubeessaa, sararoota bu'uura, gadee, dalgee, shaffaaxa, hammattuu, daddabaa, tuttuqaafi kanneen kana fakkaatan. . .) waraqaa guddaarratti kaafame.



**Mala raawwii:**

- Sararoota bu'uura qilleensarratti hojjachaa daa'immanitti agarsiisuu;
- Daa'imman akkaataa ilaalaniin qilleensarratti hojjachuun akka shaakalan gochuu;
- Waraqaa isaaniif kennamerratti sararoota bu'uura akka hojjatan gochuu;

- Sararoota bu'uraa walqabsiisuun fakkiiwwan addaddaa akkamitti akka hojjatan itti agarsiisuun shaakalsiisuu; Fakkeenya: karaa, riqaa, qaxxaamura, biiftuu, bokkaa....



**Madaallii:** Sararoota bu'uraa hojjachuu danda'uu isaanii hordofaa

**Gocha Kudha Saddeet:** Tuttuqaa qubeewwanii gurraachessuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan tuttuqaan barreeffaman gurraachessuun qubeewwan barreessuufi maqaa isaanii himuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, qubeewwan daa'imman baratan gurguddifamanii tuttuqaan barreeffaman



**Mala raawwii:**

- Daa'imman tuttuqaa hordofuun akka gurraachessan gochuu;
- Achiis, hiriyoota isaanii fuldura ba'uun qubee sana itti agarsiisaa ani eenyu? Ani eenyu? Na baraa jechaa faarfachuun hiriyoota daree isaanii gaafachuu;



**Madaallii:** tuttuqaa gurraachessuun qubeewwan barreessuufi maqaa isaanii dubbachuu anda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Sagal:** Qubeewwan halluun barreessuu



**Kaayyoo:** Qubeewwan halluun bareeessuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** halluu bishaaniin bulbulamuufi waraqaa



**Mala raawwii:**

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun halluu bishaanii fayyadamuun quba elemtuu halluu keessaa cuubuun qubeewwan daa'imman kana dura baratan boca isaanii barreessuun itti agarsiisuu;

- Tokkoo tokkoo daa'immaniitiif minjaala isaaniirra halluu bishaaniifi waraqaa kaa'uun akkaatuma ilaalaniin qubeewwan beekan keessaa kan isaanitti tole barreessuun akka shaakalan carraa kennuufii;
- Itti aansuun, qubee barsiisaan/tuun itti himuu akka barreessaniifi wayita xumuranis harka isaanii isa halluu hintuqiiniin ol kaasani akka agarsiisan gochuu;



**Madaallii:** Qubeewwan halluun barreessuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Digdama:** Qubeewwan barreessuu



**Kaayyoo:** qubeewwan barreessuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, bocawwaniifi qubee kanaan dura baratan waraqaarratti hojjataman



**Mala raawwii:**

- Qubeewwan daa'imman kana dura baratan kan waraqaarratti barreeffame tokkoo tokkoo daa'immaniitiif kennuu;
- Jala sararuun akka hojjataniifi barreessan carraa kennuufii;
- Wayita isaan hojjatan gidduu naanna'uun jajjabeessuufi deeggarsa kennuu;
- Dhumarrattis, maal akka barreessan gaafachuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Qubeewwan barreessuu shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

**2.3.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan**

Maqaa mana barnootaa idileen duraa \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Koornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Waa'ee daa'ima dawwatamee ilaalchisee sadarkaa daa'imni sun irra jiru agarsiisuuf lakkoofsa sadarkaa tokkoo qofa guca daawwannaa' jedhu jalatti barreessaa.

**Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** gucni hordoffii kun jalqaba waggaarratti walakkaa waggaa fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaa		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1. Odeeffanoo seeraan dhaggeeffachuu fi haalotaaf deebii sirrii kennuu</b>			
1.1. Qajeelfamootaa fi ajajootaaf deebii kennuu ni danda'u.			
1.2. Kallattii sagalee agarsiisu fi madda sagalee adda baasuu ni danda'u.			
1.3. Waan dhaga'an himuu ni danda'u.			
1.4. Sheekkoo dhageefatanii waan hubatan ibsuu fi irra deebi'anii himuu ni danda'u			
<b>2. Haalota garagaraa keessatti ofitti amanamummaan haasa'uu fi aflattoon walii galuu</b>			
2.1. Mataa ofii naannoo ofii karaa sirrii ta'een ibsuu ni danda'u.			
<b>3. Dubbisuun gammaduu, beekumsa argachuu fi hubachuu</b>			
3.1. Fakkiiwwanii fi boca qubeewwanii adda baasuu fi hubachuu ni danda'u.			
4. Qindoomina sochii harkaa fi ijaa cimsachuun barreessuuf qophaa'uu			
4.1. Dalagaalee garagaraa raawwachuuf harkaa fi ija isaanii fayyadamuun ni danda'u.			

## **2.4. Sochii Jireenyaa Guyyuu Keessatti Yaadrimeefi Qooyyaba**

### ***Herregaan Fayyadamuu***

#### **2.4.1. Ibsa**

Herregni yaalii jireenyaa guyyaa guyyaatti taasisamurratti hundaa'uun walitti dhufeenya wantoota gidduu jiru hubachuuf kan gargaaru yommuu ta'u jireenya kamuu keessatti ni argama. Wantoonni guyyaa guyyaatti daa'imman muudatu herregaan kan walqabateedha.

Daa'imman yaadrimeewwan herregaa akka hubatan meeshaalee adda addaan guutametu isaan barbaachisa. Dabalataanis, meeshaalee kanneen fayyadamaa hamma humna isaaniitti socho'uun naannoo isaanii sakatta'uun akka baratan haala isaaniif mijeessuun barbaachisaadha. Yoo kun ta'e daa'imman of danda'anii sadarkaa isaaniitti yaaduu kan danda'an, rakkoo hiikuuf fedhii kan qabani fi barumsa herregaa bashannanaa fi itti gammadaa kan baratan ta'uu danda'u.

Yaadrimeen herregaa suuta suuta guddachaa kan deemuu fi sochiiwwan biroo waliin kan wal qabatuudha. Baay'ee fi muraasa, wantoota gurguddaa fi xixiqqaa adda baasuurraa kan jalqabu yaadrimeen herregaa suuta suuta lakkoofsota adda baasuu fi qooyyaabuutti guddataa deema. Waan kana ta'eef, barumsi herregaa kan sammuu daa'immanii kan cimsu/dagaagsu/, gammachuun akka hirmaatan akka ta'an gochuuf gochaa fi wantoota sochii daa'immanii waliin walitti dhufeenya qaban karoorsuu, haala umrii fi dandeetti daa'immaniin wal simuun raawwatamuu qaba.

#### **2.4.2. Kaayyoowwan Gooroo**

1. Walfakkeenya fi addaddummaa bocawwaniifi meeshaalee bifa duraa duuba isaa eegeen agarsiisuu akka danda'an gochuuf;
2. Meeshaalee fi lakkoofsota 1-10 jiran lakkaa'uu fi akaakuuwwan maallaqaa fi fakkii isaanii adda baasuu akka danda'an gochuuf;
3. Garaagarummaa hangaa fi bakka gidduu jiru, guyyoota torbanii, baatiiwwan, guyyoota addaa himuu akka danda'an gochuuf;
4. Namoota, meeshaalee, naannoo bu'uura godhachuun bakkaa fi fageenya ibsuu akka danda'an gochuuf;

**2.4.3. Ga'umsotaafi bu'aawwan eegaman**

1. Mala wantootaa sakatta'uu, hubachuu fi adda baasuu
  - 1.1. Garaagarummaafi walfakkeenya bocawwanii fi meeshaalee addaddaa gidduu jiru baasuu nidanda'u.
2. Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsiisuu
  - 2.1. Walitti dhufeenya wantoota gidduu jiru bifa duraa duuba eegeen agarsiisuu ni danda'u.
3. Lakkoofsota baruu, ibsuu, walitti dhufeenya isaanii hubachuu fi qoyyaaboota sasalphaa hojjachuu.
  - 3.1. Wantootaafi lakkoofsota 1-20tti lakkaa'uu nidanda'u.
4. Haalota garagaraa keessatti meeshaalee fi ulaagaalee safartuu sirrii ta'an fayyadamuu
  - 4.1. Garaagarummaa bakkaa fi hanga gidduu jiru eeruu ni danda'u.
5. Yaadrimeewwan yeroo hubachuu fi ibsituu isaanii fayyadamuu
  - 5.1. Guyyoota torbanii, baatiiwwan, guyyoota ayyaanaa/guyyoota addaa himuu ni danda'u.
6. Yaadrimee bakkaa hubachuu fi ibsituu isaanii fayyadamuu
  - 6.1. Namoota, meeshaalee naannoo bu'uuraffachuun bakkaa fi fageenya ibsuu ni danda'u.
7. Maallaqaan walbaruu, adda baasuu, ibsuufi fayyadamuu
  - 7.1. Akaakuu maallaqaa fi fakkii isaanii adda baasuu ni danda'u.

**2.4.4. Ga'umsotaafi bu'aawwan eegaman, eeruwwan meeshaalee deeggarsaafi mala Raawwii**

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
1. Amala meeshaalee sakatta'uu, hubachuu fi adda baasuu	1.1. Garaagarummaa fi walfakkeenya bocawwanii fi meeshaalee adda addaa gidduu jiru baasuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Meeshaalee walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Meeshaalee cimdii ta'an walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kubbaa, dhagaa caccabaa, firiiwwan, qorkiiwwan, dooqaa/callee



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee cimdii cimdiin dhiyeessuu, Fakkeenya: kubbaa, dhagaa caccabe, firiiwwan, qorkiiwwan, dooqaa/callee cimdii cimdiin dhiyeessuu;
- Warra cimdii ta'an tokko baasanii itti agarsiisuu;
- Wantoota isaaniif dhiyaatan kanneen cimdii ta'an baasuun bakka tokko tokko akka kaa'an gochuu;
- Wantoonni isaan adda baasuun cimdiin kaa'an kunniin maaliin akka walfakkaatan gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** amala meeshaalee cimdii ta'anii adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Wantoota hangaan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Wantoota hangaan walfakkaatan walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kubbaa, cirracha jajjaboo, firiiwwan, dooqaa, qorkii....



**Mala raawwii:**

- Wantoota garagaraa halluun itti dibame kan hangaan walqixa ta'aniifi addadda ta'an minjaala barsiisaa/tuu irra kaa'uu;
- Akaakuu hundarraa tokko rokko minjaala daa'immaniirra kaa'uu;



- Daa'immanis ka'uun kaan minjaala isaaniirra jiru keessaa qabatanii dabareen kan minjaala barsiisaa/tuu irra jiru waliin kan wal fakkaatu akka walitti firoomsan gochuu;
- Boodas, kan minjaalarratti hafan maaliif akka adda ta'an gaafachuun wal fakkeenyaafi garaagarummaa adda baasuu akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** Wantoota wal fakkaataniifi addadda ta'an hangaan walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Wantoota bocaan adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota boocaan walirra naquun addaddummaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** bocawwan rogsadee, rogafree, kaaree, geengoo/luxxee chippudiirraa qophaa'an/ bocawwan waraqaa adii guddaarratti kaafaman.



**Mala raawwii:**

- Boca rogsadee, rogafree, geengoo cimdii ta'an kan chippudiirraa hojjataman;
- Tokkoo tokkoo isaanii kaasuun maal akka jedhamu itti himuu;
- Warra walfakkaatan walirra kaa'uun akka waldorgomsiisan gochuu;
- Bocawwan waraqaa adii guddaarratti kaafaman fuuldura daa'immaniitti diriirsuudhaan bocawwan chippudiirraa hojjataman wajjiin kanneen walfakkaatan akka walirra kaa'an gochuu;



**Madaallii:** wantoota haala boca isaaniin walirra naquun garaagarummaa isaanii hubachuu hordofaa.

**Gocha Afur:** Bocawwan walfakkaatan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Bocawwan walfakkaatan walitti ni firoomsu.






**Meeshaalee deeggarsaa:** lootoo bocawwanii



**Mala raawwii:**

- Loottoo bocawwan walfakkaatanii dhiyeessuu;
- Tapha walitti firoomsuu akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** Bocawwan walfakkaatan walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa

**Gocha Shan:** Bocawwan maqaan adda baasuu



**Kaayyoo:** Bocawwan roga garaagaraa qaban maqaan adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii rogsadee, kaaree, rogafree, geengoo, luxxee



**Mala raawwii:**

- Bocawwan rogsadee, rogafree, geengoo waraqaa abbaa halluu ciccitaa minjaala daa'immaniirra kaa'uu;
- Yommuu barsiisaan/tuun geengoo kaasuun itti agarsiisu, daa'immanis kanneen walfakkaatan harkaan ol kaasuun akka agarsiisan gochuu;
- Maal akka jedhamu gaafachuun 'geengoo' ta'uu itti himuu;
- Naannawa geengoo harkaan akka qaqqaban hojjachuun itti agarsiisuu;
- Wantoota geengoo ta'an maalfa akka beekan gaafachuun mariisisuu;
- Rogsadee kaasuun itti agarsiisuu;
- Kanneen minjaala isaaniirra jiran keessaa tokkoof laatani akka agarsiisan gochuu;
- Maal akka jedhamu gaafachuufi maqaa isaa itti himuun isaanis irra deebi'anii akka himan gochuu;
- Roga isaa harkaan lakkoofsiisuu;
- Rogafrees bifuma kanaan akka adda baasan gochuu;



**Madaallii:** Bocawwan garagaraa harkaan qaqqabuun roga isaanii lakkaa'uun maqaan adda baasuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Jaha:** Boca rogafreefi rogsadee adda baasuu



**Kaayyoo:** Boca rogafreefi rogsadee adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** bilookota loojikaalaa (rogafree, rogsadee, kaaree)



**Mala raawwii:**

- Bilookota loojikaalaa (rogafree, rogsadee, kaaree) kennuu;
- Haala daa'imman arguu danda'aniin roga isaanii sarartuudhaan tokko tokkoon safaruu;
- Kaareen rogni afranuu wal qixa ta'uu isaa akka hubatan gochuu;
- Rogsadees safaruudhaan garaagarummaa isaanii akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Garaagarummaa rogafree fi rogsadee hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Torba:** Boca geengoo fi luxxee adda baasuu



**Kaayyoo:** Amala boca geengoo fi luxxee adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** boca geengoo fi luxxee



**Mala raawwii:**


- Garaagarummaa boca geengoo fi luxxee akka hubatan gochuuf geengoo fi luxxee sirriitti qohaa'an lafarra gangalchuu;
- Geengoon kallattii kamirrayyuu gangalchuu akka danda'u luxxeen kan gangalchuu danda'u kallattii tokko qofarra akka ta'e akka hubatan gochuu;
- Gochaan agarsiisanii garaagarummaa isaanii akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** garaagarummaa boca geengoo fi luxxee hubachuuf gangalchuun adda baasuu isaanii madaalaa

**Gocha Saddeet:** Tuttuqaa gurraachessuun bocawwan adda baasuu

 **Kaayyoo:** Tuttuqaa gurraachessuun maqaa bocaa fi akaakuu halluu adda nibaasu.


 **Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa


 **Mala raawwii:**

- Boca rogsadee, rogafree, geengoo, luxxee waraqaa tokkorratti tuttuqaan hojjachuun itti kennuu;
- Akka gurraachessanii fi halluu diban gochuu;
- Maqaa bocichaa fi akaakuu halluu akka dubbatan gochuu;

**Madaallii:** maqaa bocaa fi akaakuu halluu adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Sagal:** Fakkii bocaawwanii kaasuu

 **Kaayyoo:** Fakkii bocaawwanii kaasuun maqaa fi akaakuu halluu adda nibaasu.

 **Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, waraqaa

 **Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo isaaniif qubeessaafi waraqaa kennuu;
- Bocawwan baratan keessaa boca tokko akka hojjatan itti himuu;
- Boca gaafataman akka hojjatanii fi halluu akka diban gochuu;
- Waa'ee boca fakkii kaasanii akka dubbatan gochuu;

**Madaallii:** Bocawwan fakkii kaasuun maqaa bocaa fi akaakuu halluu dibanii adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudhan:** Kutaa keessaa fakkiiwwanii wantoota garagaraan guutuu



**Kaayyoo:** Kutaa keessaa fakkiiwwanii wantoota garagaraan niguutuu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** rogsadee, kaaree, rogafree, geengoo xixiqqaatanii mummuraman



**Mala raawwii:**

- Waraqaa bocni adda addaa irratti kaafaman (Saahanii, teessoo dalgee, saanduqa, kubbaa.....) geengoon, rogsadeen, rogafreen qopheessuun qooduufii;
- Waraqaa mummuramaa xixiqqoo kennuufii;
- Fakkii keessatti koollaa dibuun bocawwan waraqaa xixiqqaatanii mummuraman keessatti akkamitti akka guutamu itti agarsiisuun akka guutan gochuu;
- Waan isaan hojjatan dinqisiifachuu; maal akka hojjatan akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** wantoota boca isaaniin adda baasuu danda'uu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

**Gocha Kudha Tokko:** Kutaa hir'ate adda baasuu

**Kaayyoo:** Kutaa hir'ate himuudhaan wantoota boca isaaniin adda nibaasu.

**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan kutaa hir'ate ofirraa qaban itti agarsiisuu;
- Kutaa hir'ate dubbachuu;
- Maqaa fakkichaa himuudhaan taphicha bifa wal dorgommiin taphachiisuu;



**Madaallii:** Fakkii adda baasuu danda'uu isaanii waldorgommichaa hordofuun

madaalaa

**Gocha Kudha Lama:** Moodeela bocawwanii hojjachuu



**Kaayyoo:** Moodeela hojjechuudhaan bocawwan adda addaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** dhoqqee, waraqaa bukeeffame



**Mala raawwii:**

- Kutaa itti baratan keessa bocawwan maal maalfaa akka jiran akka himan gochuu;
- Moodeela bocawwanii dhoqqeerraa yookiin waraqaa bukeeffamerra hojjachuun itti agarsiisuu, akka shaakalanis gochuu;
- Isaanis waan isaanitti tole akka hojjatan carraa kennuufii;
- Wanti isaan hojjatan maal akka ta'e akka himan jajjabeessuu;
- Yommuu isaan xumuranis waraqicharratti maqaa isaanii barreessuun waraqicharra kaa'uun akka gogu gochuu;

**Yaadannoo:** Moodeela garagaraa wayitii barnootaa adda addaa keessatti akka hojjatan gochuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Moodeela hojjachuudhaan bocawwan adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Bocawwan halluu dibuu



**Kaayyoo:** Halluu dibuudhaan bocawwan adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Qubeessaa abbaa halluu, waraqaa.....



**Mala raawwii:**

- Bocaawwan isaan dura baratan fakkii isaanii waraqarratti kaasuun kennuufii;
- Sarara keessaa osoo hinba'iin bocaawwan halluu akka diban gochuu;

- Bocawwan diban halluu isaanii akka adda baasan gochuu;



**Madaallii:** bocawwan adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Afur:** Bocawwan waraqaalee jalaan ilaaluun hojjachuu



**Kaayyoo:** bocaawwan ji'oomeetirii garagalchuun (Kooppii gochuun) nihojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, waraqaa, bocaawwan ji'oomeetirii, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Bocawwan ji'oomeetirii jala kaa'uun waraqaarratti akkamitti akka kooppii godhan/kaasan itti agarsiisuu;
- Kooppii akka godhan/kaasan gochuun halluu dibiisuu;



**Madaallii:** bocaawwan ji'oomeetirii waraqaarratti gangalchuu fi adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa

**Gocha Kudha Shan:** Wantootaafi bocaawwan adda baasuu



**Kaayyoo:** Walfakkeenya fi adda addummaa wantootaafi bocaawwan garagaraa gidduu jiru adda baasuu nidanda'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota /meeshaalee/ hanga garagaraa qaban (kubbaa, firiiwwan, qorkii, dooqaa(callee) jajjaboo, rogsadee, kaaree, rogarfree, geengoo luxxee)



**Mala raawwii:**

- Wantoota addaddaa qaracitii keessa kaa'uu;
- Bocawwan rogsadee, rogarfee, geengoo, luxxee daa'immaniif qooduu;
- Tapha "Boca isaa himi" jedhu haala armaan gadiin taphachiisaa;
  - Daa'imman hundi gara barsiisaa/tuu akka ilaalan gochuu;
  - Qaracitii itti agarsiisuun maaltu akka achi keessa jiru waan itti fakkaate akka himan gaafachuu;

- Suuta jechuun wanta tokko baasuun itti agarsiisuu;
- Boca isaan fuuldura jiru keessaa kan fakkaattii isaa ta'e dursee kan baaseefi ol kaasuun dursee kan waame akka harki rukutameef taasisuun jajjabeessuun taphachiisuu;



**Madaallii:** Walfakkeenyaafi adda addummaa bocawwaniifi wantoota garagaraa jidduu jiru adda baasuun danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Jaha:** Bocawwan addaddaa boordii bocawwanii keessa buusuu



**Kaayyoo:** Bocawwan addaddaa boordii bocawwanii keessa nibuusu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** boordiiwwan boca rogsadee, rogafree, geengoo, luxxee, karee



**Mala raawwii:**

- Boordii bocawwan ji'oomeetirii hanga addaddaa qabu fayyadamuun bakka sirrii ta'etti akkamitti bocawwan buusuun akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Daa'immaniifis bocawwan ji'oometirii boca addaddaa qaban kennuudhaan bakka sirrii ta'etti akka buusan gochisiisuun taphachiisuu;
- Bocawwan bakka sirrii ta'erratti buusuufi buusuu dhiisuu isaanii hiriyoonna isaanii akka mirkaneessaniif gochuu;



**Madaallii:** Bocawwan bakka sirrii ta'erratti galchuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Torba:** Wantoota (meeshaalee) ramaduu



**Kaayyoo:** Wantoota (meeshaalee) bocaan, hangaa fi halluun addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee (wantoota) halluu, hangaa fi boca garagaraa Qaban



**Mala raawwii:**

- Wantoota halluu, hangaafi boca garagaraa qaban dhiyeessuu;



- Bocaan, halluu fi hangaan akka ramadan gochuuf godhanii itti agarsiisuu;



**Madaallii:** wantoota (meeshaalee) ramaduun bocaan, halluu fi hangaan adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa

**Gocha Kudha Saddeet:** Paziloota walqabsiisuu



**Kaayyoo:** Paziloota walqabsiisuun wantoota bocaan, hangaa fi halluun addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** paziloota bocawwanii



**Mala raawwii:**

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun muka bakka afuritti mummurame wal qabsiisuun fakkii hojjachuun itti agarsiisuun maal akka ta'e akka himan gochuu;
- Daa'immaniifis mukkeen bakka lamaafi sadiitti mummurame kennuudhaan walqabsiisuun boca hojjatan hiriyyoota isaaniitti agarsiisuun maal akka ta'e akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Paziloota walqabsiisuudhaan wantoota bocaan, halluu fi hangaan adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Sagal:** Bocawwan akaakuu isaan ramaduu



**Kaayyoo:** Bocawwan halluun, bocoa fi halluun adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** bilookota loojikaalaa 64



**Mala raawwii:**

- Bilookota loojikaalaa 64 bibittinneessuun kennuufii;
- Halluun, bilookii loojikaalaa halluun, bocoa fi hangaan ramaduu danda'uu isaanii madaalaa;
- Yommuu isaan xumuran gaaffiiwwan addaddaa gaafachuun akkamitti akkanatti akka ramadan akka himan gochuu;



**Madaallii:** Bocawwan halluudhaan, bocaan, hangaan ramaduu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessaa.

**Gocha Digdama:** Walitti qabama uumuu



**Kaayyoo:** Wantoota lakkaa'aman akaakuun adda baasuun walitti qabama uumuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota lakkaa'aman (kubbaa, jajjaboo, firiiwwan, qorkii, dooqaa) kirrii/sibaa



**Mala raawwii:**

- Wantoota lakkaa'aman garaagaraa fi fo'aa yookiin kirrii walitti qabame ittin hojjatan qooduufii;
- Fo'aan yookiin kirriidhaan dallaan akkamitti akka hojjatamu itti agarsiisuu;
- Dallaa hojjatan keessa wantoota lakkaa'aman suuta suuta itti galchuun halluun, bocaa fi hangaan walitti qabama akka hundeessan gochuu;



**Madaallii:** wantoota lakka'aman akaakuun adda baasuudhaan walitti qabama hundeessuu shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Digdamii Tokko:** Hanga safaruu



**Kaayyoo:** Yaadrimee hangaa hubachuu nijalqabu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** saanduqa cirrachaa, koddaa/pilaastika bishaanii



**Mala raawwii:**

- Tapha cirracha safaruufi bishaan qodaa tokko keessaa qodaa birootti garagagalchuu meeshaa hanga garagaraa qabani akka tapphatan gochuu;
- Yommuu isaan taphatan gidduu naanna'aa ilaaluun wantoota safaran jechaan akka himan gochuu;



**Madaallii:** Taphaan yaadrimee hanga hubachuu jalqabuu isaanii hordofaa.

**Gocha Digdamii Lama:** Wantoota salphaa fi ulfaataa adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota salphaafi ulfaataa madaalaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota hanga garagaraa qaban (firiwwan, qorkiiwwan, jajjaboo), qadaada filiitii, man'ee halluu kophee



**Mala raawwii:**

- Qadaada filiitiin yookiin waan biroo kana fakkaatuun (man'ee halluu kophee ta'uu danda'a) madaala qopheessuu;
- Wantoota salphaa fi ulfaataa madaalaa wantoonni ulfaatan akka itti madaalicha gadi buusan akka hubatan gochuu;
- Yommuu xumuranis maal akka taphataniifi akkamitti akka taphatan gaafachuun safaruudhaan ulfaatina wantootaa beekuun akka danda'amu akka hubatan gochuu;

**Yaadannoo:** Madaalatti yeroo taphaa akka itti fayyadaman jajjabeessuu



**Madaallii:** Wantoota salphaa fi ulfaataa madaaluun adda baasuu isaanii madaalaa

**Gocha Digdamii Sadii:** Fageenya tarkaanfiin safaruu shaakaluu



**Kaayyoo:** Fageenya tarkaanfiin safaruu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Fageenya taa'umsa barsiisaa/tuufi taa'umsa daa'immanii gidduu jiru maaliin safaruu kan dandeenyu isinitti fakkaata jedhanii gaafachuu;
- Tarkaanfiin akkamitti akka safaran itti agarsiisuu;
- Daa'imman dabaree dabareen tarkaanfiin akka safaran gochuu;
- Daa'imman lama fageenya murtaa'erra akka dhaabbatan gochuu;



**Madaallii:** fageenya tarkaanfiin safaruu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha digdamii afur:** Hojjaa safaruu



**Kaayyoo:** Hojjaa safaruu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa, waraqaa furdaa, fakkiiwwan (aduu, urjii, baala, baatii,.)



**Mala raawwii:**

- Gidaara daree keessarratti waraqaa furdaa 1:20 cm tiin qal'isanii qopheessuu;
- Waraqaarrattis wantoota daa'imman beekan kan halluu ifaa qaban fageenya garaagarummaa 5 cmtiin maxxansuu; **Fakkeenya:** aduu, urjii, baatii, baala .....
- Daa'imman hojjaa isaanii akka safaran gochuu;
- Yeroo yeroon safaruudhaan mallattoo isa kam bira akka ga'an ilaaluu;
- Jijjiirama mul'ate akka hubatanii fi fedhii waan safaruuf qaban akka cimsatan gochuu;



**Madaallii:** hojjaa isaanii akka safaran gochuun dandeettii safaruu cimsachuu eegaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Digdamii Shan:** Hojjaadhaan waldorgomsiisuu



**Kaayyoo:** Wantoota hojjaan waldorgomsiisuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** doosee, qubeessaa, waraqaa, wantoota hanga garagaraa qaban



**Mala raawwii:**

- Doosee bal'ina 2-3cm fi hojjaa 30cm qabutti muruun safartuu qoheessuu;
- Sarartuu dooseerraa hojjatameen wantoota safaruu akka shaakalan gochuu;
- Meeshaalee/wantoota keessa baay'ee guddaa yookiin baay'ee xiqqaa ta'e baasuun gaafachuu fi jechoota ittiin waldorgomsiisan ibsuu akka shaakalan gochuu



**Madaallii:** Wantoota hojjaa waldorgomsiisuu shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Digidamii Jaha:** Tokko tokkoof firoomsuu



**Kaayyoo:** Tokko tokkoof walitti firoomsuun yaadrimee hiruu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, jajjaboo



**Mala raawwii:**

- Karamellaa taphaa waraqaa maraman 10 dhiyeessuu;
- Daa'imman kudhan ba'anii hiriyoota isaanii fuuldura akka dhaabbatan gochuu;
- Tokko tokkoo isaaniif karmeellaa tokko tokko akka qoodan gochuun tokko tokkoof walquunnamsiisuu akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** tokko tokkoof walitti firoomsuun yaadrimee hirru hubachuu isaanii mirkaneessa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Wantoota akkaataa amala isaaniin wal dorgomsiiisuu	2.1. Firooma wantoota gidduu jiru haala dura duuba eegeen agarsiisuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Arjajjaa'aafi mucucaataa waldorgomsiiisuu



**Kaayyoo:** Arjajjaa'aa fi mucucaataa harkaan qaqqabuun addaan nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** gabatee qaqqabannaa



**Mala raawwii:**

- Gabatee qaqqabannaa fayyadamuun akkaataa qaqqabuun itti danda'amu agarsiisuu;
- Akka harkaan qaqqaban gochuun arjajjaa'aan isaa kam? Mucucaataan hoo? Kun maalii? Jechuun gaafachuu;
- Mala barnootaa sadarkaa 3 fayyadamuun arjajjaa'aa fi mucucaataa waldorgomsiiisuun akka adda baasan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** qaqqabuudhaan arjajjaa'aafi mucucaataa waldorgomsiiisuun adda baasuu shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Lama:** Wantoota guddaafi xiqqaa waldorgomsiiisuu



**Kaayyoo:** Wantoota gurguddaafi xixiqqaa waldorogomsiiisuun adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kubbaa, leemman (muka ciccitaa) jajjaboo



**Mala raawwii:**

- Wantoota garaagaraa xixiqqaafi gurguddaa ta’an fuuldura daa’immanii minjaalarraa kaa’uu;
- Xiqqaafi guddaa waldorgomsiiisuun itti agarsiisuu;
- Kanneen hangaan walfakkeenya qaban baasanii akka agarsiisan gochuu;
- Wantoota akaakuu tokko guddaa fi xiqqaa ta’an baasuun wal cina kaa’uun kun guddaadha, kun immoo xiqqaadha jechuun waldorgomsiiisuun akka dubbatan jajjabeessuu/gargaaruu;

**Yaadannoo:** haaluma kanaan, baay’ee dheeraa, baay’ee gabaabaa, baay’ee salphaa jechuun akka wal dorgomsiiisan gochuun nidanda’ama



**Madaallii:** Wantoota xixiqqaa fi guguddaa adda baasuu danda’uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Xiqqaarraa gara guddatti naquu



**Kaayyoo:** Wantoota garagaraa duraa duubaan xiqqaarraa gara guddaatti ninaqu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** bocawwan ji’oomeetirii, leemmana




**Maala raawwii:**

- Bocawwan ji’oomeetirii akaakuu tokko garuu hangaan garaagara ta’an sadii waraqa muranii qopheessuu leemmana furdinni isaa walfakkatu halluu adda addaa dibuun

xiqqaa, guddaa, baay'ee guddaa taasisuun bakka sadiitti kutuun daa'immaniif raabsuu;

- Xiqqaarraa gara guddaatti, guddaa irraa gara baay'ee guddaatti akkamitti akka taa'u itti agarsiisuu;
- Daa'immaniis haaluma ilaalaniin bocawwan fuula isaanii dura jiran duraa duubaan akka kaa'an gochuu;
- Xiqqaa, guddaa,baay'ee guddaa adda baasuun akka agarsiisan dabareen gaafachuu;
- Xiqqaarraa gara guddaatti naqaa akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** wantoota garagaraa xiqqaarraa gara guddaatti naquu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Afur:** Wantoota ulfaatoofi sasalphaa wal dorgomsiiisuu



**Kaayyoo:** Wantoota ulfaatoofi sasalphoo waldorgomsiiisuu nidanda'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qaraciitii, Jirbii, cirracha



**Mala raawwii:**

- Qaraciitii cirrachi itti naqameefi qaraciitii biroo hangaan kanuma fakkaatu jirbiin itti guutuun qopheessuu;
- Qaraciitiiwwan harkaan olfuudhuun hanga isaanii safartuun salphaa fi ulfaataa akka waldorgomsiiisan gochuu;
- Bu'aa isaa akka dubbatan jajjabeessuu;
- Maaliif cirrachichi ulfaata? Jirbiin immoo salphaa akka jedhan gaaffii gaafachuun mariiisuu;



**Madaallii:** wantoota ulfaatoo fi sasalphoo ta'an waldorgomsiiisuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Lakkoofsota hubachuu fi ibsuu, wantoota akkaataa amala isaaniin waldorgomsiiisuu	1.1.Wantootaa fi lakkoofsota 1-20 lakkaa'uu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Akaakuu wantootaa adda baasuufi lakkaa'uu



**Kaayyoo:** Wantoota garagaraa akaakuu isaaniin adda baasuun nilakkaa'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** firiiwwan baargamoo fi xidii (gaattiraa), dooqaa/callee, jajjaboo



**Mala raawwii:**

- Firiiwwan baargamoo fi gaattiraa, dooqaa fi jajjaboo daa'immaniif raabsuu;
- Kanneen isaaniif kennaman keessaa firii baargamoo fi gaattiraa akka baasan gochuu;
- Lakka'amtoota akaakuun adda ba'an gara cinaatti naquudhaan suuta jechuun waliin lakkaa'uu;



**Madaallii:** wantoota garagaraa akaakuun adda baasanii lakkaa'uu danda'uu isaaniin hordofaa.

**Gocha Lama:** Wantoota lakkaa'aman lakkaa'uu



**Kaayyoo:** Wantoota lakkaa'aman nilakkaa'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota lakkaa'aman (firii baargamoo fi gaattiraa, dooqaa /callee, jajjaboo, qorkii)



**Mala raawwii:**

- Wantoota lakkaa'aman gara dalgatti, olitti, gadittii fi kallattii adda addaatiin naqsiisuun lakkaa'uu shaakalsiisuu;
- Wantoota lakkaa'aman hamma isaa akka himan gochuu;
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa hiriyoonna isaaniin akka mirkaneessan gochuu;



**Madaallii:** wantoota lakkaa'aman akaakuu isaaniin naquudhaan lakkaa'uu danda'uu isaaniin mirkaneessaa.



**Gocha Sadii:** Fakkiwwan lakkaa'uu



**Kaayyoo:** Fakkiwwan garagaraa nilakkaa'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiwwan adda addaa waraqaarratti qophaa'an (kan simbirrootaa, kan burtukaanaa ..)



**Mala raawwii:**

- Tokko tokkoo daa'imaatiif fakkiwwan garagaraa kudhan hincaalle kennuufii;
- Fakkiwwanis akaakuu isaaniin akka adda baasan gochuu;
- Walcinaa naquun akka lakkaa'aan gochuu;



**Madaallii:** Fakkiwwan lakkaa'uu danda'uu isaanii ilaalaa madaalaa.

**Gocha Afur:** Qubaan lakkaa'uu



**Kaayyoo:** Quba isaanii fayyadamuun nilakkaa'u.



**Mala raawwii:**

- Quba isaanii fayyadamuun 1-10 akka lakkaa'aa faaruu 'Simbirroo bareedduu' jedhu akka faarsan gochuu;
- Faaruu waa'ee quba harkaa jedhu akka faarsan gochaa quba isaanii dadachaasaa duraa duubaan akka lakkaa'an gochuu;
- Yommuu isaan quba isaanii lakkaa'an harka isaanii isa tokkoon quba isaanii lakkaa'an gara kallattii tokkotti diriirsuun akka lakkaa'an gochuu;



**Madaallii:** Quba isaanii fayyadamanii lakkaa'uu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Shan:** Baay'eefi muraasa waldorgomsiisuu



**Kaayyoo:** Baay'eefi muraasa lakkaa'uun waldorgomsiisuu nidanda'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fo'aa yookiin kirrii, walitti qabamuuf kan ta'u wantoota addaddaa



**Mala raawwii:**

- Fo'aa yookiin kirrii daa'immaniif raabsuudhaan dallaan akkamitti akka hojjatamu itti agarsiisuu;
- Dallaa lama akka hojjatan gochuu;
- Lakkaa'amtoota lakkaa'aa suuta jechuun gara dallaa keessatti akka galchan gochuu;
- Dallaa isa tokko keessaa lakkaa'amtoota muraasa, kan biroo keessatti immoo lakkaa'amtoota baay'ee akka itti naqan gochuun 'baay'ee muraasa jechaa akka waldorgomsiisan gochuu;
- Lakkaa'amtoota dallaa lamaan keessa jiran jalqaba kan muraasa ta'an lakkaa'aa dallaa keessaa baasuun gara cinaatti akka naqan gochuu;
- Itti aansuun, warra baay'ee ta'an dallaa keessaa baasuun warra duraa jala jalaa cinaatti naquu;
- Lakkaa'amtoota tokko tokkoof akka firoomsan gochuu;

**Yaadannoo:** Baay'inni lakkaa'amtootaa 10 caalu hinqabu.



**Madaallii:** wantoota baay'eefi muraasa ta'an lakkaa'uun waldorgomsiisuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Jaha:** Wantoota lakkaa'aman adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota lakkaa'aman lakkaa'uun maqaafi bocaan adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardii lakkoofsaa, wantoota lakkaa'aman (jajjaboo, waraqaa, fakkii daa'immanii fi kanneen kana fakkaatan...)



**Mala raawwii:**

- Gabatee lakkoofsa guddifamee kaafame itti agarsiisuun maal akka ta'e gaafachuun dadammaqsuu;
- Deebii daa'immanii dhaggeeffachuun deebii sirrii itti himuu;
- Irra deebi'anii barsiisota waliin akka lakkaa'an gochuu;
- Tapha faaruu, 'Ani eenyu..., bahuuf...' jedhu taphachiisuun lakkoofsicha sagaleefi bocaan akka adda baasan gochuu;

**Yaadannoo:** Lakkoofsota 1-10 jiran yeroo tokkotti osoo hintaane yeroo garagaraatti qoqqoodanii itti himuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** wantoota lakkaa'amaniifi lakkoofsa waliin walitti firoomsuu jalqabuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Torba:** Boca lakkoofsa adda baasuufi dubbisuu



**Kaayyoo:** boca lakkoofsotaa adda baasuun dubbisuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** lakkaa'amtoota, gabatee lakkoofsi irratti barreeffame



**Mala rawwii:**

- Gabatee fayyadamuun lakkaa'amtoota lakkaa'uun lakkoofsa dhumarraatti irra ga'an itti kennuun akka shaakalan gochuu;
- Lakkoofsicha waamuun boca isaa hubatanii akka ilaalan gochuu;
- Wanta lakkoofsa fakkaatan akka walitti firoomsan gochuu; Fakkeenya: lakkoofsa tokko quba elemtuu (akeektuu) itti agarsiisuu;



**Madallii:** boca lakkoofsa adda baasuu fi dubbisuu shaakaluu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Saddeet:** Lakkoofsota halluu dibuu



**Kaayyoo:** Lakkoofsota halluu nidibu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa abbaa halluu/keelerii



**Mala raawwii:**

- Lakkoofsota sarara cimdiin barreeffaman kennuufii;
- Sarara keessaa osoo hinbahiin halluu dibuu akka shaakalan gochuu;

**Yaadannoo:** Lakkoofsi isaan yeroo tokkichatti halluu diban baay'ee ta'uu hinqaban.



**Madaallii:** Boca lakkoofsotaa adda baasuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Sagal:** Lakkoofsota gurraachessuu



**Kaayyoo:** lakkoofsota tuttuqaadhaan barreeffaman wal qabsiisuudhaan nigurraachessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa



**Mala raawwii:**

- Lakkoofsota tuttuqaadhaan barreeffaman tokkoo tokkoo daa'immaniif kennuu;
- Akkamitti akka gurraachessan itti agarsiisuun qubeessaan akka gurraachessan gochuu;
- Wayita isaan xumuranis lakkoofa isa kam akka gurraachessan hiriyoota isaaniitti agarsiisaa akka dubbatan gochuu;
- Lakkoofsa gurraachessan miiljalatti maqaa isaanii barreessuun bakka mul'atutti maxxansuu;



**Madaallii:** Lakkoofsota gurraachessuun lakkoofsa gurraachessan sagaleefi bocaan adda baasuu isaanii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Kudhan:** Wantoota lakkaa'aman lakkaa'uufi jechaan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Wantoota lakkaa'aman lakkaa'uufi jechaan walitti firoomsuu nijalqabu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardiiwwan lakkoofsaa, wantoota lakkaa'aman (cirracha, waraqaa, fakkii daa'immanii....)



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwan kudhan xixiqqeessanii kaasuun mummuruu;
- Fakkiiwwan sanneen lakkoofsa garagaraa itti kennuu;
- Lakkaa'anii meeqa akka ta'e akka himan gochuu;
- Dhagaa caccabaa karameellaa fakkeessanii maruu;
- Karameellaa marame hamma addaddaatiin daa'immaniif kennuu;
- Jecha lakkoofsichaa osoo itti hinagarsiisiin dura lakkoofsiisuu;
- Lakkoofsa dhumaa irra ga'an akka himan gochuu;
- Kaardii jecha lakkoofsaa itti agarsiisuun cimsuu;



**Madaallii:** wantoota lakkaa'aman lakkaa'uun lakkoofsa jechaan walitti firoomsuu jalqabuu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Tokko:** Boca lakkoofsotaa adda baasuufi dubbisuu



**Kaayyoo:** Boca lakkoofsotaa adda baasuufi dubbisuu nishaakalu



**Meeshaalee deeggarsaa:** gabatee lakkaa'amtoonni gubbaan lakkoofsi immoo jalaan kan irratti barreeffame



**Mala raawwii:**

- Gabaticha fayyadamuun lakkaa'amtoota lakkaa'anii wayita xumuran dhumarratti irra ga'an lakkoofsa itti kennuu akka shaakalan gochuu;
- Maqaa lakkoofsichaa waamuun boca isaa hubatanii akka ilaalan gochuu;
- Wanta isa fakkaatuun akka walitti firoomsan gochuu; Fakkeenya: Lakkoofsa tokko quba elemtuu itti agarsiisuun.....



**Madaallii:** Boca lakkoofsotaa adda baasuufi dubbisuu shaakaluu isaanii gaaffii gaafachuun hordofuu.

**Gocha Kudha Lama:** Lakkoofsota hamma waliin walitti



**Kaayyoo:** Lakkoofsota lakkaa'amtoota waliin walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** lakkoofsota bocaman, wantoota lakkaa'aman (ciracha, qorkiiwwan....)



**Mala raawwii:**

- Daa'immaniif wantoota lakkaa'aman minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Lakkoofsicha itti agarsiisuun lakkaa'amtoota isaan walgitan lakkaa'anii akka baasan gochuu;
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii hordofuu;



**Madaallii:** lakkoofsota lakkaa'amtoota waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Lakkoofsota lakkaa'amtootaan walqixa gurmeessuu



**Kaayyoo:** Lakkoofsota lakkaa'amtootaan walqixa gurmeessuu nijalqabu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** lakkoofsota bocaman, wantoota lakkaa'aman (cirracha, qorkiiwwan....)



**Mala raawwii:**

- Daa'immaniif wantoota lakkaa'amaniifi kaardiiwwan lakkoofsaa dooseerratti barreeffaman minjaala isaaniirratti kennuufii;
- Kaardiiwwan lakkoofsaa fuuldura isaanii kaa'uun jala isaatti lakkaa'amtoota hanga lakkoofsichaan akka gurmeessan gochuu;
- Wayita isaan hojjatan gidduu nanna'uun ilaaluu'



**Madaallii:** Lakkaa'amtoota baay'ina isaaniin lakkoofsaan walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaaluu.

**Gocha Kudha Afur:** Tapha lakkoofsa baay'ina waliin walitti firoomsuu taphachuu



**Kaayyoo:** Lakkoofsota baay'ina waliin walitti firoomsuun nitaphatu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman gola keessaa gara dirreetti baasuun geengoo ijaaranii akka dhaabbatan gochuun seera taphichaa itti himuu;
- Wayita barsiisaan/tuun harka rukuttu osoo wal hindhiibiin suuta jechaa akka fiigan gochuu;
- Wayita barsiisaan/tuun harka rukkunnaa dhiisuun lakkoofsa waamu hanguma lakkoofsa waamameen akka walqabatan gochuun taphachiisuu;

**Yaadannoo:** Tapha kanaan wal baraa wayita dhufan lakkoofsa itti agarsiisaa taphachiisuun nidanda'ama.



**Madaallii:** Lakkoofsota baay'ina waliin walitti firoomsuun taphachuu isaanii ilaaluun madaaluu.

**Gocha Kudha Shan:** Harka rukkunnaa lakkoofsotaan walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Harka rukkunnaa lakkaa'uun lakkoofsota waliin walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardiiwwan lakkoofsaa



**Mala raawwii:**

Tapha 'harka rukuttan lakkaa'i jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu:

- Calli jedhanii harka rukutaman akka dhaggeeffatan taasisuu;
- Harka rukkunnicha lakkaa'uun kaardii lakkoofsaa fuuldura isaanii jiru kaasuun akka agarsiisan gochuu;

**Yaadannoo:** tapha kana sagalee meeshaalee muuziqaatiin raawwachuun



**Madaallii:** harka rukkunnaa lakkaa'uun lakkoofsa waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Jaha:** Lakkoofsota lakkaa'amtoota waliin walitti firoomsuu



**Kaayyoo:** Lakkoofsota lakkaa'amtoota waliin walitti nifiroomsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan garagaraa



**Mala raawwii:**

- Baay'inni fakkii lakkoofsa jiru waliin walitti firoomsuun itti agarsiisuu;
- Fakkiiwwan addaddaafi kaardii lakkoofsaa itti kennuu;
- Isaanis haaluma ilaalaniin akka walitti firoomsan gochuu; **Fakkeenya:** abaaboo tokko lakkoofsa tokko waliin, abaaboo lama lakkoofsa lama waliin... walitti firoomsuu;



**Madaallii:** lakkoofsa lakkaa'amtoota waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Torba:** Hamma lakkoofsaan lakkaa'amtoota addaddaa kaa'uu



**Kaayyoo:** Hamma lakkoofsaan lakkaa'amtoota addaddaa nikaa'u.



**Meeshaalee deeggarsaa:** lakkoofsota guddifamanii bocaman, jajjaboowwan, firiiwwan, baaqeelaa, boloqqee....



**Mala raawwii:**

- Lakkoofsota bocaman dabaree dabareen boordii kaa'uu;
- Sirrii lakkoofsichaan wantoota lakkaa'aman fayyadamuun akka naqan itti agarsiisuun hojjachiisuu;



**Madaallii:** lakkaa'amtoota addaddaa fayyadamuun sirrii lakkoofsaan kaa'uu danda'uu isaanii madaaluu.



**Gocha Kudha Saddeet:** Doomiinoo lakkoofsaa taphachuu



**Kaayyoo:** Doomiinoo lakkoofsaa taphachuun lakkaa'uu nishaakalu.



**Mala raawwii:**

- Doomiinoo lakkoofsaa qopheessuu;
- Adeemsaafi seera taphichaa ibsuufii;
- Lama lama ta'uun tapha doomiinoo lakkoofsaa taphachiisuu;



**Madaallii:** doomiinoo taphachuun lakkaa'uu shaakaluu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Haala addaddaa keessatti meeshaalee fi ulaagaalee safartuu sirrii ta'an fayyadamuu	2.1.Garaagarummaa iddoo fi hanga gidduu jiru hubachuu ni danda'u (himuu)

**Gocha Tokko:** Garaagarummaa hangaa hubachuu



**Kaayyoo:** Garaagarummaa hangaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** cirracha, wadaashii (saahanii golboo), meeshaalee ittiin safaran kan hanga adda addaa qaban



**Mala raawwii:**

- Saahanii golboo keessatti cirracha itti naquun daree keessatti dhiyeessuu;
- Yookiin gandaa cirrachaa mooraa keessa jiru fayyadamuu;
- Meeshaa xiqqaa keessaa gara isa guddaatti, guddaa keessaa gara isa xiqqaatti garagaggalchuu wantoota meeshaa wal madaalutti naquu akka shaakalan gochuu;



**Madaallii:** cirracha safaruudhaan garaagarummaa hanga gidduu jiru beekuuf dandeettii isaanii cimsachuu eegaluu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Garaagarummaa hangaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Garaagarummaa hanga gidduu jiru nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qodaa bishaanii, qaruuraa yookiin kubbaayyaa hangaan addadda ta'an



**Mala raawwii:**

- Meeshaa bishaaniin guutuu ta'e hanga isaa walakkaa liitiraa ta'e keessaa bishaan gara meeshaa hangisaa liitira tokko ta'eetti garagalchuu;
- Garaagarummaa qodaa bishaanii akka hubatan gochuu;
- Bishaan kubbaayyaa guddaa keessaa gara kubbaayyaa xiqqaatti, xiqqaa keessaa gara guddatti garagagalchaa;
- Bishaan irraa hafuufi osoo itti hinguutiin hafuu akka hubatan gochaa taphachiisuu;

**Yaadannoo:** yoo bishaan hinjiraanne midhaan dheedhii fayyadamuun nidanda'ama.



**Madaallii:** qodaa bishaanii fayyadamuudhaan garaagarummaa hanga gidduu jiru hubachuuf dandeettii isaanii cimsachuu jalqabuu mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Garaagarummaa hanga gidduu jiru adda baasuu



**Kaayyoo:** Addaddummaa hanga gidduu jiru nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee hanga garagaraa qaban (kubbaayyaa, qaruuraa, fallaana, saahanii...)



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee hanga garagaraa qaban walcinaa kaa'uu;
- Guddaa fi xiqqaa ta'uu isaanii waldorgomsisaa akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** meeshaalee garagaraa fayyadamuun garaagarummaa hanga gidduu jiru himuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Afur:** Garaagarummaa bakkaafi hangaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Garaagarummaa bakkaa fi hangaa gidduu jiru nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** Pazilii



**Mala raawwii:**

- Tapha pazilii walqabsiisuu akka taphatan mukkeen bakka afuriifi shanitti mummurameefi gabatee isaa qopheessuu;
- Boca mukaa jalqabarratti walitti qabsiifamu hubatanii ilaaluufi bakka kamitti galuu akka danda'u dursanii akka itti yaadan dadammaqsuu;
- Gareedhaan paziloota addaddaa itti kennudhaan dabaree dabareen walqabsiisaa akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** pazilii walqabsiisuun garaagarummaa bakkaa fi hanga gidduu jiru beekuuf dandeettii isaanii cimsachuu mirakaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Yaadrimee yeroo hubachiisuu fi ibsituuwwan isaanii fayyadamuu	3.1. Guyyootii torbanii, baatiwwan guyyoota ayyaanaa himuu ni danda'u.

**Gocha Tokko:** Jijjiiramoota halkaniifi guyyaa keessatti mul'atan adda baasuu



**Kaayyoo:** Jijjiiramoota halkaniifi guyyaa keessatti mul'atan adda baasuu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii aduu, urjii, ji'aa



**Mala raawwii:**

- Tapha 'dhihee bari'e' jedhu taphachiisuun hubannoo isaan dhihuu fi bari'uurratti qaban cimsuu;

- Guyyaa aduun, halkan immoo baatiifi urjiin akka argaman bifa hibbootiin taphachiisuu; **Fakkeenyaaf:** nuti samiirra jiraanna, aniifi ijoolleen koo dukkana balleessuuf ifa kennina; Nuti eenyuu?
- Fakkii daa'imni halkan (dukkana) keessa ciisu agarsiisu dhiyeessuu;
- Fakkicha akka ilaalan gochuudhaan waan hubatan akka dubbatan gochuu;
- Daa'imni kan rafu yoom isinitti fakkaata? Jechuun gaafachuun akka dubbatan jajjabeessa;



**Madaallii:** garaagarummaa wantoota halkaniifi guyyaa hojjataman adda baasuu isaani madaaalaa.

**Gocha Lama:** Dalagaalee guvvaafi halkan raawwataman adda baasuu



**Kaayyoo:** dalagawwan halkanii fi guyyaa hojjataman adda nibaasu.



**Mala raawwii:**

- Tapha “yooman waa hojjadhe? Jedhu haala armaan gadiin taphachiisuu;
  - Daa'imman fuuldura dhaabbachuun sochii fuula dhiqannaa itti agarsiisuun amma maalan hojjedhe? Jedhanii gaafachuu;
  - Daa'immanis gochicha ilaaluun ganama fuula kee dhiqattee akka jedhan gochuu;
  - Sochii haala rafiitii agarsiisuu gochaan itti agarsiisuu;
- Gaaffiiwwan kana fakkaatan gaafachuun dalagawwan asalphaa gochaan agarsiisuun yoom? Maal? Gaaffii jedhaniif akka deebisan jajjabeessuun taphachiisuu;
- Faaruu *ganama ka'ee* jedhu faarfachiisuun waa'ee maalii akka faarsan gaafachuu;

Ganamaan ka'ee

Ganamaan ka'ee

Ciree koo nyaadhee

Mana barnootaan dhaqa

Kitaaba koo qabadhee



**Madaallii:** dalagawwan halkaniifi guyyaa raawwatan yommuu isaan dubbatan dhageeffachuufi gaafachuun madaalaa.

**Gocha Sadii:** Guyyoota torbanii beekuu



**Kaayyoo:** guyyoota torbanii adda baasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaassettii faaruu (mobaayilaan kan waraabame), lakkaawwii Guyyaa / kalaandera



**Mala raawwii:**

- Faaruu' *Guyyota torbanii* jedhu faarfachiisuu;
- Maqaa guyyoota torbanii duraa duubaan waamuu shaakalsiisuu;
- Guyyaan boqonnaafi guyyaan barnootaa isaan kam akka ta'an gaafachuufi hubachiisuu;
- Guyyaa boqonnaa isaanii eessa akka oolaniifi maal akka hojjatan gaafachuudhaan hubachiisuufi mariisisuu;

**Yaadannoo:** guyyaa hunda ganama wayita daree seenan kalaandarii guyyichaa sirreessuu akka amaleeffatan gochuun shaakalsiisuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Guyyootii torbanii maqaan adda baasuu isaanii gaaffii gaafachuun madaaluu.

**Gocha Afur:** Waqtiilee gannaafi bonaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Taateewwan gannaafi bonaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii haala qilleensa addaddaa agarsiisu, kalaandarii/lakkaawwii guyyaa, suuraa/fakkii



**Mala raawwii:**

- Dalagaalee mana barnootaa oolmaa daa'immanii keessaatti raawwataman fakkiin/suuraan dhiyeessuun agarsiisuu;
- Gochaaleen kunniin yoomfaa akka raawwataman akka himan jajjabeessuu;

- Bonaafi ganna bifa sheekkoon akkasumas, sochii guyyaa guyyaa keessatti jijjiirama mul'atu fakkiin itti agarsiisuu; **Fakkeenya:** Ganna bokkaan baay'ee rooba; niqorras. Namoonni haala uffannaa isaanii nijjiirratu. Bona immoo aduun baay'ee guba; namoonnis uffata haphii uffatu.



**Madaallii:** Yaadrimee waqtii hubachuun himuu danda'uu isaanii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Shan:** Yaadrimee guyyootaa, torbaniifi waqtiilee hubachuu



**Kaayyoo:** Yaadrimee guyyootaa, torbaniifi waqtiilee nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa abbaa halluu, kitaaba sheekkoo



**Mala raawwii:**

- Sheekkoo jechoota ibsituu guyyaa of keessa qabu seenessuufii;
- Waa'ee seenichaa ilaalchisee gaaffii gaafachuun;
- Jechoota ibsituu yeroo waliin walqabatan seeraan fayyadamuun akka deebisan jajjabeessuu;
- Fakkii sa'aatii qooduun halluu dibiisuun waa'ee sa'aatii irratti mariisisuu;

**Yaadannoo:** Gabaasa ganamaa (wayitii oduu) yommuu dhiyeessan jechoota yeroo ibsan sirritti akka fayyadaman gochuu qabdu.



**Madaallii:** Guyyootaa fi waqtiilee adda baasuu isaaniin gaaffii gaafachuun madaaluu.

**Gocha Jaha:** Saffisaafi suuta adda baasuu



**Kaayyoo:** Maalummaa saffisaafi suuta adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee ijaarsaa



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee ijaarsaa itti kennuu;
- Baabura haa hojjannu jechuun akkaataa baaburri itti hojjatamu agarsiisuu;

- Achiis, daa'imman akka hojjatan gochuu;
- Baabura keenya haa kaasnu, baaburri keenya suuta jedhee ka'a jechuun muka akka baaburaatti hojjatame suuta jedhanii sochoosuu;
- Suuta suuta saffisa dabaluu suutaa fi saffisa adda baasanii cimsuuf bifa taphaan shaakalchiisuu;
- Tapha gommaan xiqqichi, gommaan guddichi konkolaate jedhu suuta jechuun jalqabsiisuu fi saffisaan akka naanna'an gochuun taphachiisuu;



**Madaallii:** saffisniifi suutni maala akka ta'an sochiin ibsuu danda'uu isaanii ilaaluu fi gaafachuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Yaadrimee bakkaa hubachuu fi ibsitoota isaanii fayyadamuu	4.1. Bakka itti argama bu'uura godhachuun bakkaa fi fageenya ibsu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Bakka meeshaaleen itti argaman bakka ofii jiranirraa ka'uun hubachuu



**Kaayyoo:** Bakka meeshaaleen itti argaman bakka ofii jiranirraa ka'uun nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota kutaa barnootaa keessatti argaman (ashaangulliitii, alaabaa, abaaboo, warqaa kubbaa, fakkiiwwan.....)



**Mala raawwii:**

- Ashaangulliitota yookiin wantoota naannootti argaman gola keessatti bakka daa'imman jiranirraa baay'ee osoo hinfageessin kaa'uu;
- Bakka ashaangulliitiin jiru bakka ofii jirurraa ka'uun akka dubbatu gaafachuun jajjabeessuu; **Fakkeenya:** ashaangulliitiin fuuldura kootti argama, duuba kootti argama.... Jechuun akka himan gochuu;
- Daa'imman muraasa baasuun daa'ima biroo fuuldura duuba, gidduu akka dhaabbatan gochuun eessatti akka argaman gaafachuun akka himan jajjabeessuu;



**Madaallii:** yaadrimee bakkaa hubachuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Ajajoota ibsituu bakkaa ta'an dhaga'uun raawwachuu



**Kaayyoo:** Ajajoota ibsituu bakkaa ta'an dhaga'uun niraawwatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** ashaangulliitii, wantoota addaddaa daree keessatti argaman.



**Mala raawwii:**

- Ashaangulliitiif maqaa itti moggaasuun waan dubbattu fakkeessuu;
- Waan ashaangulliitiin gaafattu daa'imman akka raawwatan gochuun hubannoo waa'ee bakkaarratti qaban akka cimsatan gochuu;

**Fakkeenya:**

- a) Ashaangulliititiin teessoorra na kaa'aa jette;
- b) Teessoon natti hintolle, abaaboo gara bitaan teessoo jirurraa na kaa'aa jette;
- c) Shurraabii minjaala fuuldura koo jirurra kaa'aa jette;
- d) Meeshaalee adda addaa teessoo ani irra jiru fuulduraa duubaan, mirgaan, bitaan... naaf kaa'aa jette jechuun bifa taphaan hubannoo isaanii waa'ee bakkaarratti qaban cimsuu;



**Madaallii:** hubannoo waa'ee bakkaarratti qaban cimsachuu isaanii hordofuun madaalaa.

**Gocha Sadii:** Bakka jecha sirrii ta'een ibsuu



**Kaayyoo:** Bakka jecha sirrii ta'een ni ibsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii



**Mala raawwii:**

- Fakkii irratti wantoota addaddaa cinaan, jala gubbaa taa'an itti agarsiisuun maaltu eessa akka taa'e hubachiisuu;
- Wantoota garagaraa akkaatuma fakkiirraa ilaalaniin akka kaa'an gaafachuufi eessa akka kaa'an akka dubbatan gochuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** bakka ibsuu danda'uu isaanii hordofaa



**Gocha Afur:** Bitaa fi mirgaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Bitaa fi mirgaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** alaabaa, abaaboo, kubbaa.....



**Mala raawwii:**

- Alaabaa, abaaboo, kubbaafi kanneen kana fakkaatan.... Minjaala isaanii irra kaa'uu
- Harka isaanii ittiin buddeena nyaataniin alaabaa ol fuudhanii akka agarsiisan gaafachuu;
- Harki isaan nyaata ittiin hin nyaanne harka bitaa ta'uu itti himuu;
- Harka isaanii isa mirgaan alaabaa akka ol kaasan gochuu;
- Harka isaanii isa bitaa abaaboo ol kaasan gochuun yoo isaan dogoggoran suuta jedhanii sirreessisuun shaakalsiisuu;
- Kubbaa hiriyaa kee isa gara bitaa jiruuf kenni; gara bitaan kenni jechaa bitaa fi mirgaa adda baasuu shaakalsiisuu;

**Yaadannoo:** daa'imman keessaa kan bitaan nyaatan jiraachuu akka malan hubachuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** harka isaanii bitaa fi mirgaa adda baasuu jalqabuu isaanii hordofaa

**Gocha Shan:** Keessaafi ala adda baasuufi ibsuu



**Kaayyoo:** Keessaafi ala adda baasanii ni ibsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota daree keessatti argaman (abaaboo/kan waraqaa ta'uu nidanda'a/, kubbaa, guuboo....



**Mala raawwii:**

- Wantoota armaan olii fuuldura isaanii minjaalarra kaa'uu;
- Minjaalarratti maaltu isinitti mul'ata? jechuun gaafachuu;
- Waan argan akka himan gochuu;

- Kophee kaartoniirraa tolfame wantoota biroo cinaa minjaalarra kaa'uu;
- Wantoota biroo kaartoonii keessa akka kaa'an dabaree dabareen gaafachuu;
- Wantoota kanneen deebi'anii kaartoonii keessaa akka baasanii ala kaa'an gochuu;
- Keessaa fi ala adda baasuu shaakalsiisuu;
- Yoo dogoggoran irra deebi'anii agarsiisuun gaafachuu;



**Madaallii:** Keessaafi ala adda baasuu danda'uu isaanii gaafachuun mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
5. Maallaqa adda baasuu, ibsuufi itti fayyadamuu	5.1.Akaakuu maallaqaa fi fakkii isaanii adda baasuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Noottiiwwan birrii adda



**Kaayyoo:** Akaakuu birrii fi fakkii isaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** noottiiwwan birrii, noottiiwwan birrii kooppii taasifaman



**Mala raawwii:**

- Noottiiwwan birrii abbaa qarshii tokkoo, shanii fi kudhanii itti agarsiisuu;
- Akka beekan gaafachuu;
- Kan footookoppii taasifame itti agarsiisuufi itti kennuu;
- Akka ilaalaniifi garaagarummaa isaanii akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** noottiiwwan birriifi fakkii isaanii adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Saantimoota adda baasuu



**Kaayyoo:** Akaakuuwwan saantimaafi fakkii isaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** saantimoota



**Mala raawwii:**

- Saantimoota garagaraa kennuufii;

- Meeqa meeqa akka ta'an gaafachuu;
- Maal ittiin bitachuu akka danda'an gaafachuun mariisiisuu;

**Yaadannoo:** hubannoo isaanii yeroo yeroo cimsaa deemuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** akaakuuwwan saantimaafi faayidaa isaanii hubachuu jalqabuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Fakkii saantimootaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Fakkii saantimootaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, saantimoota.



**Mala raawwii:**

- Waraqaa saantimootarra kaa'uun qubeessaa itti dibuu fi fakkiin isaanii akkamitti akka ba'u itti agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif saantimaafi waraqaa kennuun akkaataa ilaalaniin akka hojjatan gochuu;
- Wayita isaan xumuranis saantima meeqa akka hojjatan hiriyoota isaanitti agarsiisuun akka himan gochuu;
- Dhumarrattis, saantimoota wal fakkaatan bakka tokko gochuun waraqaa guddaarratti maxxansuun bakka mul'atutti fannisuu;



**Madaallii:** Fakkii saantimootaa hojjachuudhaan garaagarummaa isaanii hubachuu mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Akaakuuwwan maallaqaafi fakkii isaanii adda baasuu



**Kaayyoo:** Akaakuuwwan maallaqaafi fakkii isaanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** noottiiwwan birrii footokooppii taasifaman.



**Mala raawwii:**

- Noottiiwwan birrii footookooppii taasifaman qooduun hubatanii akka ilaalan gochuu;
- Maaliin akka addadda ta'an gaaffiiwwan garagaraa gaafachuun dadammaqsuu;
- Deebii isaanii erga dhaggeeffattanii booda fakkiidhaan addadda akka ta'an itti agarsiisuun ibsuufii;
- Tapha suuqii, suuqii jedhu akka taphatan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Akaakuuwwan maallaqaa fi fakkii isaanii adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

### **2.4.5. Unka Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu**

Maqaa mana barnootaa \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Kornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Daawwannaa waa'ee daa'ima sanaa ilaalchisee gaggeeffamuuf sadarkaa kennamu lakkoofsa sadarkaa qofa uunkaa, daawwannaa' jedhu jalatti galmeessaa.

#### **Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** uunki hordoffii kan jalqabaa, gidduu fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaa		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1. Amala wantootaaf meeshaalee sakatta'uu hubachuu fi adda baasuu</b>			
1.1. Wal fakeenyaa fi garaagarummaa bocawwanii fi wantoota addadda gidduu jiru baasuu nidanda'u.			
<b>2. Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsisuu</b>			
2.1. Walitti dhufeenya wantoota addaddaa gidduu jiru bifa duraa duuba isaa eegeen ilaaluu nidanda'u.			
<b>3. Lakkoofsota beekuu, ibsuu, walitti dhufeenya hubachuu fi qoyyaboota sasalphaa hojjachuu</b>			
3.1. Wantootaa fi lakkoofsota 1-10 lakka'uu ni danda'u			
<b>4. Haalota addaddaa keessatti meeshaalee fi ulaagaalee safartuu sirrii ta'anitti ni fayyadamu</b>			
4.1. Addaddummaa bakkaa fi hanga gidduu jiru himuu ni danda'u			
<b>5. Yaadrimee yeroo hubachuu fi ibsitoota isaanii fayyadamuu</b>			
5.1. Guyyoota torbanii, ji'oota, ayyaana (guyyoota addaa) himuu ni danda'u			
<b>6. Yaadrimee bakkaa hubachuu fi ibsitoota isaanii fayyadamuu</b>			
6.1. Namoota, meeshaalee fi naannoo ba'uura			

***Sochii guyyaa guyyaa keessatti yaadrimeefi qooyyaboota herregaatti fayyadamuu***

---

godhachuun bakkaa fi fageenya ibsuu ni danda'u			
7. Maallaqa beekuu, adda baasuu, ibsuu fi itti fayyadamuu			
7.1. Akaakuuwwan maallaqaa fi fakkii isaanii adda baasuu nidanda'u			

## **2.5. Sochii Taasifamuun Naannoo Qo'achuufi Naannoon Walbaruu**

### **2.5.1. Ibsa**

Daa'imman umrii mana barnootaa oolmaa daa'immanii keessa jiran yeroo kamiyyuu caalaa waan haaraa barachuu fi beekuuf fedhii fi kaka'umsa olaanaa qaban miira qaamaa fi afaan fayyadamuun naannoo isaanii sakatta'uu, beekuu fi hubachuu yeroo itti jalqabanidha. Akkasumas, yaadrimee haaraa yeroo itti barataniif fi sababaafi bu'aa wantootaa barbaaduu yeroo itti jalqabaniidha.

Qo'annaan addaddaa akka agarsiisutti guddinni sammuu daa'immanii 90% ta'u kan raawwatamu hanga umrii 6 gidduu barsiisota mana barnootaa idileen duraatiiniidha. Sammuun daa'immanii guddina sirrii agarsiisuufis sooranni madaalamaafi dadammaqiinsi baay'ee murteessa waana ta'eef:

- Daa'imman soorata madaalamaa akka argatan maatii barsiisuun dadammaqsuu;
- Daa'imman miira qaamaa isaanii sirnaan fayyadamuun amaloota wantootaa akka hubatan deeggaruu;
- Naannoo isaanii akka hubataniifi akka sakatta'an carraa kennuufii;
- Sadarkaa isaaniitti yaalii garagaraa akka taasisaniif jijjiirama argamuu malu akka hubatan gochuu;
- Gaaffii daa'imman gaafataniif deebii sirrii dafanii kennuun deeggarsa gochuutu irra eegama.

### **2.5.2. Kaayyoowwan Gooroo**

1. Wantoota namtolchee fi uumamaa naannoo isaaniitti argaman haala amala isaaniin adda baasuun akka danda'aniif;
2. Iddoowwan tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman tajaajila isaan namootaaf kennan akka beekaniif miira biyya jaallachuu akka horatan gochuuf;
3. Qulqullina naannoo eeguu akka shaakalaniifi wantoota balaa namarraan ga'an irraa ofeeguuf yaalii gochuu akka shaakalan gochuuf;
4. Bocawwaniifi fakkiiwwan hojjachuun dandeettii kalaqaa akka gabbifatan, sadarkaa isaaniitti yaalii addaddaa raawwachuun amala wantootaa akka hubatan gochuuf;

### **2.5.3. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman**

1. Naannoo sakatta'uu fi hubachuu
  - 1.1. Namoota manaafi mana barnootaa isaaniitti argaman, wantoota uumamaa fi namtolchee adda baasuu nidanda'u.
2. Iddoowwan barbaachisoo naannoo isaaniitti argaman beekuufi dinqisiifachuu
  - 2.1. Waa'ee iddoowwan naannoo isaaniitti argamanii nidubbatu.
  - 2.2. Miira biyya jaallachuu nihoratu.
3. Haala itti naannoo kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu
  - 3.1. Naannoo isaanii qulqullinaan ni eegu.
4. Wantoota balaa geessissan kanneen naannootti argaman adda baasuufi of eeggannoo gochuu.
  - 4.1. Mataa isaanii fi namoota biroo wantoota balaa geessisanirraa ittisuu nidanda'u.
5. Yaadrimee sochii hubachuufi yaalii taasisuu
  - 5.1. Hanga, baay'inaafi faayidaa gommaa konkolaataa himuu nidanda'u.
6. Ogummaa fakkii kaasuu fi waa bocuu horachuun wantoota addaddaa kalaquufi dinqisiifachuu
  - 6.1. Fakkiiwwaniifi bocawwan hojjachuu nidanda'u.

### **2.5.4. Ga'umsootaafi Bu'aalee Eegaman, Meeshaalee Deeggarsaafi Mala Raawwii**

<b>Bu'aa eegamu</b>	<b>Ga'umsa</b>
1. Naannoo sakatta'uufi hubachuu	1.1. namoota manaa fi mana barnootaa isaaniitti argaman, wantoota namtolchee fi uumamaa ta'an adda baasuu nidanda'u

**Gocha Tokko:** Namoota naannoo dhiyootti argaman adda baasuu



**Kaayyoo:** Namoota naannoo dhiyootti argaman adda nibaasu.



**Mala raawwii:**

- Gaaffiiwwan addaddaa gaafachuun barsiisota, guddistoota, qulqulleessitootaa fi waardiyoota mana barnootaa isaanii keessa jiran maqaan, kornayaan, bifaa fi ogummaa isaanii akka adda baasan gochuu;



**Fakkeenya:**

- Bifa hibbootiin, “Ani yeroo hunda balbalarra dhaabbachuun daa'imman qofaa isaanii akka mooraa keessaa hinbaanen eega. Ani eenyu?” jechuun gaafachuu;
- Ergaa erguun, “barsiistuuf..... kana kenni/kottu siin jetti jedhaa itti himi,” jechuu;
- “ Wayita ani isin barsiisu namni qubeessaa isiniif qaru, kan qubeessaa abbaa halluu isiniif kennu eenyudha?” jedhanii gaafachuu;



**Madaallii:** namoota naannoo dhiyootti argaman maqaan, kornayaan, ogummaa isaaniin adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Hiriyoota kutaa isaanii adda baasuu



**Kaayyoo:** Daa'imman kutaa isaanii keessatti argaman bifaa fi maqaan adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee garagaraa kutaa keessatti argaman meeshaa taphaa



**Mala raawwii:**

- Tokko tokkoo daa'immaatiif dabareen meeshaalee lama kennuufii;
- Daa'imman hojii warra isaanii hinbeekne yoo jiraatan, warra isaanii gaafachuun wayitii itti aanutti akka himan gochuu;
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii hiriyoonna kutaa isaanii akka mirkanessaniif carraa kennuu;



**Madaallii:** maqaa fi hojii warra isaanii adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Sadii:** Maqaafi ogummaa warra isaanii



**Kaayyoo:** maqaafi ogummaa maatii isaanii nihimu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman dabaree dabareen bahuun maqaa maatii isaaniifi ogummaa isaanii akka dubbatan gochuu;
- Yoo itti ulfaate gaaffii garagaraa gaafachuun deeggarsa gochuu;
- Daa'imman ogummaa maatii isaanii hinbeekne yoo jiraatan maatii isaanii gaafatanii wayitii itti aanutti akka himan gochuu;



**Madaallii:** Maqaafi ogummaa maatii isaanii adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneesaa.

**Gocha Afur:** Maqaa meeshaalee taphaafi maqaa taphichaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Maqaa meeshaalee taphaafi maqaa taphaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaalee taphaa daree keessaa fi dareen alaa



**Mala raawwii:**

- Yeroo yeroon meeshaalee taphaa daree keessaa fi mooraa keessaan akka taphatan carraa kennuufii;
- Taphaan boodas, maal akka taphataniifi maaliin akka taphatan gaafachuun dandeettii yaadachuu cimsuu;
- Dandeettii isaanii akka gabbifataniifi maqaa meeshaalee taphaafi maqaa taphichaa akka beekan gochuu;



**Madaallii:** Maqaa meeshaalee taphaa fi maqaa taphaa beekuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Shan:** Maqaafi faayidaa biqiltootaa hubachuu



**Kaayyoo:** Maqaa fi faayidaa biqiltootaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** biqiltoota mooraa keessatti argaman



**Mala raawwii:**

- Biqiltuuwwan mooraa keessatti argaman hubannoon akka daawwatan gochuu;

- Maqaa biqiltuuwwanii fi faayidaa isaan kennan gaafachuun mariisisuu;
- Naannoo isaanii akka jiru gaafachuun akka himan gochuu;

**Yaadannoo:** gocha kana yeroo garagaraa raawwachuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** maqaa fi faayidaa biqiltootaa adda baasuu isaanii madaalaa.

**Gocha .Jaha:** Biqiltuu kunuunsuu



**Kaayyoo:** Biqiltuu kunuunsuun jijjiirama mul'atu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** meeshaa ittiin biqiltuu bishaan obaasan, akaakuu biyyee, xaasaa, baaldii...



**Mala raawwii:**

- Gabatee sagantaa dabaree agarsiisu qopheessuu;
- Daa'immanis haaluma dabaree isaaniitiin biqiltuuwwan daree keessaa fi mooraa mana barnootaa keessa jiran akka kunuunsan gochuu;
- Jijjiirama biqiltuurratti mul'atu akka hordofaniifi hubatan gochuu;

**Yaadannoo:** daree keessatti yoo ta'e xaasaan (qorqoorroon) dhaabuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** biqiltuuwwan kunuunsuudhaan jijjiirama mul'atu hubachuu isaanii madaalaa.

**Gocha torba:** Biqiltuuwwan oddoo adda baasuun beekuu



**Kaayyoo:** Maqaa, bifa, bocaa fi faayidaa biqiltuuwwan oddoo adda baasanii nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kuduraalee, fuduraalee midhaan dheedhii



**Mala raawwii:**

- Biqiltuuwwan oddoo lakkoofsaan sadii hincaalle gara kutaa barnootaa fiduu;
- Daa'imman hubatanii akka ilaalan, fuunfataniifi qaqqaban gochuu;

- Maal akka ta'e, boca fi halluu akkamii akka qabu gaafachuu;
- Haala kamiin nyaataaf akka oolani fi biqiltuuwwan oddoo jedhamanii waamaman hubachiisuu;

**Fakkeenya:** Dheedhii isaa, affeelamaa....Hunduu nyaataaf kan oolani fi biqiltuuwwan oddoo jedhamaniis akka waamaman hubachiisuu;

**Yaadannoo:** haaluma kanaan waa'ee fuduraalee fi midhaan dheedhii wayitiiwwan itti aanan keessatti barsiisuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** maqaa, halluu, bocaafi faayidaa biqiltuuwwan addaa adda baasuun beekuu isaanii madaalaa.

**Gocha Saddeet:** Beelladootaafi bineensota adda baasuu



**Kaayyoo:** Beelladootaafi bineensota adda nibaasu.



**Mala raawwii:**

- Fakkii beelladootaa fi bineensotaa kan daa'imman kanaan dura arganii beekan, fiilmiin ilaalani beekan waraqaa furdaa (kaartooniirratti maxxansuun qopheessuu;
- Tokkoo tokkoo daa'immaniif fakkiiwwan kanneen kennuu;
- Hiriyoota isaaniitti agarsiisuun maal akka ta'aniifi eessa akka jiraatan gaafachuun akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** beelladootaa fi bineensota adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sagal:** Haala jireenyaa, soorannaa fi faayidaa beelladootaafi bineensotaa hubachuu



**Kaayyoo:** Haala jireenyaa, soorannaafi faayidaa beelladootaa fi bineensotaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan beelladootaa, bineensotaa fi allaattiiwwanii



**Mala raawwii:**

- Fakkii bineensotaafi beelladootaa sadii hincaalle itti agarsiisuu;
- Haala jireenyaa, soorannaafi faayidaa beelladootaafi bineensotaarratti mariisiisuun hubannoo isaanii cimsuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun bineeldonni haala jireenyaan, soorannaafi faayidaan addadda akka ta'an hubachiisuu;
- Faaruu waa'ee bineeldotaa ilaallatu faarfachiisuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Haala jireenyaa, soorannaafi faayidaa beelladootaafi bineensotaa hubachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudhan:** Haala jireenyaafi soorannaa bineensotaa



**Kaayyoo:** haala jireenyaafi soorannaa bineensotaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii bineensotaa



**Mala raawwii:**

- Fakkii bineensotaa sadii hincaalle daa'immanitti agarsiisuu;
- Haala jireenyaafi soorannaa bineensotaarratti mariisiisuun waan beekan hunda akka dubbatan carraa kennuufii;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun bineensonni haala jireenyaafi soorannaan addadda akka ta'an hubannoo uumuu;
- Hibboowwan bineensotaa bu'uureffate gaafachuun hubannoo isaanii cimsuu;

**Yaadannoo:** bineensotaafi allaattiiwwan hunda wayitii tokkotti barsiisuun waan hindanda'amneef wayitii addaddaatti barsiisuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Haala jireenyaafi soorannaa bineensotaa hubachuu isaanii madaaluu.

**Gocha Kudha Tokko:** Haala jireenyaafi soorannaa allaattiiwwanii



**Kaayyoo:** Waa'ee soorannaafi haala jireenyaa allaattiiwwanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii allaattiiwwanii, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Fakkii allaattiiwwanii itti kennuun qubeessaa abbaa halluun akka diban gochuu;
- Fakkiin isaan haalluu diban maal akka ta'e eessa akka jiraataniifi haala soorannaa isaanii gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;
- Fakkii allaattiin isaan halluu diban maal akka ta'an, eessa akka jiraataniifi haala jireenyaa isaanii gaafachuun akka himan jajjabeessuu;
- Faaruu 'Allaattiin ta'a' jedhu faarfachiisuu;



**Madaallii:** Waa'ee haala jireenyaafi soorannaa allaattiiwwanii hubachuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Kudha Lama:** Ilmoolee bineeldotaa adda



**Kaayyoo:** Ilmoolee bineeldotaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan beelladootaafi bineensotaa, fakkiiwwan allaattiiwwanii



**Mala raawwii:**

- Daa'imman bineeldotaafi ilmoolee isaanii akka adda baasan tooftaa addaddaa fayyadamuu;
- Fakkii bineeldotaafi ilmoolee isaanii agarsiisuun waraqaa furdaarratti maxxansuun qopheessuu;
- Fakkii ilmoolee bineeldotaa tokkoo tokkoo daa'imaatiif kennuu;
- Barsiistuun/saan fakkii bineelda tokkoo olkaastee/see agarsiisuun, 'Ijoollee koo, eessa jirtu?' jettee yoo gaafattu fakkii ilmoolee bineeldotaa daa'imman qabatan," Asin jira; asin jira" jechaa bahuun fakkii ol kaasanii qabachuun barsiisaa/tuu cinaa akka dhaabbatu gochuu;

- Daa'imman dogoggoran yoo jiraatan fakkii qabani jiran kan barsiisaan/tuun akka walbira qabani ilaalan gochuun dogoggora isaanii akka sirreeffatan gochuun taphachiisuu;



**Madaallii:** Ilmoolee bineeldotaa adda baasuu danda'uu isaanii gocha isaanii hordofuun mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Sadii:** Waa'ee haala jireenyaafi soorannaa bineeldotaa hubachuu



**Kaayyoo:** Waa'ee haala jireenyaafi soorannaa bineeldotaa nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman bakka bineeldonni argaman geessuun daawwachiisuu;
- Haala jireenyaafi soorannaa bineeldotaa akka ilaalan gochuu;
- Daawwannaan booda waan ilaalanirratti mariisisuu;

**Yaadannoo:** Daawwannaa deemuun dura eessa, yoom, maaliif akka deemaniifi hangaa humnaa isaaniitti ofeeggannoo taasisuu qaban dursanii ibsuufiin barbaachisaadha.



**Madaallii:** Waa'ee haala jireenyaafi soorannaa bineeldotaa hubachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Afur:** Haala sochiifi amala bineeldotaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Haala sochiifi amala bineeldotaa addaddaa nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** loottoo/ doomiinoo beelladootaafi bineensotaa



**Mala raawwii:**

- Loottoo/ doomiinoo bineeldotaa qopheessanii kennuun akka taphatan gochuu;
- Tapha hibboo ' kan hir'ate guuti' jedhu taphachiisuu;
- Faaruwwan haala sochiifi amala bineeldotaa addaddaa ibsan faarfachiisuun ergaa faaruu sanaa akka hubatan gochuu; **Fakkeenya:** Akka allaattiittan balali'a....



**Madaallii:** Haala sochiifi amala bineeldotaa adda baasuu eegaluu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Shan:** Fakkii bineeldotaafi allaattiiwwanii halluu dibuun muranii baasuu



**Kaayyoo:** Fakkii bineeldotaafi allaattiiwwanii halluu dibuun muranii nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii allaattiiwwaniifi bineeldota addaddaa qubeessaa abbaa halluu, maqxoo(qaxxaamurtuu)...



**Mala raawwii:**

- Fakkii allaattiiwwaniifi bineeldota garagaraa halluu akka dibaniifi boca isaanii muranii akka baasan gochuu;
- Wayita xumuranis fakkii bineeldotaafi allaattiiwwanii muranii baasan hiriyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu;
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuusaa hiriyoonni isaanii akka madaalan gochuu;



**Madaallii:** Fakkii allaattiiwwaniifi bineeldota addaddaa adda baasuu eegaluu isaanii gochoota hordofuun mirkaneessaa.

**Gocha Kudha Jaha:** Akaakuu biyyeefi cirrachaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Akaakuu biyyeefi cirrachaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** biyyee diimaafi gurraachaa, cirracha..



**Mala raawwii:**

- Mooraa keessatti akaakuu biyyeefi cirrachaa qopheessuu;
- Daa'imman harka isaaniin tuquun maal akka ta'eefi garaagarummaa isaanii akka dubbatan gochuu;
- Akaakuun biyyee akkanaa naannoo isaanii akka jiruufi hinjirre, tajaajila maaliif akka oolu gaafachuun mirkaneeffachuufi hubannoo qabsiisuu;



**Madaallii:** Garaagarummaa biyyeefi cirrachaa hubachuu jalqabuu isaanii mirkaneessaa.



**Gocha Kudha Torba:** Waa'ee aduu beekuu



**Kaayyoo:** Waa'ee aduu nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii aduu



**Mala raawwii:**

- Daa'imman kutaa keessaa gara alaatti baasuun samii akka ilaalaniifi waan hubatan akka dubbatan gochuu;
- Aduun yeroo hunda samiirra akka jiraattuufi hinjiraanne gaafachuu;
- Aduun yoom akka jirtuufi yoo isheen hinjiraanne eenyu bakka ishee akka bu'u gaafachuun mariisisuu;
- Gaafa aduu samiin qulqulluu akka ta'e hubachiisuu;



**Madaallii:** Waa'ee aduu dubbachuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Kudha Saddeet:** Ibsitoota haala qilleensaa



**Kaayyoo:** Ibsitoota haala qilleensaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, fakkiiwwan haala qilleensa baramaa ibsan, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Fakkii ibsitoonni haala qilleensaa agarsiisan waraqaa furdaa guddaarratti kaafame haala armaan gadiin hubachiisaa;
- Waraqicha boca geengoo guddaa ta'een muranii baasuun haala walqixa ta'een bakka afuritti qooduun sararuu;
- Tokkoo tokkoo sarara keessatti fakkii gaafa/ guyyaa aduu, bubbee, duumessa, rooba agarsiisu kaasuu; Fakkeenyaaf:
  - **Gaafa aduu-** samii qulqulluurratti aduu bifa keelloo kaasuu;

- **Gaafa duumessaa**- fakkii samiirratti darbee darbee halluu bifa gurraachaa haphisanii dibuun aduun duumessaan haguugamtee mul'attu kaasuu;
- **Gaafa bubbee**- fakkii mukni, baalli... gara tokkotti duufee agarsiisu kaasuu;
- **Gaafa bokkaa**- fakkii samii gurraacha'e, coba roobaafi namoota dibaabee qabatan agarsiisuun qopheessuu;
- Kaartonii boca geengootiin muruudhaan walakkaarratti waan xiqqoo sochootuufi kallattii agarsiistu itti qabsiisuun bakka daa'immaniif mul'atutti maxxansuu;
- Tokkoo tokkoo haala qilleensaa agarsiisuun tuqaa fakkichaarraa maal akka hubatan gaafachuun haala qilleensaa akka hubatan gochuu;

**Yaadannoo:** fakkii kana guyyuu itti agarsiisuun haala qilleensaa guyyaa guyyaan jiru akka dubbatan gochuu qabdu.



**Madaallii:** Ibsituuwwan haala qilleensaa hubachuu eegaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Kudha Sagal:** Waa'ee ilbisootaa hubachuu



**Kaayyoo:** Maqaa, haala jireenyaafi soorannaa ilbisootaa manaafi naannoo manaatti argamanii nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii titisaa, goondaa, daara baaftuu, bararoo, bookeefi Kanneen kana fakkaatan..



**Mala raawwii:**

- Fakkii ilbiisotaa manaafi naannoo manaatti argaman itti agarsiisuu; **Fakkeenya:** titisa, goondaa, bararoo, bookee....
- Haala jireenyaafi soorannaa isaanii ilaalchisee hubannaa akka argatan gochuu;
- Daa'imman waliin ta'uun ilbiisota daree keessaafi dareen ala barbaaduu; **Fakkeenya:** dhagaa jala, gidaara manarra, mukarra...
- Ilbiisota kanneenitti dhiyaatanii akka ilaalan gochuufi waan argan/ hubatan akka dubbatan gochuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Ilbiisota manaafi naannoo manaatti argamuu danda'an maqaa isaanii, haala jireenyaafi soorannaa isaanii hubachuu jalqabuu isaanii madaalaa.

**Gocha Digdama:** Gadi lixuufi bololi'uu hubachuu



**Kaayyoo:** Garaagarummaa gadi lixuufi bololi'uu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** baaldii/wadaashii golboo ifa agarsiisu, meeshaalee sasalphaa bishaan keessa gadi lixuu yookiin bololi'uu danda'an, bishaan



**Mala raawwii:**

- Daa'imman mooraa mana barnootaa keessa naanna'uun baala mukarraa lafatti harca'ee jiru, firiiwwan mukaa, jajjaboo, qorkiifi kanneen kana fakkaatan... akka walitti qaban gochuu;
- Saahanii/wadashii guddaa golboo keessatti bishaan naquu;
- Daa'imman hundi waan lafaa arganii walitti qaban qodaa bishaan qabu keessa buusuun jijjiirama itti aanee dhufu akka hubataniifi dubbatan gochuu;
- Kamtu bishaan keessa akka gadi lixee fi bololi'erratti mariisisuu;



**Madaallii:** Garaagarummaa gadi lixuufi bololi'uu hubachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Digidamii Tokko:** Wantoota gadi lixaniifi bololi'an adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota gadi lixaniifi bololi'an adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** baaldii bishaanii kan pilaastikaa golboo ta'e, wantoota sasalphaa gadi lixuu yookiin bololi'uu danda'an



**Mala raawwii:**

- Tapha, 'kan eenyuu akka ta'e?' jedhu haala armaan gadiin taphachiisuun amala meeshaalee akka hubatan gochuu;
- Daa'imman hundaaf meeshaa tokko tokko kennuu;

**Fakkeenya:** haqxuu/laaphisii, qorkii, furtuu balbalaa, aziraarii, bidiruu/ doonii waraqaarraa hojjatame, kubbaa pilaastikaa xiqqoo taate, qadaada haayilaandii.....

- Baaldii golboo ifa dabarsu keessatti bishaan naquun bakka daa'immaniif mul'atutti minjaalarra kaa'uu;
- Daa'imman hundi ba'uun meeshaan harkatti qabatan maal akka ta'e agarsiisuufi himuun bishaan keessa buusuun jijjiirama jiru hiriyoota isaaniitti akka dubbatan jajjabeessuu;

**Fakkeenya:** bidiruun/ dooniin koo bishaanirra bololiite, furtoon manaa koo gadi lixxe....



**Madaallii:** Wantoota bololi'aniifi gadi lixan adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Iddoowwan barbachisoo naannootti argaman beekuufi dinqisiifachuu	2.1. Waa'ee bakkeewwan naannootti argamanii dubbachuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Dhaabbilee tajaajila kennan adda baasuu



**Kaayyoo:** Dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan, waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Naannoo isaanii dhaabbileen tajaajila kennan jiraachuu gaafachuu;  
Fakkeenya: suuqii, mana barnootaa, buufata poolisii, mana yaalaa, mana baaburaafi kanneen kana fakkaatan...
- Fakkiiwwaniifi mallattoowwan iddoowwan tajaajila kennanii itti agarsiisuun mariisisuu;
- Daa'imman hundaaf fakkii qubeessaa abbaa halluu kennuufii;
- Dhaabbilee tajaajila kennan kanneen keessaa kan naannoo isaaniitti argaman tokkicha halluu akka diban gochuu;
- Yommuu xumuran barsiisaa/tuuf akka agarsiisaniifi maal akka diban akka dubbatan jajjabeessuu;



**Madaallii:** Dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Dhaabbilee tajaajila kennan daawwachuu



**Kaayyoo:** Dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman nidaawwatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiwwan, waraqaa, qubeessaa, halluuwwan....



**Mala raawwii:**

- Daa'imman gara dhaabbileen tajaajila kennan argamanitti qabatanii deemuun akka daawwatan gochuu; **Fakkeenya:** mana barnootaa, waarshaa, garaajii, buufata poolisii, mana tiyaatiraa, buufata fayyaa....
- Yeroo daawwatan wantoota ijorratti xiyyeeffannoo akka taasisan dadammaqsuu;
- Daawwannaan booda waa'ee waan daawwatanii gaafachuun mariisisuu;
- Walaloo iddoowwan tajaajila kennan ibsan itti himuun jajjabeessuu;

**Yaadannoo:** Wayitii itti aanutti waa'ee waan daawwatanii yadachiisuun fakki akka kaasaniifi halluu akka diban gochuu qabu.



**Madaallii:** Dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaanitti argaman adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Dalagaa dhaabbilee tajaajila kennanii hubachuu



**Kaayyoo:** Dalagaa dhaabbilee tajaajilaa naannoo isaaniitti argamanii nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Seenaawwan garagaraa hiika dhabeeyyii ta'an itti himuun dalagaa iddoowwan tajaajila kennanii akka hubatan gochuu; **Fakkeenya:** Gaaf tokko Boongen garaan isa dhukkubnaan gara mana gaaraajii dhage. Achiis, beelofnaan laaqana nyaachuuf gara buufata poolisii dhage. Itti aansuun, boorsaa isaa fudhatee barumsa barachuuf gara gabaa deeme. ....jechaa itti himuun sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa gaafachuun tajaajila kamtu bakka kamitti akka argamu akka danda'u mariisisuun hubannoo uumuu;



**Madaallii:** Dalagaalee dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argamanii hubachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Afur:** Dalagaa ogeeyyii hubachuu



**Kaayyoo:** Dalagaa ogeeyyii dhaabbilee tajaajila kennan kan naanno isaaniitti argaman keessa hojjatanii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii ogeeyyii garagaraafi iddoowwan tajaajila kennan agarsiisu



**Mala raawwii:**

- Fakkii ogeeyyii garagaraafi iddoowwan tajaajila kennan itti agarsiisuu, minjaala isaanirra kaa'uun ogeeyyiiifi dhaabbilee walitti firoomsaa akka taphatan carraa kennuufii;
- Wayita isaan walitti firoomsanii xumuran maliif akkanatti akka hojjatan gaaffiiwwan addaddaa gaafachuun mariisisuu;
- Gaaffii isaanii bu'uura godhachuun dalagaa ogeeyyii dhaabbilee tajaajila keessa hojjatan akka hubatan gochuu;



**Madaallii:** Dalagaa ogeeyyii dhaabbata tajaajila kennan keessa hojjatan hubachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Shan:** Tapha fakkaatanii taphachuutiin dalagaa ogeeyyii hubachuu



**Kaayyoo:** Dalagaa ogeeyyii dhaabbilee tajaajilaa keessa hojjatan adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** wantoota gahee taphachuuf barbaachisan



**Mala raawwii:**

- Haala fakkaatanii taphachuuf mijatutti kutaa gurmeessuu;
- Daa'imman dhaabbilee tajaajila kennan naannoo isaaniitti beekan bifa taphaan akka calaqqisiisan gochuu;
- Yeroo isaan taphatan hordofuufi deeggarsa taasisuu;
- Taphaan maaliifi akkamitti akka taphatan gaafachuu;
- Daa'imman dalagaa ogeeyyii dhaabbilee tajaajilaa arganii beekan yookiin dhaga'an taphaan akka calaqqisiisan carraa kennuufii;



**Madaallii:** Waa'ee namoota dhaabbilee tajaajilaa keessa hojjatan hubachuu isaanii tapha fakkaatanii taphachuu daa'imman raawwatan ilaaluun madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
2. Iddoowwan barbaachisoo naannootti argaman beekuufi dinqisiifachuu	2.2. Miira biyya jaallachuu nihoratu.

**Gocha Tokko:** Halluu alaabaa naannoo Oromiyaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Halluu alaabaa naannoo Oromiyaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa abbaa halluu, waraqaa, qubeessaa, alaabaa Oromiyaa



**Mala raawwii:**

- Alaabaan naannoo Oromiyaa halluu maal maalfaa akka qabu gaafachuu;
- Alaabaa naannoolee biroo itti agarsiisuun kan Oromiyaa kam akka ta'e akka dubbatan gochuun itti agarsiisuu;
- Daa'imman hundaaf waraqaa, qubeessaafi qubeessaa abbaa halluu kennuufii;
- Fakkii alaabaa naannoo Oromiyaa akka kaasaniifi halluu akka diban gochuu;
- Dhumarrattis, maqaa isaanii gara jalaatti barreessuun kutaa keessatti akka maxxansan gochuu;
- Faaruu alaaba keenya jedhu faarfachiisuun maqaa naannoofi halluu alaabaa akka himan gochuu;



**Madaallii:** Halluuwwan alaabaa naannoo Oromiyaa adda baasuun fakkii isaan kaasan ilaaluun madaalaa.

**Gocha Lama:** Boca kaartaa Oromiyaa adda baasuu



**Kaayyoo:** Boca kaartaa Oromiyaa adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** qubeessaa abbaa halluu, waraqaa, kaartaa Oromiyaa, pazilii kaartaa Oromiyaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman hundaaf qubeessaa abbaa halluu kennuudhaan halluu barbaadan akka filatan gochuu;
- Kaartaa Oromiyaa itti kennuudhaan halluu filatan akka itti diban gochuufi kan itti diban kutaa keessatti maxxansuu;
- Pazilii kaartaa Oromiyaa akka wal qabsiisan gochuun jajjabeessuu;



**Madaallii:** Boca kaartaa Oromiyaa adda baasuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa faarsuu



**Kaayyoo:** Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa nifaarsu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** alaabaa Oromiyaa, kaasettii faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa



**Mala raawwii:**

- Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa faarsisiisuun sammuu/ qomatti akka qabatan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Faaruu alaabaa naannoo Oromiyaa faarsuu shaakaluu isaanii mirkaneessaa.



**Gocha Afur:** Namoota naannoo keenyaaf hojii gaarii hojjatan



**Kaayyoo:** Namoota naannoo keenyaaf hojii gaarii hojjatan nihimu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** suuraa namoota bebeekkamoo



**Mala raawwii:**

- Suuraa namoota bebeekkamoo itti agarsiisuun eenyu akka ta'aniifi maal akka hojjatan itti himuun mariisisuu; **Fakkeenya:** Taaddasaa Birruu, Waaqoo Guutuu, Daraartuu Tulluu,
- Deebii isaanii erga dhageessanii booda namoonni beekamoon kunniin biyya isaaniif maal akka hojjatan gaafachuu sadarkaa isaanitti akka ibsan gochuu;



**Madaallii:** Namoota naannoo keenyaaf bu'aa gaarii buusan himuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
3. Akkaataa naannoo itti kunuunsan beekuufi naannoo kunuunsuu	3.1. Qulqullina naannoo eeguu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Faayidaa qulqullina eeggachuun qabu hubachuu



**Kaayyoo:** Faayidaa qulqullina naannoofi dhuunfaa eeguun qabu nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Oduuwwan qulqullina naannootiin walqabatan, muudannoolee, seenaa itti himuun faayidaa qulqullina dhuunfaafi naannoo eeggachuun qabu mariisisuu;
- Sadarkaa isaanitti akka itti qulqullina dhuunfaafi naannoo itti eegan gaafachuun waan beekaan akka himan gochuu;
- Faayidaa qulqullina dhuunfaafi naannoo akka dubbatan gochuu;



**Madaallii:** Faayidaa qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguun qabu hubachuu isaanii madaalaa.

**Gocha Lama:** Meeshaalee qulqullina dhuunfaafi naannoo ittiin eegan adda baasuu



**Kaayyoo:** Meeshaalee dhuunfaafi naannoo eeggachuuf itti gargaaraman nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii meeshaalee qulqullina naannoo eeguuf fayyadamnu agarsiisu, waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu...



**Mala raawwii:**

- Meeshaalee/ fakkiiwwan itti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuun mariisisuu;
- Deebii isaanii erga dhaga'anii booda meeshaalee tokko tokkoon itti agarsiisuun maqaafi tajaajila isaa ibsuu;
- Fakkii meeshaalee qulqullinaa kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Erga xumuraniis fakkii halluu diban hiriya isaanitti akka agarsiisaniifi maal akka ta'eefi tajaajila isaa akka himan gochuu;



**Madaallii:** Meeshaalee qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguuf itti gargaaramnu adda baasuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Qulqullina minjaalaafi kutaa eeguu



**Kaayyoo:** minjaalaafi kutaa hanga humna isaaniitti niqulqulleessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** sagantaa dabaree, fookaa xiqqoo bishaan cuubamte, hartuu xiqqoo, qodaa balfa ittiin hammaaran



**Mala raawwii:**

- Mana isaaniittii nyaata erga nyaatanii booda minjaala irratti nyaatan eenyu akka qulqulleessu gaafachuun dadammaqsuu;
- Deebii ijoollee erga dhaggeeffattanii booda, daa'immanis hanga humna isaaniitti hojii garagaraa hojjachuun warra isaanii gargaaruu akka qabaniifi kana keessaas tokko minjaala irratti nyaatan qulqulleessuu akka ta'e ibsuufii;
- Minjaala irratti nyaatan fookaa xiqqoo bishaan cuubuun qulqulleessuufi nyaata lafarratti kukkufan haxooftuun qulqulleessanii meeshaa balfaa keessa buusuun akkamitti akka danda'amu itti agarsiisuu;

- Daa'immanis akkaataa ilaalaniin akka hojjatan shaakalsiisuu;
- Nyaata erga sooratani booda abbaan dabaree guyyichaa minjaala irratti nyaataniifi kutaa akka qulqulleessan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Minjaalaafi kutaa hanga humna isaaniitti qulqulleessuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Barbaachisummaa qulqullina naannoo hubachuu



**Kaayyoo:** Barbaachisummaa qulqullina naannoo ofii eegu nihubatu; akkasumas, hanga humna isaanii niqulqulleessuu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** guuboo balfaa, bishaaniifi saamunaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman kutaan alatti baasuun mooraa isaanii akka ilaalaniifi mooraan qulqulluu ta'uufi ta'uu dhiisuu isaa gaafachuun mariisisuu;
- Deebii isaanii erga dhaggeeffatanii booda kosii lafarraa buusuu akka hinqabneefi kosii eessa buusuu akka qaban (guuboo balfaa keessa) itti himuu;
- Gamtaan ta'uun baala, waraqaafi laastikii addaddaa mooraa keessatti bakka addaddaatti bubbu'anii argaman akka walitti qaban gochuu;
- Guuboo balfaa keessa akka buusan gochuu;
- Erga xumuraniis harka isaanii bishaaniifi saamunaan akka dhiqatan gochuu;

**Yaadannoo:** Gochoota kanneen jiruu isaanii guyyuu keessatti akka hojiirra oolchan hordofuufi jajjabeessuu qabdu.



**Madaallii:** Barbaachisummaa qulqullina naannoo ofii eegu hubachuu isaaniifi hanga humna isaaniitti qulqulleessuu shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Shan:** Miidhaa qulqullina eeggachuu dhabuun qabu hubachuu



**Kaayyoo:** Qulqullina dhuunfaafi naannoo eegu dhabuun miidhaa inni qaqqabsiisu nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee durdurii

**Mala raawwii:**

- Sheekkoo, muudannoo yookiin seenaa fayyadamuun miidhaa qulqullina dhuunfaafi naannoo eegu dhiisuun qaqqabsiisu hubachiisuu;

- Daa'immanis manattis ta'ee naannoo isaaniitti iddoowwan balfi walitti qabamee jiru taphachuun akka isaanirra hinjiraanne hubachiisuu;

**Yaadannoo:** Gochoota kanneen guyyaa tokko qofaaf akka barataniif osoo hintaane, jireenya guyyuu keessatti akka raawwataniif waan ta'eef yeroo hundaa yaadachiisuufi hordofuun nibarbaachisa.



**Madaallii:** Miidhaa qulqullina dhuunfaafi naannoo eeggachuu dhiisuun qaqqabsiisu hubachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Jaha:** Faayidaa gamtaan qulqulleessuun qabu hubachuu



**Kaayyoo:** Faayidaa gamtaan qulqulleessuun qabu hubachuun niqulqulleessu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** walaloo/faaruu gamtaan qulqulleessuu agarsiisu, kitaaba sheekkoo, meeshaalee garagaraa naannoo qulqulleessuuf itti gargaaramnu, saamunaa, bishaan



**Mala raawwii:**

- Fakkii yeroo namoonni gamtaan mooraa qulqulleessan agarsiisu itti mul'isuu;
- Waa'ee fakkichaa mariisaa faayidaa gamtaan hojjachuu akka hubatan gochuu;
- Walaloo, faaruu, sheekkoo , mudannoo.... itti himuu;
- Daa'imman faarfachaa gamtaan mooraa akka qulqulleessan gochuu;
- Erga xumuraniis harka isaanii bishaaniifi saamunaan akka dhiqatan gochuu;



**Madaallii:** Gamtaan qulqulleessuu shaakaluu isaanii yommuu isaan qulqulleessan ilaaluun madaalaa.

**Gocha Torba:** Meeshaalee sirnaan qabachuufi sirnaan ol kaa'uu



**Kaayyoo:** Meeshaalee sirnaan qabachuufi sirnaan ol kaa'uu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** loottoo yookiin fakkii meeshaalee qulqullinaa, meeshaalee Taphaa



**Mala raawwii:**

- Tapha lootoo yookiin fakkii walitti firoomsuu akka taphatan gochuu;
- Daa'imman kutaa keessatti meeshaalee taphaan erga taphatani booda, meeshaalee ittiin taphatan bakkatti akka deebisan gochuu;

**Yaadannoo:** Wayita taphatan hunda meeshaalee taphaa sirnaan qabachuufi sirnaan ol kaa'uu akka shaakalan gochuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Meeshaalee sirnaan qabachuufi sirnaan ol kaa'uu shaakaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Saddeet:** Biqiltuu dhaabuufi kunuunsuu



**Kaayyoo:** Biqiltoota dhaabuufi kunuunsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** baaldii pilaastikaa biqiltuu keessa dhaaban, biqiltuu /sanyii, meeshaa ittiin biqiltuu bishaan obaasan , biyyee, bishaan



**Mala raawwii:**

- Daree keessattiifi dareen alatti daa'imman waliin biqiltoota garagaraa dhaabuu;
- Daa'immanis akkaataa sagantaa dabaree isaaniif qophaa'eetiin biqiltoota akka kunuunsan shaakalsiisuu;



**Madaallii:** Biqiltoota dhaabuu fi kunuunsuu shaakaluu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
4. Wantoota naannootti argaman, kanneen balaa geessisan adda baasuufi irraa of eeguu	4.1 wantoota naannootti argaman, kanneen balaa geessisan irraa mataa isaanii fi namoota biroo eeguu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Wantoota balaafamoo adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota balaafamoo adda nibaasu.



**Mala raawwii:**

- Oduu balaawwan naannootti uumaman ibsu daa'immanitti akka isaaniif galuu danda'uun itti himuu;
- Gaaffiiwwan garagaraa gaafachuun miidhaa balaa akka hubatan gochuu;
- Daa'immanis balaawwan garagaraa manaafi naannoo isaaniitti uumaman akka dubbatan carraa kennuufii;
- Deebii daa'immanii bu'uura godhachuun balaan konkolaataa, ibiddi, elektirikii, wantoonni qara qaban balaafamoo akka ta'aniifi irraa of eeggachuu akka qaban hubachiisuu;



**Madaallii:** wantoota balaa geessisan adda baasuu danda'uu isaanii mariifi gaaffiin mirkaneessaa.

**Gocha Lama:** Wantoota balaafamoorraa of eeguu



**Kaayyoo:** Wantoota balaafamoorraa akkamitti akka of eeguu qaban nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kitaabilee shekkoo



**Mala raawwii:**

- Wantoonni naannoo isaanitti balaa geessisuu danda'an maalfaa akka ta'an gaafachuun mariisisuu;
- Balaan konkolaataa, ibiddi, elektirikii, wantoonni qara qaban balaafamoo ta'uu isaanii hubachiisuu;
- Daa'immanis ta'an namoonni gurguddoon karaarra yommuu deeman hubannaan harka isaanii gama bitaa qabachuun deemuu akka qabaniifi daandii kan qaxxaamuran daandii zeebiraa qofarra ta'uu akka qabu hubachiisuu;
- Daa'imman manattis ta'ee alatti isaanis ta'e daa'imman biroon kibiriitiin, wantoota qara qabaniin taphachuu akka hinqabne hubachiisuu;
- Utuu balaan hin uumamiin dura hanga humna isaaniitti of eeggannoo gochuu qaban itti himuu;

- Sheekkoo itti himuun hubannoo isaanii cimsuu;



**Madaallii:** Balaarraa akkamitti akka of eegu qaban hubachuu isaanii madaalaa

**Gocha Sadii:** Seera tiraafikii hubachuu



**Kaayyoo:** Seera tiraafikii nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkiiwwan garagaraa balaa tiraafikii agarsiisan



**Mala raawwii:**

- Fakkiiwwaniifi fiilmii garagaraa balaa tiraafikii agarsiisan itti mul'isuu;
- Isaanis ta'an warra yommuu daandii konkolaataa qaxxaamuraa sarara zabiraa qofarra ce'uu akka qaban hubachiisuu;
- Deemuu kan qabanis daandii lafoo qofarra ta'uu akka qabu hubachiisuu;



**Madaallii:** Balaa tiraafikiirraa of eegu danda'uu jalqabuu isaanii madaalaa.

**Gocha Afur:** Bifa taphaatiin seera tiraafikii hubachuun raawwachuu



**Kaayyoo:** Balaa tiraafikiirraa of eegu ni shaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaartoonii, halluuwwan, ulee qal'oo, koollaa



**Mala raawwii:**

- Kaartonoota gurguddoo sadii boca geengoon muruu;
- Tokko tokkoo isaanii gara duubaa fi fuulduraan halluu bifa diimaa, keelloofi magariisa dibuu;
- Ulee(muka ) qal'oo irratti maxxansuu;
- Dirreerratti boronqiin yookiin haadaan karaa lafoon irra daandii qaxxaamuru hojjachuu;
- Daa'imman muraasa konkolaachistoota, kaan immoo lafoo gochuun ramaduu;
- Barsiisaan/tuun akka tiraafikiitti ibsaawwan tiraafikii harkatti qabachuu;



- Yoo gommaan jira ta'e daa'imman warri konkolaachisaa ta'an gommaa gangalchaa kallattii lamaan akka deeman gochuu;
- Warri lafoon daandii lafoorra akka deeman gochuu;
- Konkolaachiftoonniifi lafoon seera tiraafikii cabsan taphicha keessaa akka ba'an gochuu;

**Yaadannoo:** Barreeffama Barumsa Nageenya Tiraafikii M/B Oolmaa Daa'immanii keessatti jedhu fayyadamuun nidanda'ama.



**Madaallii:** balaa tiraafikiirraa ofeeguu shaakaluu isaanii taphicha ilaaluun madaalaa.

Bu'aa Eegamu	Ga'umsa
5. Yaadrimee sochii hubachuu fi yaalii taasisuu	5.1 Akaakuuwwan sochii bu'uura adda baasuu fi sochii bineeldotaa sochii akaakuuwwan geejjibaa waliin walitti firoomsuu nidanda'u.

**Gocha Tokko:** Akaakuuwwan sochii adda baasuu



**Kaayyoo:** Akaakuuwwan sochii bu'uura sadan nihubatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii bineeldotaa fi geejjibaa kan adeeman kan balali'an, kan bololi'an



**Mala raawwii:**

- Sochiiwwan bu'uura sadan jechuunis tarkaanfachuu (adeemuu) balali'uu fi bololi'uu akka walitti firoomsan gochuu;
- Sochicha sochii qaamaan itti agarsiisuun barsiisaa/tuu waliin akka raawwatan gochuu;
- Bineeldotaafi geejjiba adeeman , balali'anii fi bololi'an akka walitti firoomsan gochuu; **Fakkeenya:** Simbiraa fi xayyaara, bineelda lukaan deemuu fi konkolaataa, qurxummiifi doonii /bidiruu walitti firoomsuun haala sochii isaaniirratti mariyachuu;
- Erga walitti firoomsanii fixanii booda maaliif akka walitti firoomsan gaafachuun mariisisuu;



**Madaalli:** akaakuuwwan sochii bu'uura sadan adda baasuun walitti firoomsuu danda'uu madaalaa.

**Gocha Lama:** Sochii bololi'uu



**Kaayyoo:** Haala sochii bololi'uu doonii fi qurxummii adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, meeshaa golboo, bishaan qabu fakkii qurxummii fi Doonii / bidiruu;



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa walakkaa kennuun akkaataa waraqaarraa bidiruun hojjatamu itti agarsiisuu;
- Boodas, bidiruun maalirra akka bololi'uu gaafachuun mariisisuu;
- Kutaa keessatti baaldii/wadaashii pilaastikaa bal'aa ta'e keessatti hanga walakkaatti bishaan itti naquu;
- Daa'imman bidiruu waraqaarraa hojjatan sana bishaanirra bololiisaa akka taphatan gochuu;
- Itti aansuun , bineeladni bishaan keessa jiraatuu fi haala kanaan bololi'u eenyudha jechuun gaafachuun mariisisuu;
- Sochii bidiruu/doonii fi qurxummii akka waldorgomsiisan gochuu;



**Madaallii:** sochii bololi'uu hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Sadii:** Sochii balali'uu hubachuu



**Kaayyoo:** Sochii balali'uu ni hubatu.



**Mala raawwii:**

- Faaruu, 'ani akka simbiroon balali'a' jedhu sochiin agarsiisaa akka faarfatan gochuudhaan akka xayyaaraatti harka isaanii saffisaa fi suuta sochoosaa akka taphatan gochuu;
- Tapha gommaa guddaan gommaa xiqqaan konkolaate jedhu sochii qaamaan taphachuu;
- Sadarkaa isaaniitti gaaffii addaddaa ggafachuun daa'imman naannoo isaanii hubannaan akka ilaalaniifi hubatan gochuu; **Fakkeenya:** allaattiiwwan eessa akka

jiraatan gaafachuun naannoo isaaniitti akka jireenya allaattiiwwanii akka ilaalan gohoo;

- Faaruu , “simbirattii” jedhu faarfachiisuu;



**Madaallii:** bineeldota Balali'an geejjiboota balali'an waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessaa.

**Gocha Afur:** Faayidaa konkolaataafi gommaa hubachuu



**Kaayyoo:** Faayidaa konkolaataafi gommaa nihubatu.



**Mala raawwii:**

- Daa'imman daqiiqaa muraasaaf mooraan alatti baasuun daandii konkolaataan darbu cinaa dhaabbachuun konkolaattota darban akka ilaalan gochuu;
- Goommaa akka konkolaataan deemu godhu hubatanii akka ilaalan gochuu;
- Itti aansuun, daa'imman gara kutaatti akka seenan gochuun maal akka argaaniifi konkolaattonni maaliin akka konkolaachuu akka danda'an, goommaa meeqa akka qaban gaafachuun mariisisuu;

**Yaadannoo:** Wayitaa daaimman mooraan alatti qabannee baanu of eeggannoo guddaaa gochuu qabna.



**Madaallii:** Faayidaa gommaa konkolaataa hubachuu danda'uu isaanii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Shan:** Boca goommaa waraqaarraa hojjachuu



**Kaayyoo:** Boca goommaa waraqaarraa nihojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa abbaa halluu, wantoota boca geengoo ittiin baasan kan hanga addaddaa qabu, waraqaa adii guddaa



**Mala raawwii:**

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun meeshaa boca geengoo baasu fayyadamuun waraqaa abbaa halluu irra kaa'uun cinaa geengoo keessaafi alaa hordofuun sararaa boca goommaa baasuu;
- Itti aansuun, sararaicha hordofuun uranii keessaa baasuun boca goommaa hojjatanii agarsiisuun maal akka ta'e gaafachuu;
- Daa'immaniif minjaala isaaniirratti meeshaa boca geengoo ittiin baasan kennuun akka hojjatan gochuu;
- Wayita isaan xumuran goommaa daa'imman hunda waraqaa adii guddarratti maxxansuun kutaa keessatti fannisuu;



**Madaallii:** Waraqaarraa boca goommaa hojjachuu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Jaha:** Baala baargamoorraa bililleettii hojjachuun taphaachuu



**Kaayyoo:** Baala baargamoorraa bililleettii hojjachuun nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** baala baargamoo



**Mala raawwii:**

- Baala baargamoo fayyadamuun bililleettii hojjachuun itti agarsiisuu;
- Daa'immaniifis baala baargamoo kennuun akka hojjatan gochuu;
- Wayita isaan hojjatanii xumuran kutaan alatti baasuun quba isaanii abbuudduufi agarsiistuutiin qabatani akkaa fiigan gochuu;
- Yommuu fiigan jijjiirama argan gaafachuun yommuu dhaabbatan maaliif akka hin naannofne gaafachuun kan inni naanna'e humna qilleensaan ta'uu hubachiisuu;



**Madaallii:** Baala baargamoorraa bililleettii hojjachuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Torba:** Kaardii mobaayiliirraa meeshaa taphaa hojjachuu



**Kaayyoo:** Kaardii mobaayiliirraa meeshaa taphaa hojjachuun ittiin nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** kaardii abbaa qarshii 5, 10,15,25,50, 100 itti fayyadamani gatanii jiru akkuma argametti



**Mala raawwii:**

- Kaardiiwwan mobaayilii tajaajile hinkennine bakka walqixa lamatti dachaasuu;
- Itti aansuunis, bakka harkaan qabatan xiqqoo bakka dacha'e hambisuun diriirsuu, achiis dacha'a isaa qabachuun naannessuun daa'immanitti agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif kaardii mobaayilii kennuun barsiisaa/tuu hordofuun akka dadachaasaniifi yommuu xumuranis minjaalarratti akka naannessaa tapahatan gochuu;



**Madaallii:** Kaardiiwwan mobaayilii tajaajilaan ala ta'anirraa bililleetti taphaa hojjachuu isaanii ilaaluun mirkaneessuu;

**Gocha Saddeet:** Wantoota maagineetiin harkifamaniifi hinharkifamne adda baasuu



**Kaayyoo:** Wantoota maagineetiin harkifamaniifi hinharkifamne adda nibaasu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** maagineetii, mismaarota xixiqqoo, biloonota, furtuu boorsaa



**Malaa raawwii:**

- Wantoota sibiila ta'aniifi sibiila hintaane akkasumas maagineetii dhiyeessuu;
- Itti aansuun, minjaala daa'immanirra maagneetichaafi meeshaalee biroo kanneen kaa'uun maagneeticha gara meeshaalee kanneenitti butuun akka ofitti harkisuufi kamtu akka hinharkifamne akka yaalii taasisan gochuu;
- Maagneetiin wantoota sibiila ta'an ofitti harkisuuf humna akka qabu sadarkaa isaaniitti akka hubatan gochuu;

**Yaadannoo:** Maagneetis ta'e wantoota biroo afaan isaanii keessa kaawwachuu akka hinqabaanne dursanii akeekkachiisuun barbaachisaadha



**Madaallii:** Wantoota maagneetiin harkifamaniifi hinharkifamne yaalii taasisuun adda baasuu isaanii mirkaneessaa.

**Gocha Sagal:** Geengoo oomachaa hojjachuun taphachuu



**Kaayyoo:** Geengoo oomachaa hojjachuun nitaphatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** man'ee kobbee qulqulluu ta'e, bilqaaxii laastikii qulqulluu ta'e, bishaaniifi dhangala'oo, saamunaa



**Mala raawwii**

- Man'ee kobbee qulqulluu ta'e baay'ina daa'immaniin qopheessuun meeshaa keessatti bishaaniin saamunaa bulbuluu;
- Barsiisaan/tuun dursee/itee man'ee kobbeetiin saamunaa bishaaniin bulbulame keessa cuubee baasuun suuta jechuun gara alaatti hafuufuun geengoo oomachaa baay'ee hojjachuun agarsiisuu;
- Itti aansuunis, tokkoo tokkoo daa'imaatiif man'ee kobbee raabsuun akkaataa barsiisaa/tuu irraa ilaalanin geengoo oomachaa hojjachuun akka taphatan gochuu;



**Madaallii:** Geengoo oomachaa hojjachuun ittiin taphachuu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Ga'umsa
6. Ogummaa fakkii fi boca garagaraa hojjachuu, dinqisiifachuufi of ibsuu	6.1 Fakkii fi bocaawwan hojjachuu ni danda'u.

**Gocha Tokko:** Fakkii ajajaman kaasuu



**Kaayyoo:** Fakkii ajajaman kaasuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaafi qubeessaa kennuu;
- Hunduu fakkii walfakkaatu akka kaasan mata duree kennuufii;
- Wayita xumuran fakkii jalatti maqaa isaanii barreessuu;
- fakkicha gidaara manaarratti maxxansuu;

**Yaadannoo:** daa'imman maqaa ofii barreessuu danda'anii fi barreessuuf fedhii qaban akka barreeffatan carraa kennuufiin barbaachisaadha.



**Madaallii:** haala mataduree kennameen fakkii kaasuu danda'uu isaanii ilaaluun madaalaa.

**Gocha Lama:** Yaada isaanii fakkiin ibsu



**Kaayyoo:** Yaada isaanii fakkiin ibsuu nishaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu



**Mala raawwii:**

- Daa'immaniif waraqaa, qubeessaa fi qubeessaa abbaa halluu kennuufii;
- Waan fedhan kaasuun halluu akka diban gochuu;
- Yommuu isaan xumuran maal akka kaasan gaafachuu;
- Fakkii jalatti maqaa fakkichaa barreessuu;
- Ba'anii fakkii kaasan hiriyoota isaaniitti akka agarsiisaniifi himan gochuu;
- Dandeettii yaada, miiraa fi fedhii fakkiidhaan calaqqisiisuu fi muuxannoo akka gabbifatan gargaaruu;



**Madaallii:** Fakkii isaan kaasan ilaaluufi ibsa isaan kennan dhaggeeffachuudhaan yaada fakkiin ibsuu danda'uu isaanii madaalaa.

**Gocha Sadii:** Fakkiiwwan dibuun halluu adda baasuu



**Kaayyoo:** Fakkii kaasan halluu dibuudhaan halluuwwan himamte sadan adda baasuu ni shaakalu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** daakuu halluu addaddaa dooqaa, keelloo, cuquliisa, burcuqqoo ifa dabarsan sadii fi bishaan, sooftii, guuboo, balfaa, saamunaa



**Mala raawwii:**

- Daa'imman bifa geengoo walakkaan akka taa'an gochuu;
- Daakuu halluuwwan bu'uuraa (diimaa, keelloo, cuquliisa, burcuqqoo ifa dabarsan baaldii fi koddaa bishaanii minjaala fuula isaanii dura jirurra kaa'uu;
- Daakuu halluu lamarraa fallaanaan qunxuruun burcuqqoo keessatti bishaan xiqqoo itti naquun fallaanaan walitti makuu;
- Halluuwwan akkamii walitti makuun halluun akkamii akka uumamu ilaaluun akka hubatan gochuu; **Fakkeenya:** diimaa fi keelloon yoo walitti makaman bifa burtukaanaa, cuquliisnii fi keelloon yoo walitti makaman bifa magariisaa, cuquliisniifi diimaan yoo walitti makaman bifa dhiilgee akka kennan akka hubatan gochuu;
- Quba halluu keessa cuubuudhaan waraqaarratti halluu kaasuun itti agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaafi halluu garagaraa minjaalarra kaa'uufii;
- Akkaataa ilaalaniin quba isaanii elemtuu halluu keessa cuubaa fakkii barbaadan akka kaasan carraa kennuufii;
- Wayita xumuranis sooftiidhaan quba isaanii qulqulleeffachuun soofticha guuboo balfaa keessa akka buusan gochuu;

**Yaadannoo:** dhumarrattis harka isaanii bishaanii fi saamunaan akka dhiqatan gochuun nibarbaachisa.



**Madaallii:** halluuwwan bu'uuraa sadaniifi halluuwwan uumamtee sadan beekuu isaanii gaaffii gaafachuun madaalaa.

**Gocha Afur:** Bobbooca hojjachuu



**Kaayyoo:** Bocaawwan garagaraa ni hojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqee



**Mala raawwii:**

- Waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqee daa'immaniif minjaala isaanirra kaa'uu;
- Bocaawwan garagaraa akka hojjatan gochuu;



**Madaallii:** Bocaawwan garagaraa hojjachuu danda'uu isaanii madaalaa.



**Gocha Shan:** Fakkiiwwan wantoota garagaraan walqabsiisuu



**Kaayyoo:** Fakkiiwwan wantoota addaddaan walqabsiisu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** fakkii bineeldotaa (allaattiiwwanii), koollaa, firiifi baala garagaraa....



**Mala raawwii:**

- Fakkii bineeldotaa (allaattiiwwanii) waraqaa guddaarratti kaafame minjaala daa'immaniirra kaa'uu;
- Keessa isaa koollaa itti dibuu;
- Firii mukaa fi baala garagaraa akka itti qabsiisan gochuu;
- Wayita xumuran maqaa daa'immanii jalatti barreessuun gidaararratti maxxansuu;



**Madaallii:** Wantoota addaddaa fakkiirratti maxxansuu danda'uu isaanii hordofaa.

**Gocha Jaha:** Waraqaadhaan boca hojjachuu



**Kaayyoo:** Waraqaa dadachaasuun bocawwan nihojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** waraqaalee



**Mala raawwii:**

- Daa'immaniif waraqaa halluu addaddaa qaban, barruulee..... qopheessuu;
- Waraqaalee kanneen dadachaasuun bocni addaddaa akkamitti akka hojjatamu itti agarsiisuu; **Fakkeenya:** jeettii, balaanballeetti
- Tokkoo tokkoo daa'immaaniif kennuun barsiisaa/tuu hordofuun akka hojjatan jajjabeessuu;

**Yaadannoo:** Bocaawwan hojjatan wayitii taphaa dareen alaatti akka taphatan jajjabeessuun barbaachisaadha.



**Madaallii:** Daa'imman hunduu waraqaa fayyadamuun bocawwan hojjachuuf yaaluu isaanii hordofaa.

**Gocha Torba:** Bobbocuun faaya hojjachuu



**Kaayyoo:** Bocawwan garagaraa fayyadamuun faaya nihojjatu.



**Meeshaalee deeggarsaa:** doosee furdaa, fo'aa (kirrii)



**Mala raawwii:**

- Kilaaserii furdaa boca addaddaatti mummuruu;
- Walakkaa isaa uruudhaan fo'aa(kirrii) waliin minjaala isaaniirra kaa'uu;
- Daa'immanis qaawwa keessa fo'aa(kirrii) baasuun ambaarii harkaafi faaya mormaa akka hojjatan gochuu;

**Yaadannoo:** Yoo isaan rakkise akkaataa itti hojjatan itti agarsiisuun daa'imman hundi akka hojjatan jajjabeessuun nibarbaachisa.



**Madaallii:** Daa'imman hundi waraqaa fayyadamuun bocaawwan garagaraa hojjachuu shaakaluu isaanii madaalaa.

**Gocha Saddeet:** Kaardii dhalootaa qopheessuu/hojjachuu



**Kaayyoo:** Kaardii dhalootaa nihojjatu.




**Meeshaalee deeggarsaa:** doosee furdaa, qubeessaa, qubeessaa abbaa halluu, koollaa, fakkiiwwan xixiqqaa



**Mala raawwii:**

- Dhuma ji'aarratti ijoollee ji'a sana keessatti dhalataniif guyyaa dhalootaa isaanii kabajuuf sagantaa qabachuu;
- Qophichaaf kaardiiwwan guyyaa dhalootaa ibsan haala armaan gadiin qopheessuu:
  - Doosee bakka lamatti dachaasuu;
  - Dooseerratti fakkii kaasuu yookiin wantoota addaddaarratti maxxansuu;
- Ofii isaanii akka hojjatan shaakalsiisuu;
- Kaardiiwwan qopheessan akka kennaatti akka kennan gochuu;

**Yaadannoo:** Guyyaa ayyaana maatiif, guyyaa haadholii, guyyaa abbootiif....  
Kaardiiwwan kennaa akka hojjatan gochuun nibarbaachisa.



**Madaallii:** Kaardii dhalootaa qopheessuu/hojjachuu danda'uu isaanii madaalaa.

**2.5.3. Unka daawwannaan ittiin gaggeeffamu**

Maqaa mana barnootaa \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Koornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiistuu/saa \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Daawwannaa waa'ee daa'ima sanaa ilaalchisee gaggeeffamuuf sadarkaa kennamu lakkoofsa sadarkaa qofa uunkaa, daawwannaa' jedhu jalatti galmeessaa.

**Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** uunki hordoffii kun jalqabaa, gidduu fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaa		
	Jalqaba Waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1. Naannoo dhiyoo sakatta'uufi beekuu</b>			
1.1. Namoota, wantoota namtolcheefi uumamaa naannoo manaafi mana barnootaa isaaniitti argaman adda baasuu nidanda'u.			
<b>2. Wantoota barbaachisoo naannootti argaman beekuufi dinqisiifachuu</b>			
2.1. Waa'ee bakkeewwan naannootti argamanii dubbachuu nidanda'u.			
2.2. Fedhii biyya jaallachuu nihoratu.			
<b>3. Akkaataa itti naannoo kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu</b>			
3.1. Qulqullina naannoo eeguu nidanda'u.			
<b>4. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda nibaasu; ofeeggannoos nitaasisu.</b>			
4.1. Wantoota balaafamoo naannootti argamanirraa ofiifi namoota biroo eeguu nidanda'u.			
<b>5. Yaadrimee sochii hubachuufi yaalii gochuu nidanda'u.</b>			
5.1. Tokkummaafi garaagarummaa akaakuuwwan geejjiba naannoo isaaniitii argamanii waldorgomsiisuu nidanda'u.			
<b>6. Ogummaa fakkiifi bocaawwan hojjachuutiin wantoota addaddaa uumuu, dinqisiifachuufi of ibsuu</b>			
6.1. Bocaawwan hojjachuu nidanda'u.			



---

## Faaruuwwan Addaddaa

### Haadeemnu Mana Barnootaa

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

A b nan baradha,

Lakkoofsa nan lakkaa'a,

C d nan beekkadha.

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

### Qaamolee Qaama Namaa

Mataa koo, gatiittiwwan koo,

Jilbawwan koofi qubawwan miilla koo,

Isaanidha kutaaleen qaama koo.


Mataa koo, gatiittiwwan koo,

Jilbawwan koofi qubawwan miilla koo,

Afaaniifi funyaan koo,

Ijawwaniifi gurrawwan koo,

Isaaniidha kutaaleen qaama koo. (3)



### Akaakuwwan Halluu

Halluu magariisa,

Laliftuu Fulbaanaa.

Keelloon maal fakkaataa,

Laalan burtukaanaa,

Halluu diimaan kan akkamiiti?

Fakkaataa seeqaa akka giimii?

Cuquliisa yommuu jennu,

Samii isa fakkaatu,

Halluu gurraacha jechuun

Isa akka cileeti akaakuun

**Harka Dhiqannaan Akkana**

Harka dhiqannaan akkanadha akkanadha,

Fuula dhiqannaan akkanadha akkanadha,

Dabbasaa filannaan akkanadha akkanadha.

**Maatii Koo**

Haadhaafi abbaa koo nan jaalladha

Obboleettiifi obboleessa koos nan jaalladha

Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!

Warri koo na nyaachisu

Warri koo natti uwwisu

Warri koo nabarsiisu

Warri koo nakunuunsuu!

Haadhaafi abbaa koo nan jaalladha

Obboleettiifi obboleessa koos nan jaalladha

Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!

**Simbirroo Bareedduu**

Simbirroo bareedduu kudhan nanqabaa

Tokko barrisnaan sagaltu hafaa

Simbirroo bareedduu sagal nanqabaa

Tokko barrisnaan saddeettu hafaa

Simbirroo bareedduu saddeet nanqabaa

Tokko barrisnaan torbatu hafaa

Sinbiroo bareedduu torba nanqabaa

Tokko barrisnaan ja'atu hafaa

Simbirroo bareedduu ja'a nanqabaa

Tokko barrisnaan shanitu hafaa



---

Simbirroo bareedduu shan nanqabaa  
Tokko barrisnaan afurtu hafaa  
Simbirroo bareedduu afur nanqabaa  
Tokko barrisnaan sadiitu hafaa  
Simbirroo bareedduu sadii nanqabaa  
Tokko barrisnaan lamatu hafaa  
Simbirroo bareedduu lama nanqabaa  
Tokko barrisnaan tokkittiit hafaa  
Simbirroo bareedduu tokko nanqabaa  
Ishennis barrisnaan homtuu na hinafuu 2x

### **Qulqullina Keenya Haa'eggannu**

Yeroo hunda ganama si'a kaanu  
Jalqaba mana fincaanii haadhaqnu 2x  
Fuula keenya harka keenya  
Saamunaadhaan nidhiqanna  
Ilkaan keenya niriganna  
Ciree keenya ninyaanna  
Harka keenya nidhiqanna  
Mana barumsaa nideemna  
Yeroo hunda kana niraawwanna  
Yeroo hunda kana niraawwanna  
Yeroo hunda ganama si'a kaanu  
Jalqaba mana fincaanii haadhaqnu 2x

### **Qubee Barachuu Nan Jaalladha**

Nuti daa'imman haabarannu 2x  
Qubeewwan beekuuf haaqorannu 2x  
'A'n godoo fakkaattii  
'B'n mudhii qabattii  
'C'n walakkaa geengooti



'D'n akkuma haamtuuti

Qubeewwan keenya nijaallanna 2x

Hanga dhumaattis nibaranna 2x

**Wallaalummaan haa badu**

A B C D

Wallaaluun haaga'u

E F G H

Hinbeekuun haa baduu

I J K L

Qubee keenya barannaa

M N O P

Wallaaloos gargaarraa

Q R S T

Faaruuudhaan hawwannee

U V W X

Hundumaa yaadannee

Y Z

Dukkana ibsannee 2x

**Saayinsii Saayinsii**

Saayinsiin qorichumaa

Na barsiise fayyummaa

Iribaa yeroon ka' uu

Gochuun kan naaf ta'uu

Hundaa mimmijeessee

Of qulqulleessee

Harkakoo dhiqadhee

---

Fuulakoo dhiqadhee

Ilkaankoo rigadhee

Cireekoo nyaadhee

Wayyaakoo uffadhee

Mana barumsaan deemaa

Saayinsii qorachuu abjuunan argaa

Isa jabeeffannaa dhibeerraa nu eegaa 2x

Barnootaan nan cimaa

Harkallee nidhiqannaa

Nyaata ittiin nyaannaa

Ija keenya dhiqannaa

Ifa ittiin arginaa

Ilkaan rigannaa

Kofallee miidhagnaa

Saayinsii qorachuu abjuunan argaa

Isa jabeeffannaa dhibeerraa nu eegaa 2x

**Simbirrattiin Ta'a**

1 2 3

Akkuma simbirroon barrisaa

Qilleensarran shubbisaa

4 5 6

Ol ol ka'ee gara oliirraa

Habbaaboo babbareedduurra

7 8 9 10

Akka billaachaa ta'ee


Samiirra ol ka'ee

Xiyyaaran fakkaadhaa


Qilleensarran kaadhaa

Ol gara olii oliirra

Abaaboo babbareedduurra



**Akaakuu Halluuwwanii**



Halluuwwan nijaallannaa

Gammachuu nuuf kennaa

Diimaafi magariisaa

keelloofi cuquliisaa

---

Adiifi gurraachaa  
Dhiilgeefi daalachaa  
Naannoo ittiin hubannaa  
Simannee gammannaa  
Halluu magariisaa  
Fakkaattuu lalisaa  
Haalluu cuquliisaa  
Biftikee nu harkisaa  
Halluu diimaa  
Fagootii namwaamaa  
Kanan hawwu isuma

### **Beelladootni faarsuu nidanda’u**

Beeladootni nifaarsuu  
Sagalee isaanii nibaasu  
Adurreen ninyaawwisti  
Meeyuu meeyuu jetti  
Yoo feetes nishubbifti  
Beeladootni nifaarsuu  
Sagalee isaanii nibaasu  
Sareen nidutti  
Wu! Wu! jettii  
Lafees niqorqitii 2x

### **Faaruu Naannoo Oromiyaa**

Oromiyaa, Oromiyaa, haadha seenaa guddaa  
Handhuura oromootaa, galma sirna gadaa  
Dachee heeraafi seeraa, haadha caffee odaa  
Badhaatuu, gabbattuu, magarsituu hundaa  
Xurii bara dhibbaa, dhiigaan sirraa dhiqnee  
Wareegama qaaliin, alaabaakee ol qabnee

Gammanee gammadii, bokkuu deebifannee  
Nagaafi dimokiraasii, tabaroo namummaa  
Misooma amansiisaa, guddina atattamaa  
Uummattoota wajjiniis, jaalalaafi tokkummaa  
Wabii jireenyaatiif, goonee kaayyoo cimaa  
Iree gamteeffannee, kaanee nu abdadhuu  
Oromiyaa lalisii, dagaagii jiraadhuu!

**Dibbeen Dim! Dim! Dim! Jedhe**



Muuziqaa barannaa  
Gammachuu argannaa  
Ittiin bashannannaa  
Tokkummaan faarfannaa  
Sammuu haaromsinaa  
Barnootaan cimsannaa  
Aadaa guddifannaa  
Muuziqaan gaariidhaa  
Barnootaaf meeshaadhaa  
Maasiinqoofi kiraaraa  
Dibbees rukunneerraa  
Aadaa keenyaa beeknaa  
Ittiin fayyadamnaa.  
Dibbee yoo rukunnuu  
Dim! Dim! Dim!

---

Xurumbaa guddaadhaan

Bam! Bam! Bam!

Kiraara yoo rukunnuu

Gim! Gim! Gim!

Ulullee afuufnee

Phu! Phu! Phuu!

Maaseenqoo taphannee

Ii! Ii! Ii!

### **Faaruu Guyyoota Torbanii**

1, 2, 3, 4, 5 haabarannuu bartootakoo

6, 7 guyyaan torba torban tokkoo

Wiixataa Kibxataa

Roobii Kamisa

Jimaata Sanbata

Dhumarratti Dilbata 2x

Kan boqonnu Sanbataa fi Dilbataa

Barnoota kan jalqabnuu Wiixata.

Mana barumsaakoo barumsaakoo

Sinjaalladha hinbarfadhu guyyaa tokko 2x

### **Waqtiilee**

Waqtiileen afurii

Maqaa isaanii bari

Birraan tarraan Bona

Arfaasaatti aanee Gannaa

Bona lafti gogee

Gannaan dacheen margee

Birraan namatti tolaa

Kolfaa bullee oolla

**2.1.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan**

Maqaa Mana Barnootaa BID -----

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Kornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa Barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

**Sadarkaalee:**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaa fi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Bu'aafi ga'umsa eegamu	Daawwannaa		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1. Miira of hubachuu, ofitti amanuufi of kabajuu qabaachuu			
1.1 Of ibsuu nidanda'u			
1.2. Dhiibba tokko malee nama hunda waliin walitti dhufeenya uumuu nidanda'u			
2. Kutaalee qaamaa adda baasuuf dalagaa isaanii himu			
2.1. Maqaa kutaalee qaamaa niwaamu			
2.2. Dalagaalee addaddaa kutaalee qaamaa raawwatan himuu nidanda'u			
3. Ija kunuunsuu			
1.1. Ija isaanii of eeggannoon qabachuun kunuunsuu nidanda'u			
2. Gurra kunuunsuu			
2.1. Gurra isaanii kunuunsuu nidanda'u			
5. Miira qaama ittiin fuunfatan, funyaan fayyadamuufi kunuunsuu			
5.1. Fuunnfachuun foolii wantoota garagaraa			

adda baasuu nidanda'u			
6. Miira qaamaa itti dhandhaman fayyadamuuf arraba kunuunsuu			
6.1. Dhandhama soorataa adda nibaasu			
6.2. Afaan isaanii ququllinaan qabachuufi kunuunsuu nidanda'u			
7. harkaan qaqqabuun wantootaafi haalota ibsuu			
7.1. amala ,ho'ina hangaafi boca wantootaa adda baasuu nidanda'u			
8. fayyaa ofii eegachuufi sirna fayyaa ofii itti eeggatan shaakaluu			
8.1. seera nyaataa nishaakalu			
9. Qaama seeraan qabaachuufi kunuunsuu			
9.1. Qaama isaanii eegachuufi kunuunsuun qabachuu			
10. Irree isaanii fayyaddamu			
10.1. Kutaalee qaama isaaniin sochii barbaachisu gochuu nidanda'u			
11. Dhiibbaa tokko malee kalaqa ibsuu			
11.1. Wantoota namtolcheefi uumamaa ta'an dinqisiifachuufi kunuunsu nidanda'u			



**2.2.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan**

Maqaa M/B BID \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ umrii \_\_\_\_\_ Kornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gadii keessaa sadarkaa daa'imni irra jiru kan ibsu lakkoofsa sadarkichaa qofa roga daawwannaa jedhu jalatti barreessi.

**Sadarkaaee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hub:** Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa / galma	Daawwannaa		
	Jalqaba waggaa	Waggaa walakkaa	Waggaa dhumaa
1. Namoota naannoon jiran ilaaluun beekuuf fedhii horachuuf adda baasuu			
1.1. Namoota naannoo manaafi naannoo M/b BID jiran hubannaan himuu nidanda'u.			
1.2. Itti gaafatamummaa namoonni naannoo manaafi M/b BIDtti qaban ilaaluun himuu nidanda'u.			
1.3. Hiriyoota waliin taphataniif amala fudhatama qabu agarsiisuu nidanda'u.			
2. Namoota eegumsaafi kunuunsa isaaniif godhan hubachuufi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu			
2.1. Gocha namoonni naannoo manattiifi M/b BID tti raawwatan himuu nidanda'u. (maatii, guddistuu, fira)			
2.2. Eegumsaa fi kunuunsa namoonni isaaniif godhan ibsuu nidanda'u.			

---

---

3. Namoota biroo kunuunsuufi waan qabnu qooduufii			
3.1.Miira namoota biroo hubachuun qooddachuu nidanda'u			

**2.3.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan**

Maqaa mana barnootaa idileen duraa \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Kornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiisaa/tuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Waa'ee daa'ima dawwatamee ilaalchisee sadarkaa daa'imni sun irra jiru agarsiisuuf lakkoofsa sadarkaa tokkoo qofa guca daawwannaa' jedhu jalatti barreessaa

**Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: - gucni hordoffii kun jalqaba waggaarratti walakkaa waggaa fi dhuma waggaarratti guutumuu qaba

Ga'umsa/Galma	Daawwannaa		
	Jalqaba	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1. Odeeffanoo seeraan dhaggeeffachuu fi haalotaaf deebii sirrii kennuu</b>			
1.1. Qajeelfamootaa fi ajajootaaf deebii kennuu ni danda'u			
1.2. Kallattii sagalee agarsiisu fi madda sagalee adda baasuu ni danda'u			
1.3. Waan dhagaa'an himuu ni danda'u			
<b>2. Sheekkoo dhageefatanii waan hubatan ibsuu fi irra deebi'anii himuu ni danda'u</b>			
2.1. Haalota garagaraa keessatti ofitti amanamummaan haasa'uu fi aflattoon walii galuu			
2.2. Mataa ofii naannoo ofii karaa sirrii ta'een ibsuu ni danda'u			
<b>3. Dubbisuun gammaduu, beekumsa argachuu fi hubachuu</b>			

3.1.Fakkiiwwanii fi boca qubeewwanii adda baasuu fi hubachuu ni danda'u			
4.qindeoomina sochii harkaa fi ijaa cimsachuun barreessuuf qophaa'uu			
4.1. dalagaalee garagaraa raawwachuuf harkaa fi ija isaanii fayyadamuun ni danda'u			

**2.4.5. Uunka daawwannaan ittiin gaggeeffamu**

Maqaa m/b \_\_\_\_\_

Maqaa daa'imaa \_\_\_\_\_ Umrii \_\_\_\_\_ Kornayaa \_\_\_\_\_

Maqaa barsiistuu/saa \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Daawwannaa waa'ee daa'imaa sanaa ilaalchisee gaggeeffamuuf sadarkaa kennamu lakkoofsa sadarkaa qofa uunkaa, daawwannaa' jedhu jalatti galmeessaa.

**Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** uunki hordoffii kan jalqabaa, gidduu fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaa		
	Jalqaba	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1. Amala wantootaaf meeshaalee sakatta'uu hubachuu fi adda baasuu</b>			
1.1.Wal fakeenyaa fi garaagarummaa boocawwanii fi wantoota adda addaa gidduu jiru baasuu ni danda'u			
<b>2.Wantoota bu'uura amala isaaniin waldorgomsiisuu</b>			
2.1.Walitti dhufeenya wantoota addaddaa gidduu jiru bifa duraa duuba isaa eegeen ilaaluu ni danda'u			
<b>3.Lakkoofsota beekuu, ibsuu, walitti dhufeenya hubachuu fi qoyyaaboota sasalphaa hojjachuu</b>			
3.1.Wantootaa fi lakkoofsota 1-10 lakka'uu ni danda'u			
<b>4.Haalota addaddaa keessatti meeshaalee fi ulaagaalee safartuu sirrii ta'anitti ni fayyadamu</b>			
4.1Addaddummaa bakkaa fi hanga gidduu jiru himuu ni			

**Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 4-5 Barsiisaniif**

danda'u			
4.2.Yaadrimee yeroo hubachuu fi ibsitoota isaanii fayyadamu			
4.3.Guyyoota torbanii, ji'oota, ayyaana (guyyoota addaa) himuu ni danda'u			
<b>5.Yaadrimee bakkaa hubachuu fi ibsitoota isaanii fayyadamuu</b>			
5.1. Namoota, meeshaalee fi naannoo ba'uura godhachuun bakkaa fi fageenya ibsuu ni danda'u			
6.Maallaqa beekuu, adda baasuu, ibsuu fi itti fayyadamuu			
6.1Akaakuuwwan maallaqaa fi fakkii isaanii adda baasuu ni danda'u			

2.5.3. Unka daawwannaan ittiin gaggeeffamu

Maqaa m/b \_\_\_\_\_

Maqaa daa'ima \_\_\_\_\_ Umurii \_\_\_\_\_ Korniyaa

Maqaa barsiisuu \_\_\_\_\_ Ji'a \_\_\_\_\_ bara \_\_\_\_\_

Daawwannaa waa'ee daa'ima sanaa ilaalchisee gaggeeffamuuf sadarkaa kennamu lakkoofsa sadarkaa qofa uunkaa, daawwannaa' jedhu jalatti galmeessaa.

**Sadarkaalee**

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

**Hubachiisa:** uunki hordoffii kun jalqabaa, gidduu fi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Ga'umsa/Galma	Daawwannaa		
	Jalqaba	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
<b>1.Naannoo dhiyoo sakatta'uufi beekuu</b>			
1.2.Namoota, wantoota namtolcheefi uumamaa naannoo manaafi mana barnootaa isaaniitti argaman adda baasuu			

nidanda'u.			
<b>2.Wantootaa barbaachisoo naannootti argaman beekuufi dinqisiifachuu</b>			
2.1 Waa'ee bakkeewwan naannootti argamanii dubbachuu nidanda'u.			
2.2.Fedhii biyya jaallachuu nihoratu			
<b>3.Akkaataa itti naannoo kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu</b>			
1.1.Qulqullina naannoo eeguu nidanda'u.			
<b>1. Wantoota balaafamoo naannootti argaman adda nibaasu; ofeeggannoos nitaasisu.</b>			
4.1.Wantoota balaafamoo naannootti argamanirraa ofiifi namoota biroo eeguu nidanda'u.			
<b>2. Yaadrimee sochii hubachuufi yaalii gochuu nidanda'u.</b>			
5.1.Tokkummaafi garaagarummaa akaakuwwan geejjibaa naannoo isaaniitii argamanii waldorgomsiiisuu nidanda'u.			
<b>3. Ogummaa fakkiifi boca hojjachuutiin wantoota addaddaa uumuu, dinqisiifachuufi of ibsuu</b>			
6.1. Bocawwan hojjachuu nidanda'u.			